

حول

تَشْكِيَا الْعَقْلِ الْمُسْلِمِ

عماد الدين خليل

# AKKAATAA BOCIINSA SAMMUU MUSLIMAA

**Qopheessaan:**

Imaaduddiin Khaliil

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# حول تشكيل العقل المسلم

عمادالدين خليل

**AKKAATAA BOCIINSA  
SAMMUU MUSLIMAA**

**Qopheessaan:**

**Imaaduddin Khaliil**

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al  
Fikiriitiif Seeraan Eggamaadha*

Finfinnee, Itiyooophiyaa 2018 G.C

**DF-E-TrBs-18/37**

*Maqaa Rabbii tola oolaa fi mararfataa  
ta'eetiin eegala*

*Galanni kan Rabbii waan hunda  
uumeeti. Nagayaa fi Rahmanni Rabbii  
xumura Nabiyyootaa fi ergamtootaa  
kan ta'an, Muhammadiin irratti haa  
jiraatu.*

Yaa Rabbi beekkumsa naa dabali jedhi.

*Maqaa Rabbii akkaan mararfataa fi tola oolaa ta'eetiin jalqaba*

أَقْرَأْ بِاسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ الْإِنسَانَ مِنْ عَلَقٍ ﴿٢﴾ أَقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْرَمُ ﴿٣﴾ الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ الْإِنسَانَ

مَا لَمْ يَعْلَمْ ﴿٥﴾ العلق: ١ - ٥

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. (Rabbii) ilma namaa dhiigaititaa ta'erraaisa uume. Dubbisi Rabbiin kee guddaadha. Inni (Rabbi) kan qalamaan (waa barreessuu) nama barsiise. Ilma namaa waan inni hin beekne isa barsiise] (al-Alaq: 1-5).*

الْحَمْدُ لِلَّهِ الرَّؤُوفِ الْكَرِيمِ الْمَنَّانِ الْجَبَّارِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُبْتَلِئِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ الْمُتَعَلِّمِ

الطَّلَاقِ الْبَيْعَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ الْمَنَافِقَاتِ ٧٨: النحل:

*[Rabbi haala isin waa takka hin beekneen garaa haadha keessanii keessaa isin baasee, akka isin (Isa) galateeffattaniif jecha dhageettii, argaa fi onnee isiniif uume] (Annahli: 78).*

## Baafata

Dursa.....	6
Dursa Maxxansa Jalqabaa.....	10
Seensa Abbaa Kitaaba Qopheessee.....	29
<b>Kutaa Tokkoffaa.....</b>	<b>34</b>
(1) Jijjiirama Guddaa.....	34
Isiin Amaanaadha.....	34
Ariifannaa ... Wal-dorgommii!!.....	36
Gara Hundee Bu'uuratti Deebi'uu.....	39
Bu'aawwan Hundee Jalqabaatti Deebi'uu Keessaa.....	40
(2) Jijjiirama Ilaalcha Amantii.....	43
Waa'ee Gadaa Wallaalaa (Jaahiliyyaa) Irraa Waan Muraasa...45	
(3) Jijjiirama Beekkumsaa.....	50
(4) Jijjiirama Adeemsaa.....	59
a) Sababummaa.....	60
b) Seerummaa Seenaa.....	62
Seerotaa fi Qur'aana.....	67
C) Adeemsa/Imaammata Qorannoo Miirawaa Ykn shaakallii..69	
<b>Kutaa Lammaffaa:.....</b>	<b>79</b>
Kallattiiwwan Mirkaneeffannaa Seenaa.....	79
Filannoo Qaroomaa.....	81
Dhiibbaa Araboonni Qarooma Awurooppaanotaa Irratti Qaban.....	87
Eega Filatanii Booda Bareechuu (Kalaqa Mataa ufii Itti Dabalu.....	89
Gumaachota Muslimoonni Saayinsiif Godhanirraa.....	94
Jijjiirama Ji'oogiraafii fi Babal'ina.....	102
<b>Kutaa Sadaffaa:.....</b>	<b>109</b>
Akkaataa Caaseffama Qaroomaa Akka Ilaalcha Islaamaatti...109	
Kaayyoon Ifa Galaa Ta'uu.....	127

Daangaawwan Filannoo fi Dirqamootaa.....	132
<b>Kutaa Afraffaa:.....</b>	<b>136</b>
Mallattoolee Bu'uura Hojii Qarooma Islaama Dhala Namaa..	136
<u>1)</u> Miira/Afuura Waa Hojjachuu fi Waan Haaraya Kalaquu.....	136
<u>2)</u> Waa Mancaasuu fi Balleessuu Irra Fagaachuu.....	141
<u>3)</u> Jidduu Wantoota Xundaatti Madaala Eeguu fi Tokkoomsuu.....	145
<u>4)</u> Uumama, Addunyaa fi Hawaa waliin Wal-simatuu...	155
<u>5)</u> Addummaa Walabummaa.....	157
<u>6)</u> Gumaachi Qaroomaa Kaayyoo Isa Dhumaatii Miti...	165
<b>Guduunfaa.....</b>	<b>171</b>
Gara Teknolojii Islaamaatti.....	171

## Dursa

Galanni kan Rabbiiti. Isatti maganfanna, Isatti gargaarsifanna, qajeellumas Isarra barbaanna. Badii lubbuu keennaa fi dalagaawwan badduu hojjannerraa Rabbitti maganfanna. Nagayaa fi tolli Rabbii jaalallee keennaa, gabricha Rabbii fi ergamaa Isaa filatamaa kan ta'e Muhammadiin, maatii isaanii fi hiriyoottan isaanii irratti haa jiraatu... Kanatti aansuun;

Balaawwan jalqabuma seenaa ummata kanaa irraa isaa mudatan keessaa tokko, balaa xiinxalaa kan taateewwan isaa walitti kuufamee sammuu Muslimaatti gaaga'ama guddaa uumee, hojii sammuu fashaleessee, sadarkaa dhiphinaa, dhama'iinsaa fi gaaga'ama xiinxalaa irraan gayee ture. Garuu Rabbitti amanuun, tokkichummaa Isaa dhugoomsuun, ilaalchi Islaamaa qulqulluu ta'e gaaga'ama kana keessaa sammuu namaa kana baasee ture.

Ilaalchi Islaamaa sirrii ta'e, utubaalee isaa kan gosa heddu ta'ee walitti hidhata qabutti kan amanu, toowhiida qulqulluu sammuu Muslimalaa kan dandeettii fi kennaa qabutti kan amanu, ariitii baay'ee dinqisiisaa ta'een wallaalumaa fi doofummaa keessaa gara ifnana beekkumsaa fi barraaqa toowhiidaa kan dubbisa lamaan addaan bayuu hin dandeennetti amanuutti baye. Dubbisni lameen kunis: dubbisa uumamaa fi argamaatti dhimmamuun iccitiwwan uumamni kun qabu qorataniis irra gayuu, hariiroo uumamni kunniin waliin qabu, bifaa fi bocoota isaa, amaloota isaan adda godhan, seerota isaa fi dandeettii Rabbiin qabu uumama sanniin irraa hubachuun gara mallattoolee tokkichummaa Rabbii mul'isaniitti gayuu, dhiibbaa

kamiyyuu irraa bifa bilisa ta'een Rabbitti amanuun, seerota dachii kanarratti bakka bu'uu fi uumama namaaf laaffisuu kanaaf masakamuun sammuu Rabbi namaa kennetti fayyadamuu.

Dubbisni inni lammataa immoo wahyii Rabbiin biraa bu'ee fi Qur'aana Rabbii kan tokkichummaa Rabbiititti nama geessu gadi bu'anii hubachuu fi xiinxaluun, dandeettii Rabbii kan uumamaa fi sosochii hawaa keessa jiru, argama isaa, hariiroo jarri waliin qabanii fi seerota isaan ittiin bulan xiinxaluu. Kuni hunduu hojii Rabbii waan hunda bareechee uumeeti. Dubbisni kunis amaanaa namatti kennamte tiksuu, bakka bu'ummaa dachii dhaaluu bayachuu, qarooma gaarii mirkanessuuf seera uumama Rabbiin uumetti seeraan fayyadamuu, ummata dhala namaatiif gaarii gaarii ta'e uumuu fi ummata jiddu galeessa taate argamsiisuudha.

Haala kanaan sosochiin ilma namaa kan dubbisa lamaan wal-maddii qabuun hubachuu kun kaayyoo Rabbiin uumama kana uumeefitti gayuuf nama gargaara.

Yoo dubbisni lamaan hojiin ala ta'an immoo, uumaan guutuun dhaba ta'uu ykn diigamuu, guyyaan dhumaa fi qiyaamaan gayuu jechuudha. Dubbisa lamaan keessa tokko hojiin ala ta'uun immoo mallattooleen diigama bu'ura jireenyaa mul'achuu, ulaagaalee argama namaa ykn jireenyaa keessaa inni tokko hanqachuudha.

Gadaan jalqabaa dubbisa lamaan wal-maddii qabee dubbisuun bifa sirrii ta'een hubatee jennaan, ummanni Muslimaa kan ummatoota addunyaa biraa irraa adda ta'an dubbisa wahyii fi dubbisa uumamaa kana wal-maddii qabanii



dubbisuun, dhaamsa wahyii jala deemanii ergaa isaa hubachuuf sammutti fayyadamaa turan. Sababa kanaaf jecha, miirri ilmi namaa ittiin waa hubatu hundi uumama hubachuu eegale, seerota sosochii uumama kanaa fi hariiroo jidduu isaanii jiranis beekaa dhufe. Kun immoo akka ummanni filatamaan, dursaa waan hundaa fi hoogganaa addunyaa ta’u mirkanaayu taasisee jira.

Bifa kanaan waggoota hedduuf hoogganaa addunyaa ta’uun itti fufaa turan. Garuu turtii yeroo dheeraa kana keessa qalbiin isaanii goggoydee ummatoota biraa kanneen irra gubbaa jireenya addunyaa kana malee homaa hin beeyne irraa duudhaa fi beekkumsa isaanii ergifachuun hubannoon isaan wahyii fi uumamaaf dur qaban sun jalaa daaqee, ilaalachi isaanii gaaga’amee, hubannoon isaanii duubatti hafee, imalli isaanii ka gara duubaatti deebi’iinsaa eegale.

Ummanni duudhaa fi beekkumsa isaa gadi dhiisee osoo lubbuun jiru du’e kun, dhimma dubbisa lamaan wal-maddii qabaniis dubbisuu kan seenaa isaa keessatti jalqabumaan eegale san irraa duubatti deebi’uu osoo baate, silaa kufiinsa amma irra gaye kanaaf hin saaxilamu ture. Garuu Rabbitu fide, Inni waan ufii fedhe dalaga.

Ummanni Muslimaa kan ummatoonni hundi irratti wal-geettee nyaattu kun, kan balaan hundi itti wal-waame kun, imala dammaqiinsaa eegaluuf, waan dhaloonni isaanii ka jalqabaa sun toleen dhumni isaaniis akka tolu yoo barbaadan yoomiyyuu caalaa ammatti dubbisa lamaan wal-madditti hubachuu isaan barbaachisa. Kana ta’uuf immoo sammuuun ummata kanaa deebi’ee bocamu malee, ilaalchi isaanii irra deebi’amee

ijaaramu malee, qindoominni duudhaalee isaa suphamu malee fiixa hin bayu. Sammuun ilaalcha dimshaashaatiin hin guutamne duraa duuba dhimmoota isa barbaachisanii eeggachuu hin danda’u. karoora fi sagantaa isaa sirreeffatee baafachuu hin danda’u, bu’aa gaarii ta’etti gayuuf qorannoo bu’a-qabeessa gaggeessuu hin danda’u.

Dhaabbanni xiinxala Islaama idila addunyaa barreessitoota Muslimaa kanneen waa’ee xiinxalaa barreessan hedduu irraa qorannoo isaa walitti qabuun ummataaf gumaachaa ture. Qorannoolee kanneen keessaa kitaabni Dr. Imaaduddiin Khaliil -gorsaan dhaabbatichaa- mata duree bociinsa Sammu Muslimaa jedhuun qopheesse kun isa tokko. Kitaabni kun maxxansi isaa ka jalqabaa bara 1403H/1983tti maxxanfamee ture. Saniin booda dhaabbatichi yoo abbaan kitaabaa kun kitaabicha irra deebi’ee ilaaluun waan sirreessuun malu ka sirreessu ta’e, irra deebi’ee Maxxansa lammafaa maxxansuuf waadaa galeefi ture. Innis irra deebi’ee sirreessee jira.

Rabbiin dhugaa dubbata. Isatu karaa sirrii irratti nama qajeelcha. Xumurri yaamicha keennaa galanni kan Rabbii addunyaa hunda uumeeti.

***Dr. Xaahaa Jaabir Al-Alwaanii***  
***Dhaabbata Idila Addunyaawaa Xiinxala Islaamummaa***  
***Verjiiniyaa, Ameerikaa***  
***Jimaada Dhumaa 1412H***  
***Muddee 1991***

## Dursa Maxxansa Jalqabaa

Galanni kan Rabbiiti. Isa galateeffanna, Isatti gargaarsifanna cubbuu lubbuu teennaa fi badiiwwan dalagaalee teennaa irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbi isa qajeelche kan isa jallisu hin jiru, kan Inni isa jallise immoo namni isa qajeelchu hin jiru. Rabbii tokkicha malee gabbaramaan dhugaa akka hin jirree fi Muhammad ergamaa fi gabricha Isaa ta'uu raga baya.

Kanatti aansuun: seensa kitaaba *Sheek Muhammad al-Gazaalii* kan '*rakkinoota karaa jireenya Islaamaa*' jedhu irratti wanti guddaan nuti cimsinee itti yaaddoynu; hubannaa duudhaale Islaamaa mirkaneessuu, ilaalcha isaanii irra deebinee ijaaruu, tarsiimoo duudhaa Islaamaa kan sammuu Muslimootaa irra deebi'ee bocu, kan anniisaa fi iddoo isaan malu kennuufitti nama yaamuu akka ta'e dubbannee turre. Kunis sadarkaan iddoo duwwatti waa bocuu kan sadarkaalee duubatti hafiinsa durii irraa dhaalle kan duulli duudhaalee kottee isaa nu keessatti gadi dhaabee hanga ammaatti hubaatii inni nurraan gaye dhandhamaa jirru sanitti dhuma godhuuf nu gargaara.

Kanaafuu yeroo hundaa wanti barbaadamu, rakkinoota gama duudhaaleetiin jiran kanarratti fulleffachuun sammuu Muslimaa deebisanii bocuu ykn Muslima gadaa kanaatiif sammuu ummata bal'aa qindeessuufi, ilaalcha gar-tokkee irraa qulqulleessuu, dadhabina rakkinootaa fi gufuulee isa mudatan kan alaa fi keessaa uf irraa qolachuu dadhabuu kanarraa baraaruudha. Kunis kan fiixa bayuun ilaalcha Islaamawaa kan waan hojjatan hunda Rabbirraa mindaa argachuuf qulqulleessanii dalaguu, beekkumsaa fi hubannoo waan hojjatan sanii qabaachuutiini. Yoo kana taanee argamne hiibboon gadaa

duubatti hafiinsaa fi kufiinsa qaroomaa keessa hiikuu dadhabne kun hiika argata. Madaalli dhugaa irraa dabe kan *Umar bin al-Kaxxaab* akkana jedhuun irraa maganfate: “Yaa Rabbi! ani tumiinsa nama jallataa fi dadhabina nama Si sodaatuu irraa sitti maganfadha” jedhe kunis madaalatti deebi’aa.

Kanaafuu hiibboo dabnana madaalaa kanaaf hiika barbaannee sadarkaa tumiinsa nama Rabbiin sodaatuu fi dadhabina nama jallataatti deebi’uu qabna. Kana ta’uuf immoo tarkaanfiiwwanii fi hojiilee nama duchisiisan kan miira namaa tuquu malee sammuu namaa gara waan sirrii ta’eetti hin qajeelchine, kan dhimmoota Islaamaatiif furmaata fiduu osoo hin taane, inumayyuu hawaasa Muslimootaa gara caalu duubatti deebisuu keessatti gumaacha qabu irraa fagaachuu qabna.

Tattaaffiin sammuu Muslimaa xurree sirrii qabsiisuu ykn irra deebi’anii bocuun dandeettii guduunfaa fi sakaallaa durii irraa hiikkachuu isaaf deebisuu kun dhimma cimaa fi rakkisaa gufuulee hedduuf nama saaxiluu danda’uudha. Akkasumas dubbii namatti dukkaneessee, ilaalcha sirrii nama jalaa haguugee, dandeettii dhugaa jiru ifatti arguu namaa dadhabsiisuu danda’aa. kunis dhuka rakkoo duudhaa jaarraalee hedduuf nu keessatti facaafamee hidda godhatee biqilee yeroo ammaa rakkooolee hedduuf nu saaxilaa jiruuti.

Kanaafuu rakkina kana adeemsa/tarsiimoo bilchinaa fi gahumsa qabuun furuu qabna. Dhimmicha kallattii hedduun ilaaluun gama hundaanuu furmaata itti barbaannee tooftaalee hundatti dhimma baanee, dagongoroota madaallii, dadhabina waan dhugaa ta’e arguu fi gufuulee nama mudatan irraa argamuu danda’an hundaaf obsa horannee cimuu qabna.

Kanuma waliinuu, haala duudhaa amma keessa jirruu kan waan nu fayyaduu fi nu hin fayyanne, waan keenna ta'ee fi waan keenna hin ta'in baadhatee nutti dhufee kanaan, duudhaa waan mara walitti nu harkaa laaqe kana keessatti dhimmi duudhaa sirreeffachuu kun dhimma ijoo fi dhuka dubbii ta'ee hafa.

Duudhaa keenna qululleessuun sirritti nu barbaachisa. Yeroo kamiyyuu caalaa ammatti, sadarkaa xiinxalaa fi duudhaatti dhaloota sammuu ogeessaa harkaa qabu, kan uf eeggannaa ogeessa gogaa baqaysuu qabuu fi kan mararfannaa haadhaa qabu nu barbaachisa. Kunis dhaloota waan hin barbaachifne uf keessaa baasu kan waa ijaaruuf immoo ijaarsa fashalaayaa dur ture san qorannoon deeggaramee diiguu horachuuf nu gargaara. Namoonni gariin waa diiguu tolchu waan ta'aniif waan gaarii waan dalagan itti fakkaata. Waa diiguun amalaa fi ariifannaa isaanii waliin waan deemuuf, dandeettii waa ijaaru hin qaban. Sababni isaas, waa ijaaruun bilchina, yeroo, dandeettii fi obsa gaafata. Waa diiguun immoo kana hundayyuu hin gaafatu. Kanaafuu dhimmi ijoon sammuu waa ijaaru dandeettu tan dandeettii qabdu xurree ijaarsaa irratti deeffattu argamsiisuudha.

Dhibeeleen dadhabinaa, fashaliinsaa, caccabinaa fi kukutta sammuu Muslimootaa huban kan akka isaan galma isaanii hin geenne gufuu itti ta'anii akka isaan dirqama isaanii hin bayanne daangessan kunniin, kitaaba tokkoon ykn jecha tokkoon ykn gorsa yeroo tokkootiin ykn qorannoo muraasaan furmaata ka argatu ta'uu dhabuu isaatti ni amanna. Iddoon rakkoon cimaan jiru duudhaa fi qilleensa isaa ykn addunyaa

xiinxalaa keessa. Duudhaan ykn qilleensi inni keessa faffaca'e kun sammuu Muslimaa irra deebi'ee bocuuf, guddisa gaarii irratti guddisuuf, dandeettii waa kennachuu fi kufiinsa irraa uf baraaruu akka horatu godhu keessatti bu'uurra guddaadha.

Kanaafuu wanti nuti irra deebinee jennu, furmaanni argamu furmaata gahaa fi itti fufiinsa qabu ta'uuf, akkuma dhukkuboota ciccimoo irraa fayyuun obsa barbaadu, yeroo fi tattaaffii goonu irratti obsa cimaa qabaachuun, adeemsa sirrii ta'e bocuun qabiyyee fi kallattiiwwan isaa gadi fageessinii tooftaalee fi kallattiiwwan hedduun hordoffii godhuun, jijjiiramni barbaadame akka argamu, sadarkaa (iddoo) dhabne akka deeffannuuf, lubbuu keennas akka hin sobne (akka hin gowwoomsine) fi ifanana barii ganamaa fakkaatee olola gara injifannootti cee'aa jirtu jedhu jalaa bayuu qabna.

Sammuu ilaalcha dimshaashawaa fi guutuu ta'een hin argamne, rakkinoota addunyaa Muslimoota ammaa mudataa jiran irratti hubannaa gahaa waan hin qabneef, hojii sagantaa bareeda rakkinoota kana keessaa nama baasan hojjachuu hin danda'u. Sammuun akkasii sun, dandeettii dhimmoota addaan qoqqoodanii hubachuun rakkinoota hundaaf mallattoolee fi sadarkaa isaan haqa godhatan, akkasumas anniisaa isaan barbaadan tarreessuu hin qabu. Akkasumas faalkaalee rakkinoota san irraa argamanii fi sababoota rakkinoota kana argamsiisan addaan baasuu hin danda'u.

Kanaafuu taateewwan rakkinoonni wayii qaqqabsiisan furuuf tattaafachuun humna guddaa gaafata waan ta'eef, sababoota rakkoolee san argamsiisan irratti fuulleffachuun isaan furutu dursa. Hagam takkaa rakkooleen dameewwan ta'an gariin

rakkoolee ijoo (walii galaatiif) mallattoo ta'uu danda'u ka jedhu beekuu qabna. Kallattiiwwan rakkoolee ijoo daangessuu yoo dandeenne, rakkooleen dameewwan ta'an kunniin yeroo muraasa booda addunyaa Muslimootaa keessaa akka bayan godhuu dandeenna. Kana goone jechuun immoo furmaata bareeda argamsiifne jechuudha.

Yaamichi nuti amma sammuum Muslimootaa irra deebi'amee bocamuu ykn qindaayuu qaba jennu kun, yaamicha wal-makaa kallattiiwwan ijoo ta'an lama qabuudha. Isaanis:

- 1) **Ilaalcha sirreessuu:** kunis sararootaa fi xurreewwan ilaalchi Islaamaa sirrii ta'an irra imalan, karaa sirrii, madaalawaa, guutuu fi kan gariin isaa isa kaan faallessu osoo hin taane, kan wal-utubee wal-sirreessee waliin deemu ta'uu qaba. Ilaalchi kunis ilaalcha sammuu namaa duudhaalee Islaamaa dubbisuu irratti qaruuf dandeettii qabu, kan taateewwan hawaasa keessatti argaman ilaalcha Islaamawaa ta'een ilaalu, jireenya, ilma namaa fi uumamaaf ilaalcha dimshaashawaa ta'e kan qabuu fi ilaalchota ololaa kan ergaa Islaamaa faallessaniif soorata akka hin taane, akkasumas madaala ufii eeggachuu fi dhugaa ifatti baasuu irratti kan dandeettii hin qabne ta'uu hin qabu.
- 2) **Sammuu Qulqulleessuu-** sammuu ilaalcha gar-tokkee irratti fuulleffachuu irraa qulqulleessuu. Gar-tokkee waan tokkoo qofarratti xiyyeeffachuun sammuu dadhabsiisa, dhimmoota gar-tokkee saniif hamma isaaniif barbaachisuu olitti xiyyeeffannaa kennuufitti geessa. Kun immoo dandeettii waa kalaquu dadhabsiisa, dandeettii waa kennuu kuffisa, nama akkeeffachutti geessa, tattaaffiiwwan

namoonni biraa godhanirraa fayyadamuu dhabsiisa. Kunis hambaalee dur turan irraa fayyadamuu ykn Qur'aanaa fi Hadiisa ergamaa Rabbii bifa dhimmoota yeroo ammaa namaa furuu danda'uun hubachuu dhabuu uf keessatti qabata.

Nuti namoota ilaalcha gar-tokkee qofa qaban kanniin yeroo morminu, gadaa saayinsiin hundi dhimmoota gar-gar qoqqoodee, gosoota beekkumsaa hundaaf muummee adda addaan godhef kana keessatti, gadaa sammun namaa dhimmoota bifa dimshaasha ta'een hubachuu dadhabde kana keessatti beekkumsa saayinsii kana irra gubbaa qofa godhaa jedhaanii hin jirru.

Nama hundaafuu kan ifa ta'uu qabu, wanti nuti jedhaa jirru waa'ee hundee beekkumsaati. Beekkumsi saayinsii/ akkaadamii immoo hundee beekkumsa walii galaa keessaa kutaa gabaabaa malee yoomiyyuu hunda hin qixxisu.

Kanaafuu beekkumsa walii galaa, ilaalcha dimshaashawaa, sammuu duraa fi duuba wantootaa tartiibessu fi kan madaala wantootaa eeguu danda'u qabaachuun dirqama. Sammuun kunis beekkumsa saayinsii kan muummewwaniin gar gar qoqqoodame maddittis sammuu ilaalcha bal'aa qabu qabaachuu qabna. Beekkumsi waan tokko, duudhaan beekkumsa kana hojitti jijjiiree irraa fayyadamuuf nama gargaaru kunis waan addaati. Kanarratti fakkeenya kana isinii kennuu dandeenna:

Lammiiwwan Yahuudotaa kan boombii dhooyu addunyaaf gumaachuu danda'niin waan muummee saayinsii keessaa isa tokko barataniifi. Garuu beekkumsa saayinsii san moggattis beekkumsa Toowraatii fi ilaalcha amantii kan akka



dachii isaaniif waadaa galamteetti deebi'an isaan barsiisu waan qabaniifi. Beekkumsa cinatti qaban kanas hojiin argisiisuun, biyyoota addunyaa kanneen sagantaa isaanii deeggaran sanniin yeroo waraana addunyaatti haga isaan Yahuudonni mirga biyya Falsxiin keessa qubachuu qabu jedhanii deeggaranitti iccitii kalaqa isaanii himuufi didan. Homa isaan yaadantu ta'eef. Haala kanaan ummanni Yahuudaa kunniin tajaajila humni waraana beekkumsa hin qabnee ykn beektonni ija qaroo dhugaa argitu hin qabne gumaachuu dadhaban ilmaan amantii isaaniitiif gumaachanii jiru.

Muslimoonni yeroo ammaa kuufamni beekkumsa isaan qabanii kufiinsa qaroomaa fi duubatti hafiinsaa fi dadhabina sammuutiif sababa ta'e eessa jiran? Muslimoonni gariin gara Islaamummaatti nama yaamuun beekkumsa saayinsii qabaachuun wal-faallessa jechuun barumsa Yunivarsitii kan gara waggoota xumuraatti dhiyeessan hunda dhiisanii keessaa bayuun amantii Islaamaatti nama yaamna kan jedhantu jiru. Akka waan wallaalli fi beekkumsa bilchaataa qabaachuu dhabuun yaamicha amantitti nama yaamuu fiixaan baasa jedhanii fakkaata.

Kuni haala baay'ee nama gaddisiisu, nama naanisuu fi nama laalessuu mitii?

Rabbiin samii gubbaa waan hunda gadi ilaalaa bifa walii galaatiin argu, wantoota walitti surphuu, hammaa fi kallattiiwwan fuulleffannaa isaanii daangessuu, dhimmoota duraaf duuba isaaniitiin kaayuu fi dhibeewwanii fi kaayyolee addaan baasuu irratti dandeettii gahaa qaba.

Sammuun Muslimootaa fi dandeettiin isaanii guddaan kan amantiin Islaamaa irratti guddise sun garam kute? Sammuun sababoota waan hunda duubaan jiran gamaaggamuu danda’u sun eessa deeme? Sammuun haallan ummatootaa fi hawaasni adda addaa keessa turan hubatu, kan akkaataa waliin jireenya hawaasotaa beeku, kan xurreewwan ijaaramaa fi kufaatii qaroominaa beeku, kan tooftaalee fi galma itti gayamu addaan baasee beeku sun eessa jira?

الظُّلْمَ الْبَغْتَيْنِ الْفَسَقِينَ الرَّجْمِ الْحَشْرِ: ٢

[*Yaa warra ija qaroo waa argitu qabdan! Gadi bu’aa xiinxalaa*] (*al-Hashr: 2*). Sammuun hiika keeyyata kanaa hubatu, kan barnoota seenaa dhuunfaa fi walii galaa irraa waa barate eessa jira.

يَأْتِيهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا خُدُوا حِذْرَكُمْ فَانْفِرُوا ثُبَاتٍ أَوْ اَنْفِرُوا جَمِيعًا ﴿٧١﴾ النساء: ٧١

[*Yaa warra amantan! Uf eegannoo godhaa. Yeroo diina qunnamuuf baatan, garee gareen ykn guutumatti bakka tokkotti gamtoomuun waliin duulaa*] (*Annisaa: 71*). Sammuun keeyyata kana hubatuu danda’u eessa jira.

Kortoowwan rakkinaa yeroo gara yerootti irra deddeebi’anii ilaaluun, rakkinoota kanniin addaan qoqooduun, tattaaffii taasifame tiksuu fi yeroo fi carraa argame saamachuuf jecha rakkinoota kana duraaf duuba isaanii qabsiisuun, dhimmootaa fi mijaa’iinsa qaban walitti laaquu dhabuun, mijaa’iinsaa fi hawwii qaban walitti makuu dhiisuun, qabatama namni Muslimaa tokko keessa jiraachuu danda’u irratti ilaalcha ufii irra deebi’anii xiinxaluun, tooftaalee da’awaan ittiin godhamuu fi akkaataa yeroo waliin deemuun guddisaa dhufuun,

muummeewwan saayinsii kanneen barachuun da'awaa fi aqiidaa ittiin tajaajiluu fi taateewwan haaraya hawaasa ammayyaa jiddutti dhageettii argatan ittiin hubachuuf itti fayyadamuu, walitti dhufeenya hawaasummaa qorachurratti dandeettii qabaachuu, beekkumsa saayinsii gahaa qabaachuun ummata kana amantii irratti jabeessuu beekuun dirqama namni kamiyyuu irraa hin duroomne ta'ee jira.

Sammuu waa saganteessuu, karoora baasuu fi sababoota qu'atee bu'aa qoraannoo irra gayee, bakkee dogongoraa fi dadhabina itti qabu addaan baafatu, kan yeroo heddu irra deddeebi'ee waa yaalu qabaachuu qabna. Duula yeroo hedduuf goonu keessatti yeroo heddu dogongoruu dandeenna. Yeroma takkatti waan barbaanne argachuu dhabuu dandeenna. Garuu yoo xinnaate, keessi keenna tasgabii argata. Nutis waan silaa godhuu qabnu goonee jirra, imala gara amantii Islaamaatti deebi'uu jalqabnee jirra jennee tasgabii arganna.

Sammuu Muslimaa hojiin ala godhuu fi akka inni bu'aan qu'annoo dhimma wayii irratti argame sirrii ta'uu fi dhiisuu danda'u addaan baafachuu dhabuu fi bu'aan qorannoorraa argame sun hagam takka dursa dhimma sanii waliin akka deemu beekuu dhabuun ilaalcha dogongoraa yaada Islaamaa faallessuudha. Kun immoo akka sammuu haga rakkina san keessaa bayee kallattiiwwan rakkoolee sanii bifa sirrii fi gadi bu'iinsa qabuun hubatutti akka bakkee hin sochoone isa godha.

Dhimmi bu'aawwan argama dursoota isa dura jiran irraa dhufa jedhu Rabbii ol'aanaa ta'eef handhuuraadha jedhu sirriidha. Osoo akkas ta'uu baatee silaa bifti/mallattoon gooftaa ta'uu Rabbiituu ni dhabamti. Ammas ilaalchi Rabbiin seera

sababootaa uume ittiin murtaa'uu hin qabu jedhus sirriidha. Sababa kanaafi wanti raajiiwwan (mu'ujizaan) gariin seera 'sababni waan uumame sanitti geese jiraachuu qaba' jedhu wanti faallesseef. Dursi tokkos osoo hin argamin bu'aan argamuu wanti danda'eefis kanumaafi.

Garuu gama biraatiin Rabbiin seera kanaan dhala namaa akka bulchuu fi akka isarratti isaan hirreegutti amanuun dirqama. Yoo akkas hin ta'in jireenyi namaa dhaabatee, hojiin ilmi namaa dachii kanarratti qabu kan sababa wayitti nama geessu argamsiisuu, waan hojjatan bareechuu fi sababoota argaman bifa bareeda ta'een itti fayyadamuun akka bu'atti isa dhaqqabsiisu tattaaffii godhuu sun silaa hojiin ala ta'ee wanti bu'aa hin qabne dachii guuta.

Rabbiin seerotaa fi heera ufii lafa kaayeen uf hin bulchu. Garuu dhala namaa ittiin hirreeguuf seerota sanniin baase. Kanaafuu hundeen dhimmaa dhimma Rabbi dirqama namarratti godheen wal-qabata. Yoo ilmi namaa seerota akka inni ittiin buluuf Rabbi isaaf lafa kaayeeff kanarraa gara seerota biraa kan namaan bocamaniitti kan maqu taate, kun dhimma gaaffii keessa seenu.

Bu'aan waan wayii irraa argamu dursoota bu'aa san dura dhufaniin wal-qabata ykn argama wanta tokkootiif sababa kan ta'u sababoota saniin hidhata qaba yaada jedhu marii godhuu dhabuun, dhaadannoo 'bu'aawwan uf duratti argaman hubachuun nurratti dirqamaa miti' jedhu dhageessisuun salphamatti harka kennachuun, tarkaanfiiwwan waan sirrii ta'ee beekuu fi kan sirrii hin ta'in sirreessuu akka hin fudhanne nu taasisa. Waan tokkoon sirrii jechuu fi kan sirrii hin ta'in

sirreessuun immoo rakkoolee bu'aawwanii fi hubannoowwan akka duubatti hafaniif sababaa ta'an addaan baafnee beekuun wal-qabata.

أَوْلَمَّا أَصَبْتُمْ مَوْصِيْبَةً قَدْ أَصَبْتُمْ مِثْلَهَا قُلْتُمْ أِنَّا هَذَا قَلْ هُوَ مِنْ عِنْدِ أَنْفُسِكُمْ إِنَّ اللَّهَ عَلَى كُلِّ

شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٦٥﴾ آل عمران: ١٦٥

*[Balaan kanaan dura isin qunnameen wal-fakkaatu isin qaqqabee jennaan, balaan kun (osoo nuti Rabbitti amanee jirru) maaliif nu tuqa jettanii. Isinuma biraa isinitti dhufe jedhiin (yaa Muhammad!).*

Ergamaan Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu*) Rabbitti amanuu fi gadi dhaabatiinsa yeroo ibsan akkana jedhan: “Yoo balaan wayii si qunname, osoo akkana akkas godhee hin jedhin. Garuu Rabbitu dur galmeesse, (Inni) waan ufii fedhe dalaga jedhi”<sup>1</sup>. Kanaafuu Iimaana (Rabbitti amanuu) jechuun harka kennachuu jechuu miti. Sammu hojiin ala godhuu dhabamsiisuu fi balaan nama qunname akka dhalootatti hin dabrine daangessa. Iimaanni bu'aa barbaadametti gayuuf sababoota barbaachisan argamsiisuu kan faallessu osoo hin taane, humna namaaf kuusa, dadhabinaa fi kufiinsa hambisa. Akkasumas taa'anii waan dabreef qofa booyuu hambisa.

Waan dalagame tokkorraa bu'aan argamuun ykn argamuu dhiisuun dhimma sababa dhiyeessuu waliin deemu malee kan isa faallessuu miti. Sababaan isaas, sababni bu'aa argamu wayiitti nama geessu waan Rabbi dur dabarsee fi sunnaa isaa kan haala jirenyaati.

---

<sup>1</sup> - Muslimtu odeesse.

Sammuu nama Muslimaa bifa sirrii ta'een irra deebi'anii qaruun kanaaf barbaachise. Bu'uurri sammuun namaa irratti qaramuu qabus hubannaa *Umar bin al\_kaxxaab* waliin ka deemu ta'uu qaba. Yeroo Umar Re'oota isaatiif marga gahaa argamsiisuuf jecha iddoo marga gahaa hin qabnerraa gara lafa marga qabuutti baqate, murtii Rabbii jalaa akkamitti dheessita jennaa? Murtii Rabbii irraa gara murtii Rabbiititti dheesse jedheen.

Ilaalchi biraa immoo ilaalcha wanti nurraa eeggamu sababa barbaachisu argamsiisuudha malee bu'aan argamu hagam takka sababaa waliin hidhata qaba ka jedhu qorachuun nurraa hin eeggamu ka jedhuudha. Kun immoo ilaalcha dogongoraa kan sammuu Muslimaa faaluu fi sunnaa Rabbiin itti nu ajaje kan jireenyaa san waliin dhimma wal-faallessuudha.

Dhimmi rakkisaan akkanaa kun jireenya Muslimootaa keessa seenuun harka kennannaa gama shari'aa fi sammuutiinis fudhatama hin qabnetti geesse. Sammuun Muslimoota ammaa jechama kana kan gadaa duubatti hafiinsaa irraa dhufe kanatti amanuun babal'ataa dhufee jira. kunis, dhimma wayii keessatti yoo fashaliinsi argame itti gaafatamummaa jalaa nu baasa, sababa fashaliinsa sanitti geesse irra deebinee ilaaluu irraa nu baraara jechutti amanu. Akka hubannoo isaaniitti dhimmichi dandeettii Rabbiiti malee dandeettii isaaniitii oli jedhu.

Gama biraatiin immoo, namoonni akkanaa kunniin miira itti gaafatamummaa jalaa uf baasuun, dogongoroota argameef komii namoota biraa irratti gatutu argama. Garuu yeroo kana dalagu dogongora biraa kan baay'ee guddaa ta'e keessatti kufuu

hin hubanne. Innis rakkoo argame san furuuf gahumsa hin qabu jedhee ufitti murteessuudha.

Gaafa lola *Uhud* osoo irra caalaan namaa - ergamaan Rabbii-(*nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu*) hoogganaa waraana sanii ta’anii jiran Muslimoonni injifatamanii turan. Yeroo sanirraa eegalee turtii jaarraa kudha shaniitiin boodas sababoota injifatamiinsaa san hanga har’aatti qara’aa jirra. Wanti taateen sun galmaayee hanga har’aatti Qur’aana keessatti dubbifamuuf akka namoonni gorsa irraa fudhataniifi rakkoo isaan saaxilaman saniif hin saaxilamneefi moo Muslimoonni gadaa ammaa muraasni sadarkaa sanii olitti jiran jechuufi!!?

Ergamaan Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatuu*) akkana jedhan: “Lukni gabrootaa guyyaa qiyaamaa hanga waa afur irraa gaafatamtutti hin sochootu: umrii isaa maalitti akka fixe, beekkumsa qabutti maal akka dalage, qabeenya isaa eessaa akka fuudhee fi maalitti akka fixee fi qaama isaa maalitti akka balleesse”<sup>2</sup>.

Anniisaawwan Rabbiin nuuf kenne bifa sirrii ta’een itti fayyadamuun, dandeettiiwwan Hadiisa armaan olii kana keessatti akka fakkeenyaatti dubbataman bifa maluun itti tajaajilamuu fi itti gaafatamummaan namatti dhagayamuu dirqama.

Dhimmi duraa duuba wantootaa hubachuu, haala qabatama yeroo sirritti beekuu fi mijaa’iinsa qaban addaan baasani beekuun wantoota baay’ee barbaachisaniidha. Kunis qajeelluma amantiin Islaamaa itti nama yaamu wajjiin deema.

---

<sup>2</sup> - Tirmizitu odeesse.

Qajeelluma amantii kanaa keessatti waan dirqama ta'e, waan sunnaa ta'e (kan yoo dalagan itti mindeeffaman yoo dhiisan immoo itti hin adabamne), waan jaalatamu, waan hayyamamee fi waan karaa godhametu jira. kunis geengoo waan dalaguun itti ajajamee keessatti. Faallaan isaa immoo waan amantiin irraa nama dhoorgeedha. Kunis sadarkaalee heddu qaba. Rabbiin nama tokkorraa dalagaa sunnaa ta'e irraa hin fuudhu haala inni dalagaa dirqama isarratti godhame hin raawwatiniin.

Jireenya Muslimoota hedduu keessaa karoorri kun dhabamee jira. Namoonni gariin dhimmoota ijoo dhiisanii dhimmoota damee ta'an kanneen sadarkaa sunnaa ykn waan dalaguun jaalatamuu irratti yeroo isaanii fixu. Tariitii wantoota kanarraa ittisuuf jecha osoo duulan haraama keessatti kufuu danda'u. Akkasumas osoo wanta sunnaa kana duuka demu, waan dirqama ta'e tokko ykn haqa Muslimaa tokko miidhuu danda'u.

Dhimmoota dameewwan ta'anitti baay'ee dhimmamuu fi kortoo dirqamoota shari'aa keessaa iddoo isiitiin ala kaayuun rakkoo fi hanqina sammuu mul'isuu irratti ragaadha. Akkasumas duubatti hafiinsi ummataa itti fufaa jiraachuu agarsiisa. Kun immoo duula xiinxalaa ykn ilaalchaa kan fuulleffannaan isaa guddaan dhimma ijoo irraa gara dhimmoota xixnnoo ta'aniitti fuula nu deebisuun ufii isaatiif waan fedhe hojjachuu ta'eef haala mijeessuudha.

Eenyummaa nama Muslimaa duraaf duuba isaa qabsiisuun, bifa Qur'aanaa fi sunnaa waliin deemuun isa qaruun akka dhaloonni adda ta'e kan waa gumaachuuf gahumsa qabu argamuuf tattaaffii taasisuun, ilaalchaa fi naamusa namaatti



daangaalee ciccimoo daangessuun dhimmoota ijoo murtiiwwan hedduun irratti fuulleffataniidha. Kana fiixa baasuuf gama gabbara Rabbii fi Is atole jechuutiin lubbuu ufii leenjisuun shoora guddaa taphata. Wanti hawaasni Muslimaa hundi toltutti wal-ajajee badii irraa wal-seeruun dirqama ta'eef, eenyummaa nama Muslimaa kana tiksuu fi, itti fufiinsa isaatiifis wabii ta'uuf dirqama waan ta'eefi.

Yeroon salaanni shanan itti salaatamu, hammi qabeenyarraa zakaan keessaa baafamu, yeroon Hajjiin itti raawwatamu, murtiiwwan raawwii fi murtii kennuu fi turtiin yeroo kan wanti tokko itti gayuu fi taruu argisiisan hunduu raggaa eenyummaa namaa qindeessuuti. Kunis wantoota hunda seera qabsiiuun hagam akka barbaachisu, wanta raawwatamu hundaa yeroo isaa keessatti raawwachuun hagam akka filatamu, hojiiwwan qaroomaa keessaa yeroon hagam akka barbaachisaa ta'e kan argisiisuudha. Dhufiinsa amantiin Islaamaatiin dura, daangeffamni yeroo fi naamusaa kunniin waan hin turiniif, daangaa fi daangeffama tokko malee jiraataa turame.

Gama Qur'aanaa fi Hadiisaatiin, amantiin Islaamaa jireenyaaf ilaalcha haaraya lafa kaayee ture. Ilaalchi haarofni kunis ilaalcha keessa namaatii eegalu, sammuu namaa, qalbii, lubbuu isaa keessatti, qaamaa fi fedhii namaa keessatti kan jalqabu yoo ta'u, dhumni isaa immoo keessa namaa san irraa gara alaatti bayuuni. Kunis nama ykn dhaloota haaraya sadarkaa ol'aanaa haqa godhatu, kan addunyaa moggaa isaa jirtu keessatti jijjiirama barbaachisu fiduuf gahumsa qabu, kan uumama Rabbii xiinxallee akkaataa sirna sosochii uumaa (hawaa) kana hubatee

ilma namaa gara kallattii seera Rabbii waliin deemutti deebisu uumuudha.

Barbaachisummaan kitaaba kanaa (kitaaba akkaataa bociinsa sammuu Muslimaa) jedhu kan Dr. Imaadu Addiin Kaliil qopheessee nuti amma seensa barreessaafi jirru kunis ergaa cimaa kana waan uf keessatti qabatuufi.

Dhumni filannoo nama maraatuu hojii bareechee hojjachuu danda’u ta’a. Rabbiinis kanumaaf isa qopheesse. Ergamaan Rabbii akkana jedhan: “Namni hunduu waan uumameeftu isaaf laafa”. Hojiiwwan nama isii fiixa baasuuf gahumsa qabu filatti yoo jenne, jechi kun obboleessa keena Dr. Imaadu Addin irratti dhugaa ta’a. Kitaaboleen isaa hedduun waa’ee bociinsa sammuu Muslimaa waliin hidhata qabu. Waa’ee kanaa irratti dalaguuf, muummee inni barate waliinis ni deema waan ta’eef, dhugumatti gahumsa addaa qaba. Gahumsi inni uumamaan qabuu fi muummeen inni barate dhugumatti waan wal-simatan fakkaatu.

Barreeffama seenaa barreessuu keessatti, imaammata Islaamaa hojiin argisiisuu irratti muxannoo guddaa namaaf kennee jiraa. Imaammata eenyummaa fi dhuka waan irratti fuulleffatee san wal-madaalsisu, imaammata seenaa dabre jiraachisu, imaammata wantootaaf, sosochiilee fi uumaaf ilaalcha walii galaa irratti xiyyeeffatu, imaammata dachii fi samiin walitti dhufuun hagam takka waan guddaa akka ta’e ibsu namaaf dhiyeessuu keessatti shoora guddaa taphate. Ammas imaammata warra Bahaa kanneen seenaalee heddu barreessuun beekamanis hedduu qeeqee jira. Yaaliin cimaan inni hiikkaa

Islaamummaan seenaaf qabu jedhuun qopheesse gahumsa cimaa akka inni qabu argisiisa.

Akka ilaalcha isaatti, akkaataa seenaa dhala namaa irraa itti fayyadamanii fi itti fayyadamiinsa kanaan sadarkaa namaaf argisiisuu fi isa walitti funaanuu irraa gara sadarkaa isarraa seera (keeyyata) ittiin bulmaataaf namaa ta’u wayii keessaa cuunfachuutti ce’uu irratti Qur’aanni kabajamaan bu’uura imaammata guutuu ta’e qaba. Ibnu Kalduunis waa’ee kanaa irratti hayyoota falaasama seenaatiif akeekkii (mallattoo) godheeture. Garuu isaan akeekkii isaa san arganii akka bu’uuraatti ka’umsa kan godhatan eega jaarraan torba dabraniin booda.

Kanarratti Dr. Imaad akkana jedhe: Qur’aanni seeronni sosochiileen seenaa isaaf gadi jedhan kan adeemsa seenaa, akkaataa guddina isaa fi haalaa tokkorraa gara haalaa biraatti jijjiiramuu isaa argisiisu jiraachuu mirkaneessee jira.

Akka inni jedhutti, qu’attoonni fi hayyoonni falaasama seenaa hedduun, namni jalqaba adeemsa kana shaakale Ibnu Kalduuni, waa’ee kanaarratti eennuyyuu isa dura yaalii wayiituu hin goone yeroo jedhan dogongorarii jiru. Ibnu Kalduunis, kitaaba isaa Muqaddimaa keessatti waa’ee kanaa irratti yaalii namni kamiyyuu taasise hin argine yeroo jedhu innis dogongoree jira. Wanti silaa isarraa eeggamu yaaliiwwan kanaan wal-qabatan kan Qur’aanni itti akeekke ture sanniin dubbachuu qaba ture.

Wanti kitaabotaa fi barruulee Dr. Imaaduddiin adda godhu, bifa dimdhaadhaatiin waa’ee adeemsa/imaammataa barreessuu isaati. Ammas sagantaalee hundarratti barbaachisummaa immaammataa kana cimsee dubbachuun,

gahee inni sosochii dhala namaa, xiinxala fi qarooma keessatti qabu ifa godhuu isaati. Imaammata firii sammuu ta'e kanaan alatti, haguma feene osoo tattaaffii goonee, gumaacha feene gumaachinee kaayyotti gahuu hin dandeenu jedha. Akka ilaalcha isaatti imaammanni sammuu Muslimaa bocu kan sababa, seera seenaa fi qorannoolee shaakallii irratti hundaa'e, ammas kan ilaalcha dimshaashawaa amantiin Islaamaa ilma namaatiif qabuun badhaadhe jedha. Ilaalchi Islaamummaan ilma namaatiif qabu kun uumaa hunda gara hundee tokkootti deebisuun, waan hunda tokko godhee wal-simsiisuun, addaan qoodiinsa, gar gara cicciriinsaa fi irra dubbii (dhimmaa) qofa ilaaluu kan hundeen buqqiseedha.

Waa'ee kanaa irraa yeroo haasayu akkana jedhe:

Amantiin Islaamaa yoomiyyuu akkaa jireenyarraa fagaannee jireenyaaf ilaalcha sirrii hin ta'in horannu nu hin ajajne. Amantiin Islaamaa warraaqsa yeroo hundaa qabsoo jijjiiramaa addunyaaf fiduun guutameedha. Jalqabumarraayyuu kaasee gara badheetti (dirretti) bayutti nu yaame jedha.

Kanarraa ka'uun, Dr.Imaaduddiin yoomiyyuu ijjanoo harka kennachuu kan diddaa fi namaaf gadi cabanii buluu kan namoonni hedduun saaxilamaniif sanitti amanee hin beeku. Kanaafuu isa biratti duula fuul-dura dhaabachuun tooftaa fi dhimma guddaadha. Wanti inni baay'isee dhimma kanatti yaaddayee, barruulee isaa hedduu keessattis irraa barreesseefis kanumaafi ta'a. Barruulee ykn kkitaabota inni qopheesse yoo ilaalle, xiyyeeffannaan isaa guddaan dhimma amma irraa haasofne kana ta'uu ni argina.

Dhugaan dubbannu malee bira kutuu hin dandeenne, Dr. Imaaduddiin waa'ee beekkumsaa fi duudhaalee irratti beekkumsa gahaa qaba. Beekkumsi isaa kunis xiinxala Arabaa kan Islaamaa qofarratti kan gabaabatu osoo hin taane, xiinxala warra Dhihaa kan gama Kaappitaalizimii fi sooshaalizimiitiin jirus kallattii ilaalcha Islaamaatiin ibsuu jira. namoonni gariin beekkumsa kallattiiwwan hedduun jiru kanatti haga fuulleffate, gosa/muummee beekkumsaa keessaa osoo tokko qofarratti xiyyeeffatee tokkicha san imaammata isaa bifa gadi bu'iinsa qabuun irraa barreessee, qu'annoolee fi akkaataa gara hojiitti ittiin jijjiiramuu danda'u osoo namaaf ibsee irra wayya namoonni jedhanis ni jiru.

Gama kitaabichaa deebi'uun wanti nuti jennu, kitaabni kun baay'ee bareeda jennus, qopheessaan isaas dhimmoota akkanaa kanarratti furmaata kennuu keessatti baay'ee gahumsa qaba jennus, rakkina sammuu Muslimaa hube kanaaf furmaata raajii kenne jechuu hin dandeenu. Kan inni godhe karaa furmaataa irratti nama qajelchuudha. Ammas taanaan, dhimmi waa'ee bocamiinsa sammuu Muslimaa qu'annoo fi qorannoolee hedduu barbaada. Dhaadannoon keenna kan yeroo maraatu jecha Maaliki (Rabbi isarraa haa jaalatu): “Namni hunduu haasaya isarraa waa fudhatamee gariin irratti didama, abbaa qabrii tanaa malee” jedhee gara qabrii ergamaa Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaanirratti haa jiraatu*) akeeke.

Akka Rabbiin kitaaba kanaan ummata fayyadu, akka abbaa isa qopheesseef mindaa isaa kaffaluuf Isuma kadhanna. Rabbiin gayaa keenna. Isatti irkatuun waa tole.

**Umar Ubeeyd Hasanaa**

## Seensa Abbaa Kitaaba Qopheessee

Kitaabni gabaabaan kun bu'uura bociinsa ykn qariinsa sammuu kan amantiin Islaamaa lafa kaayee hordoftoota isaatiif hojjachuu, waa gumaachuu fi waa uumuu keessatti dandeettii addaa isaaniif kenne irratti ibsa bal'aa kennuuf yaalii godha.

Jalqabumarraa, duubatti hafiinsaa fi dadhabina jaarraalee dhumaa keessa Muslimoota qunnamaa turetu si'aa'ina isaan dhabsiisee, duula qarooma warra Dhihaa kan sammun Dhihaa qaree dagaagse dura dhaabachuu dadhabsiise jennee yoo fudhanne, hundi keenna akkaataa fi yaad-rimeewwan haallan kana keessaa nu baasee, handhuura si'aa'inaa fi gumaacha qarooma addunyaa hundaa dur keessa turre sanitti nu deebisu argamsiisuuf warraaqsa godhuun nurratti dirqama ta'a.

Yaaliin kunis qabxiilee ijoo lamaan kanarratti hundaa'uu danda'a: inni duraa, dhibee ammayyaa kan sammuu Muslimootaa haguugee jiru, kan dandeettii sosocho'uu isaa laamshesse qorannee irra gayu. Inni lammataa immoo hundeewwan Islaamummaa kanneen sammuu hordoftoota isaa kan jalqabaa san bilisoomsanii, imaammataa fi si'aa'ina kennaniifi akka sammun isaanii gahee isirraa eeggamu bayatuuf gahumsa godhaniif san qorachuu.

Kitaabni gabaabaan kunis, bu'uura isa lammataa kanarratti fuulleffata. Kutaa isaa ka jalqabaa keessatti, jijjiiramoota bu'uuraa kan amantiin Islaamaa argamsiisee, sammuu hordoftoota isaa waa'ee ilaalchaa, amanti, beekkumsaa fi imaammataarratti ittiin cimse sanirraa dubbata. Kutaa isaa isa lammataa keessatti immoo waa'ee gumaacha sammuu

Muslimootaa kan tika Rabbiitii fi qajeelcha ergamaa Rabbiitiin qaramee irratti ibsa gabaabaa seenaan galmeesse dhiyeessina.

Kutaalee lamaan dhumaa keessatti immoo amalootaa fi mallattoolee addaa kan sammuun qarooma kanaa itti fuullefatu, qarooma sammuun kun bocee fi kan inni bocuu barbaadu irratti xiyyeeffata. Garuu guduunfaa kitaaba kanaa irratti wanti ibsuu feenu, furmaanni rakkoo kanaa akka haraayaatti dhufuu kan danda'uun, sagantama gadaa si'aa'inaa fi gumaachaa keessa qarooma Islaamaa calaqqisaa san argamsiisuu danda'eeni. Kunis yaroo irraa addaan bayuun osoo hin taane, dhuka yeroo sanii irratti cimsanii dalaguuni.

Hayuun falaasama seenaa biyya Xaaliyaanii Kiroochaa barruu isaa tokko keessatti yaada 'seenaan hunduu seenaa ammayyaati' jedhu dhiyeesse. Eega inni seenaan akkas ka jedhu ta'e, aqiidaa Islaamaa kan yoomiyyuu hin jijjiiramne kan Rabbiin rakkoolee yeroo fi bakkee adda addaatti hawaasa Muslimaa mudatuu danda'aniif furtuu furmaataa jedheen kanaaf jechi isaa kun akkamitti dhugaa hin taane?

Hojiwwan seeronni seenaa irratti dalagan hunduu seeruma tokkooni, ilmi namaa kan seenaa wayii keessatti waa dalagus namuma sani. Kan jijjiiramu gar-tokkee wantootaa fi gadi bu'iinsaan ilaaluudha. Nutis gahee raawwatame wayii mirkaneeffachuu yoo barbaanne ykn gahee san deebisuu yoo feene, jalqaba seerotaa fi namoota isa raawwatan san qorachuu qabna. Kanaaf immoo hundeewwanitti deebi'uu qabna. Kanuma waliinuu jijjiiramni seenaa fi ji'oogiraafii jijjiirama guddaa fiduu akka danda'us ni amanna.

Bifa baay'ee salphaa ta'een yoo ibsinu, rakkinoota gurguddoo argaman furuun dura, tapha dudduubee falaasamaa itti maxxansuu irraa fagaachuuf jecha, nu Muslimtoota jaarraalee boodaa kana keessa guddina keenna wanti gufachiise, dirreelee armaan gadii kanarratti rakkiinoo ni ykn qaawwi heddu argamuudha:

- 1- Ilaalchota amantii
- 2- Akkaataa itti fayyadama beekkumsaa fi
- 3- Adeemsa/imaammata hojii.

Seenaa keenna kan ammayyaa kana osoo ariitiin dubbifnee, rakkiinoo ni ykn qaawwi uumame kamiyyuu geengolee sadeen kana keessaa akka hin baane arguu dandeenna. Gama biraatiin immoo wanti nama dinqisiisu: Fakkeenya qarooma warra Bahaa keessaa qarooma Chaayinaa fi Jaappaanii kan qarooma warra Dhihaatitti gufuu guddaa ta'uu danda'e osoo ilaallee ol'aantummaa qaroomni kun qabuu fi iccitii qaroominaa irraa fudhatanii itti fayyadamuun osoo eenyummaa isaanii irraa xinnoo hin wareegin, ummanni lamaan kunniin fageenya jidduu isaanii fi guddina qarooma warra Dhihaa jidduu jiru dhabamsiisuu danda'anii jiru. Kuni nuun hin maluu?

Eenyummaa ufii tikfachuuf, jalqaba amantiin uf halluu fi hundee ykn bu'uurarraa fudhachuun wabii isa duraati. Nama dubbisu tokkoof, gara hundeeffan amantiitti deebi'uun gadaa ufii irraa addaan bayuu akka itti hin fakkaanneef, xumurri kitaaba kanaa mata duree 'gara teknolajii Islaamaatti' jedhuun dhufe. Himoonni lameen xumura kitaba kanaa keessatti dhufan kan 'uf jijjiiruu ykn uf mirkaneeffachuu' fi 'uf qopheessuu'



jedhu akka qorannoon kun osoo gadi fageenya seenaa gadaa keennaa keessa hin seenne akka waa'ee gadaa keennaa kana waan ibsu natti fakkaata.

Wanti biraa ka ani nama kitaaba kana dubbisurraa barbaadu, kitaabni kun bu'aa Islaamonni gariin gahee guddisni afuuraa fi naamusa gaarii rakkoo gufachiisuu irratti qabu jedhan faallaa dhaabachuuf dhufe yaanni jedhu akka mataa isaa keessa hin seenne. Ammas kitaabichi warra ilaalcha sammuu qofa deeggaree, Iimaana (Rabbitti amanuu) immoo sadarkaa lammaffaa ykn sadaffaa irra kaayan deeggara yaanni jedhu akka mataa isaa keessa hin yaane barbaada.

Ilaalchi waa addaan cicciruu kun bu'uurumarraayyuu fudhatama hin qabu. Sammuu Muslimaa irra deebi'anii qaruun dirqama yaanni jedhu, taateewwan biraatiif bakkee kennuu dhabuu jechuu miti. keessattuu muxannoowwan Islaamaa ilmi namaa qaama tokkoomaa addaan hin baafamne, hodhaa sararri isaa wal-keessa seenaa ta'e kan addaan qoqqoodiinsa, gar gar baasuu fi addaan cicciriinsa ufitti hin fudhanneedha.

Garuu, sammun Muslimaa gadaa ammaa kana keessa miliqni guddaan waan isa mudateef, amantiin Islaamaa sammuu dhaaf sadarkaa guddaa waan kenneef, sammuu Muslimoota ammaa geengoo ilaalcha Islaamawaa ta'e keessatti deebisnee qaruun dhimma baay'ee dirqama ta'eedha.

Muslimni sammun, lubbuu fi qaamaan kutaa tokko. Garuu duraa fi duuba dirqamootaa eeguuf jecha yeroo tokko kutaan inni tokko isa kaan caalee argamuun, yeroo biraa kutaan kun isa hafe caalee argamuu danda'a. Da'aawaan haala lameenuu keessatti faallaa gochaa irraa dhufti jechuun hin

danda'amu. Da'awaan kan ka'umsa godhatu dhimma rakkina battalaa waliin hidhata qabuu fi rakkina kana dhugumaan qoratee furmaata isaan malu itti kennuudha.

Namni Muslimaa akkuma amantiin isaa itti ajaju san qaama tokko kan gargar hin qoqqoodamne ta'ee hafa.

**Imaaduddiin Kaliil**

## **Kutaa Tokkoffaa**

### **(1) Jijjiirama Guddaa**

Akka hirreega nama biratti baratameetti guddina ni ta'a jedhamee yaadamuu miti. gama yeroo fi bakkeetiinis utaalcha guddaa wayii fakkaata. Gama keessaatiin, gama sammuu nama Muslimaa haaraya uumuutiin jijjiirama guddaa argamsiisuun sammuu si'aa'aa, balaqqeessa'aa, kaayyeffataa, kan waa hojjachuu, waa mirkaneessuu fi waa uumuu danda'u argamsiisee jira.

Bifa raajii kan baay'ee nama dinqisiisuun waan namni hin eegnee olitti jijjiiramni argamee jira. Sammuun haarofni addunyaa bifa haarayaan akkamitti boca ykn qara jedhu argamee jira. Sammuun Muslimaa yeroma jalqaba uumamerraayyuu eegalee hanga dukkanni gaafa du'aa isa dhaqqabdutti balaqqeessa'aa akka ta'uudha kan barbaadame.

Sammuun dhala namaa irra deebi'amee bocamee jira.kallaattiiwwanii fi gama hedduun wantoonni baay'een itti irkifamee jira. gama amantii, beekkumsaa, adeemsa ykn imaammataa fi gama qaroomaatiinis sadarkaalee fi kallattiiwwan hundaanuu gama sammuutiin akka socho'amu fi yaamichi isaa akka awwaatamuuf yaamichi dhiyaatee jira. Yaamicha kanas awwaatuun dhugumatti barbaachisaadha, yaamicha gumaacha argamsiisuu danda'u waan ta'eef.

### **Isiin Amaanaadha**

Garuu, osoo jijjiirama baay'ee guddaa ta'e kan sadarkaalee afur qabu kana gadi buunee waa'ee isaa irraa hin haasayiniin duratti, gaaffii kana kaasuuf dirqamna:

Dhimmichi ykn amantiin haarofni kunbeekkumsa Rabbii kan wanti kamiyyuu isa hin daangessinee fi dandeettiin sammuu dhala namaa kan wal-fudhatu ta'uu agrsiisa. Sammuun dhala namaa kun beekkumsa kana hubachuu, alanshee qayyabachuu, gara waan hojiin argamuutti jijjiiruu, gara naamusa ijaan mul'atuutti geeddaruu irratti gahumsa guddaa qaba. Jecha ibsa Qur'aanaa itti fayyadameen deebisnee yoo ibsine; amaanaa (itti gaafatamummaa) guddaa samii fi dachiin baadhaa jedhametu, amma deemee ilma namaatirra fidame. Ilmi namaa kun itti gaafatamummaa baay'ee ulfaattuu taate tana baatee galmaan gayuuf dandeettii qabaa?

Tariitii jidduu odeeffannoolee ykn gumaacha guddaa amantiin dursaa ta'e kun kennuu fi dandeettii sammuu fi afuurri namaa amaanaa kana baachuu, bakkaan gayuu fi tiksuu irratti qabu jidduu addaan bayiinsi ykn addaan fageenyi argamuu danda'ama jedhamee wanti sodaatamu ni jiraataa?

Yaamichi haarofni kun sammuu dhala namaatiif yaamicha guddinaa (duratti deemiinsaa)ti yoo jenne jecha ormaa waan ergifanne natti hin fakkaatu. Yaamichi amantiin kun qabatee dhufe odeeffannoo dandeettii sammuutii ol ta'eedha. Sammuun namaa keessattuu jaarraa 20<sup>ffaa</sup> keessa beekkumsa gama hundaatiinuu muummee qaqqabee jira jedhee uf dhaadus, yaamicha amantiin kun namaaf fidee dhufe keessaa gama muraasa qofa beeka, muraasni sunuu sirriitti hubatamee, alanshamee qayyabatamee, gara hojiitti jijjiiramee, amala, naamusaa fi dandeettii waa kalaquu namaa keessatti gumaacha godhee jiraa kan jedhus kallattii isa addaati.

Nuti dhimmi baay'ee ulfaataa ciminni isaa sadarkaa afraffaa ta'erra jirra. Beekkumsa daangeffama hin qabne dandeettii sammuu daangeffama qabdu tan ciminaa fi leenjii gahaa hin qabne akka isiin beekkumsa bal'aa fi diriiraa dhuma hin qabne kana fudhattu taasisuu. Sammuun akkamitti deebii itti kenne? Sammuun dhala namaa kun amaanaa kana baachuu, hojitti jijjiiruu fi gahee isarraa eeggamu bayachuu akkamitti danda'e? ummata bal'aa biratti addaan bayiinsi, addaan fageenyi fi dhiyeessiin haarofni duratti deeme (kan amantiin fidee) fi harkifannaan seenaa, duudhaaleen durii fi dandeettiin namaa daangeffamaan kun akkamitti wal-faallessa fiduu dhaban?

Wal-hubannaan sirrii hin ta'in gama dhimmicha ufitti fudhachuu dhiisuu, si'aa'ina isaaf dhabuu fi isaaf bitamuu dhabuutiin akka uumame shakkiin hin jiru. Gama biraatiin sababni *kuffaartoonni* ijjannoo isaanii jijjiiruu dhabaniif, sammuu isaani qabiyyee amantiin haarofne uf keessatti qabate, odeeffannoolee isa keessa jirani fi ilaalcha bal'aa kallattii hunda qixxisu kan isa keessa jiru kana qayyabatee ufitti fudhachuuf gahumsa waan hin qabneefi.

Garuu sararri baay'ee diriiraa fi gadi fageenya qabu, namoonni amanti kana fudhatan kanneen dhaloota baay'ee ta'an kunniin keessi isaanii waan gaarii jedhee waan itti amaneef, kallattiiwwan hundaanuu jijjiirama guddaa galmeessanii jiru.

### **Ariifannaa ... Wal-dorgommii!!**

Raajiin kun akkamitti fiixa baye? Haallan akka ilaalchi kun fiixa bayuuf gargaaran maal fa'a? hubannaan sammuu

namaa jijjiirama hundee irraa dhufe kana fudhachuuf qabu baay'ee nama dinqisiisa. Kunis akka sammuu irra deebi'ee uf qaree bifa haaraya kanaan dura ilmi namaa hin baratiniin ergaa haaraya kana gara hojiitti akka jijjiiruuf isa gargaaree jira.

Tariitii ibsoota muraasa gaafii dabre kanaaf deebii ta'uu danda'an irratti ibsa godhuu irratti fuulleffachuu dandeenna. Gama tokkoon amantiin Islaamaa hordoftoota isaatiif dandeettii dabalataa kan haala yeroo fi iddoo muraasaan wal-qabatan bira ittiin kutanii kaayyoo barbaadamutti gayaniin isaaniif kennee jira. Innis kortoo sadarkaalee baay'ee bal'aa ta'e qabu kan jalqabni isaa Islaamummaa ta'ee dhumni isaa immoo Ihsaana (waa tolchuu ykn bareechuu) ta'een dhumatu kan jidduu qaccee lamaaniitti immoo amanuu (Iimaanaa) fi sodaan Rabbii argamuudha. Kunis gama isaatiin dandeettii namaa cimsee, lubbuu isaaniitti afuufee mummee namni amantiin kana hordofu hundi itti gayuu barbaadu kan Ihsaana jenneen sanitti gayuuf akka isaan gufuu hunda bira kutanii jijjiirama guddaa argamsiisuun fiixxee san gayaniif fedhii guddaa keessatti uumee jira.

Sadarkaa muummee san bira namni gaye guutumatti waan hunda hubata, waa kalaquu danda'a, jidduu isaa fi Rabbii haguuggiin wayiituu akka hin jirre ifa isaaf ta'a. kanaafuu Ihsaana jechuun "Rabbiin akka waan ijaan argaa jirtuutti gabbaruu, atis Isa arguu baattus Inni si arga".

Caalaan ilma namaa kaayyoowwan isaaniitti gayuuf ni tarkaanfatu gariin ariitiin deemu. Garuu nuti asitti namoota fiigan argina. Amantiin Islaamaa dhaloota fiigicha danda'u kan qabxii ol'aanaa akka itti cabsu beeku, kan gufuuwwan hunda

akka itti bira kutan beeku, kanneen fageenya baay'ee dheeraa hunda qaxxaamuruu danda'an argamsiisee jira. Qur'aanni yeroo amala isaanii ibsu akkana jedhe:

الْحَمْدُ لِلَّهِ الْمَوْلَانَا الْغَنِيُّ الْمُنْتَهَى الصَّمَدُ الْغَفُورُ الْأَنْبِيَاءُ: ٩٠

*[Waan gaggaarii dalaguu keessatti baay'ee ariifatu]*  
(*Al-Anbiyaa'u: 9*).

Ammas akkana jedhe **إله سابقون** Isiif wal-dorgoman. Kanaafuu Muslimoonni waan gaarii dalaguu keessatti mallattoolee ariitii ibsan, kan gumaacha guddaa ittiin galmeessanii kaayyoo barbaadanitti gayaniin - ariifannaa fi wal-dorgommiin ibsamu.

Kortoo jajjaba sadarkaaleen isaa baay'ee bal'aa ta'e kana uf eeggannoon itti fayyadamuun, Muslimni fiigichaan gara fiixxee (muummeetti) baya, kortoo kanaan hojii gamtaa saganteeffamaa ta'ettis amana, miira quuqamaa dammaqina qabuun, waan hojjate bareechuu fi bifa haarayaan tolchee hojjachuuf fedhii guddaa horatee gara kaayyoo itti gayuu barbaaduutti imala. Safuulee gurguddoo amantiin kun qabatee dhufe mirkaneeffachuu fi odeeffannoolee isa keessa jiran ufitti fudhchuun beekama. Kana mirkaneeffachuun baay'ee ulfaataa fi gatiin isaaf kaffalamu baay'ee mi'aa ta'us, addaan fageenyi jidduu fiixxee amantiin kun itti gayuuf irratti fuulleffatuu fi jidduu hordoftoota amantiin kanaa jirus baay'ee guddaa ta'us, sadarkaa ol'aanaa san qaqqabuuf tattaafachuu irraa duubatti hin jedhu.

Gama biraatiin, warraaqsonni addunyaa Islaamaa keessa jiran hedduun isaanii warraaqsa argama, seerota sosochii uumamaa fi hawaatiin wal-simachuuf taasifamuudha. Dhaloonni

ilmaan Adam sadarkaa kanaan ykn sadarkaa biraatiin sababa kanaan ykn kan biraatiinseera amantii irraa gar gar fottoqaa turan. Amantiin Islaamaa yaad-rimee isaa kan waan hunda uf keessatti hammatu kana qabatee as bayuun, ilmaan Adam kanneen gara aantummaa amantii fi isaaf bitamuutti deebisuuf dhufe.

### **Gara Hundee Bu'uuratti Deebi'uu**

Haala kanaan imala Kiiloometira kumaatama heddutti tilmaamamu qaxxaamuruun gara sarara dhumaatii fi injifannoo guddaatti gayamuun danda'amee jira. asitti sarara isa dhuma kan jennuun booddee addaa argachuu fi Ihsaana (waan hojjatan bareechanii hojjachutti) dhaqqabuudha. Warroonni Dhihaa yeroo ammaa kana waa hedduun nu caalan.

Wantoota nu caalaniin san keessaa inni tokko gara kaayyoo isaaniitti gayuuf deemsa ykn ariitiin deemuu bira taraniifiiguun galma isaanii hunda akka gayaa jiran shakkiin tokkos hin jiru. Kunis cimina isaanii fi jajjabina isaanii jajjabeeffachuun haga sarara dhumaatti gayanitti bu'aa bareeda argamsiisuu fi waan isaaniif irra caalaa fi bu'a qabeessa ta'e hunda irratti dorgommii cimaa godhaa turan. Nutis waan isaan irra gayanykn iddoo isaan gayan gahuu kan dandeennuun yoo ulaagaa isaan guutan kana guunne qofa.

Wanti nuti asitti jedhaa jirru, qarooma durii san ormarraa haa ergifannu jechaa hin jirru. Kan nuti barbaannu hundee keenna ka jalqabaa sanitti deebi'udha. Hundeen sunis: Qur'aana Rabbii fi sunnaa ergamaa Rabbiiti. Akkasumas duudhaa fi aadaa abbootii fi akaakayyoota keenna kan



hangafoota ta’anii sanitti deebinee wal-dorgommiin qaroomaa, dhugoomsaa fi waa kalaquu akkam akka ta’e akka beeynuufi.

Dhuma gamaaggamiinsaa irratti, aantummaa amantii Islaamaa jechuun jalqabarratti gara dalagaa sagantaan deeggarameetti seenuuf tole jechuudha. Rabbitti amanuu jechuun hojii guddaa fi murteessaa ta’uu isaa keessaan itti amanuu jechuudha. Rabbiin sodaachuun immoo humna addaa kan ifaa miiraa qabsiisu, kan miirri namaa hanga gaafa du’ee biyyee jala taruutti waan dalagu keessatti Rabbi na arga jedhee uf eeggataa dalagu godhuudha.

Ihsaanni (waan hojjatan bareechuun) immoo nama Muslimaa kan Rabbitti amane, kan Isa sodaatu akka inni sadarkaa fiixxee irra gayu godha. Sadarkaa waan dalagan hunda qulqulluu godhuu, waan namaaf dhiyeessan hunda kalaqa bareeda ta’een guutanii dhiyeessuu. Yeroo waa dalagu fuul-dura Rabbi dhaabata. Yeroo gara yerootti yaamichi ergamaa Rabbi kan “Rabbi ilmi namaa yoo waan tokko dalage akka bareechee dalagu jaalata” jedhutu mataa isaa keessa yaa’a.

### **Bu’aawwan Hundee Jalqabaatti Deebi’uu Keessaa..**

Bu’aawwan hundee keenna kan jalqabaatti deebi’uun nuuf argamsiisu mataa keessa uf haa yaafnu mee. Ilmi namaa bifa dhugaa ta’een aantummaa amantii kanaaf qabu qofaan, lubbuu fi dandeettii isaa waan tokko keessa, kallattii takkarra, uumaa Rabbiin uume hunda waliin gara tokko yaa’uu, seerota isaa kan uumaan ittiin bulan, sirnoota isaa kan hawaan ittiin sosocha’u hunda keessatti kallattii amantiin itti isa ajaje qofa duuka deema. Ilmi namaa kun iddoo kufiinsaa kan anniisaa

namaa babbaraaxessee raawwii isaa dadhabsiisu irraa fagaachuun gara seeraa fi ajaja amantii fudhachuutti dhufa. Waan qabu itti dabalee, isarraayis fudhatee, ka duubatti nama harkisurraa gara wal-simiinsaatti, kenna fi fudhannaa kanarraa gama kallattii tokkootti, gama seera tokkoof bitamuutti, gama kaayyoo tokkorratti fuulleffachuutti dhufa.

Namni Rabbitti amane dirreewwan hojii fi gumaachaa keessatti gara anniisaa addaatti geeddarama. Waa kalaquu fi gumaachuu keessatti dandeettii baay'ee guddaa ta'e qaba. Ifaa qabsiifame kan ifnanni isaa gara keessattis gadi ifu, kan isas ibsee gara duraatti isa oofu, gara addunyaa hundaattis ifuun mallattooleen karaa dhugaa akka ifa namaaf bayan kan godhu uf keessaa qaba. Humni baraaxayu hin jiru, xurreen dukkana (dhokatiinsa) qabdu hin jirtu, kaayyoon lafa badu hin jiru.

Gaafa sanitti, namni Muslimaa dhuunfaa fi gareen, humna baay'ee guddaa ta'een iddoo fi yeroo isaan daangessu hunda bira kutuun kaayyoo itti gayuuf kaayyeffatan sanitti gayuu danda'u.

Furtuun biraa immoo kan reef dubbanne sani. Innis kortoo sadarkaan isaa guddaa waan addunyaa kanarra jiru hunda caalaa ol fuudhamaa ta'e kan kabajaa namaa dabaluu, kan nama gammachiisuu fi badii hundarraa nama qulqulleessu, kan haala gammadaa ta'een, haala Isa tokkichoomsaa ta'een, haala nama waa kalaquu, hojjachuu fi gumaachuu danda'u ta'eenakka Rabbii isaa fuul-dura dhaabatu ta'uu irratti isa gargaaruudha.

Homa fedheyyuu ta'u, fageenyi ilma namaa kaayyoo amantiin Islaamaa ittiin dhufe sanirraa addaan baasu, fageenya dheeraa, addaan fagaataa fi cimaa ta'eedha. Namni kamiyyuu

bifa salphaa ta'een bira kutuu hin danda'u. wanti barbaachisu, ulaagaa isa malee kaayyoo barbaadamutti gayuun yoomiyyuu hin danda'amne san guunnee argamuudha.

Qur'aanni kabajamaan keeyyatoota isaa lama keessatti sababa ilmi namaa yaamicha amantii kanarraa dugda galuuf nuuf himee jira. Akkasumas turtiin yeroo dheeraa kuufama muuxannoo waan dabaluuuf, sammun namaa dabalataan hubataa akka deemuu waan godhuuf, gufuu nama qunnaman hunda bira kutuun kaayyoo itti gayuu barbaadan sanitti baay'ee itti dhiyaataa akka dhufamu Qur'aanni nuuf himee jira:

الْحَمْدُ لِلَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْمَنَّانِ الْمُنْتَهَى الصَّامِتِ الْمُبْتَلِي الْمُنْفَعِ الْإِسْلَامِ الْيُونِسَ:

۳۹

[Waan beekkumsa isaa hin kennamin osoo hiikni isaa isaaniif hin himamin jalqabumaan kijibsiisuu eegalan] (Yuunus: 39).

الطَّلَاقِ الشَّجَرِ الْمَلِكِ الْقَائِمِ الْمَقْلَبِ الْمَحَلَّاحِ نَوْحِ الْمَنْجَرِ الْمُرْتَدِّ الْقَائِمِ الْإِسْلَامِ

الْمُسْتَلَاتِ السَّبَا النَّازِعَاتِ عَبَسَ التَّكْوِيرِ الْأَنْفَطَارِ الْمَطْفُوفِ الْإِسْهَقِ الْبُرُوجِ ۵۳ فصلت:

[Mallattoolee keenna (kan tokkichummaa Rabbii agarsiisan) guutuu waan samii fi dachii keessa jiruu fi lubbuu isaanii keessattis isaan argisiifna, haga (Qur'aanni) dhugaadha jechaan isaaniif ifa galutti] (Fussilat: 53).

Kana jechuun muxannoo ilma namaa kan guyyarraa gara guyyaatti gosaa fi baay'inaanis dabalaa deemu tun, tan yeroo hedduu yoo ilaallu yaamicha sheyxaanaatiif masakamuu tun uf dagachuu, uf tuuluu, seeraan ala bayuu, namatti boonuu tun, miiruma ykn lubbuma tanatu dhaloota ilmaan Adam kanniin gara dhugaatti dhiyeessa. Sammuma tanatu mallattoolee

tokkichummaa Rabbii agarsiisan hunda namatti mul'isa. Sammuma/lubbuma badittis nama ajajju santu kaayyoo gaarii itti gayuu barbaadanittis nama geessa.

Kanaafuu, haala kanaan yeroon namarra dabraa dhufuun akka Muslimoonni abdiid caalatti horatan isaan godhaa dhufee jira ykn abdiid itti horuu qaba. Yoo muuxannoon namaa kuufamaa dhufee, odeeffannooleen waan haaraya argachuu fi abuuruu cimaa dhufe, dhalli namaa gara Rabbiititti dhiyaataa dhufa. Kanaafuu gadaan amantiid keenna tajaajilaa jira ykn ka tajaajilu ta'uu qaba.

Kanatti aansinee, kallattiileen amantiin Islaamaa jijjiirama gurguddaa irratti argamsiisee, gadaa waahillan ergamaa Rabbii irraa kaasee sammuu isaanii irra deebi'ee qaree, akka isaan waa gumaachuu fi waa kalaquu keessatti ciman isaan godhe maal fa'a akka ta'an ilaalla.

## **(2) Jijjiirama Ilaalcha Amantiid**

Jijjiiramoota taasifaman keessaa kan jalqabaa fi inni caalatti guddaa ta'e jijjiirama amantiiti. Jijjiiramni ilaalcha amantiid kun hundee seerota jijjiiramama kan jijjiiramoonni biraa irratti bu'uureffamaniidha.

Seenaa ilma namaa keessatti, tarkaanfileen sammuu ilma namaa bilisoomsee, kabajee, iddoo sirrii inni irra taa'uu qaburra isa taasise keessaa kan akka tarkaanfii kanaa hin jiru. Jijjiiramni kunis: fuulleffannaa ilma namaa heddumminarraa gara tokkoomuutti, gabroota akka ufii gabbaruu irraa gara Rabbii tokkicha qofa gabbaruutti, mukkiin, dhagaawwanii fi boca adda addaa harka ufiitiin bocan jaalachuu irraa gara Rabbii tokkicha

harki isa hin tuqne, kan ijji namaa isa hin argine jaalachuutti jijjiiramuu. Kun haguuggaa jaalala meeshummaa (qabeenyaa) san ufirraa saanquun gara waan ija namaa jalaa dhokate kan Rabbi qofti beekuutti (geeybaa) fuula deebi'uu fi sammuu ufii odeeffannoolee gurguddoo qaama miiraattiin irra hin gayamnetu jira jedhanii amansiisuudha.

Qur'aanni waa'ee kanaa yoo nuuf ibsu ilma namaa dukkanarraa gara ibsaatti baasuudha jedha. Guutumatti waan gurraacharraa gara adiitti, waan faallaa tokkorraa gara faallaa isaatti jijjiiramuudha. Qur'aanni amantiin Islaamaa kan dhufeef ilmaan Aadam bilisa baasuufi jedha:

وَيَضَعُ عَنْهُمْ إِصْرَهُمْ وَالْأَغْلَالَ الَّتِي كَانَتْ عَلَيْهِمْ ﴿١٥٧﴾ الأعراف: ١٥٧

[*Hidhaa fi guduunfaalee isaanirra jiran irraa lafaan gayuufi*] (*Al-A'araaf: 157*).

Bakkee heddutti amantiin haarofni kun karaa qajeelaadha, wanti isaan ala jiru karaa dabiinsa, xurree jajallaa, fedhii jala deemuu fi jallina qofa jechuun nuuf ibse. Sammuun nama kamiituu haguma fedhes collee ta'u oliif gadi dhama'aa, hidhaa fi guduunfaan isatti jijjiiramaa waa dalaguu, waa kalaquu fi namaaf waa gumaachuu hin danda'u.

Al-faatihuun (namoonni biyyoota biraa banuun hawaasota biyya saniitiif yaamicha Islaamummaa dhiyeessanniif) kanneen mootummootaa fi Impaayeroota gurguddoo hunda kuffisanii kaartaa addunyaa hunda jijjiiran, ifatti akkana jedhanii dubbatan: nuti kan dhufneef ilma namaa dhiphina jireenyaa irraa gara bal'inaatti, dabnana (miidhaa) amanti biraa irraa gara haqummaa Islaamummaatti fi gabra akka ufii gabbaru irraa gara Rabbii tokkicha qofa gabbaruutti baasuuf dhufne.

Amantiin haarofni ilma namaa gara bal'inaa, haqqummaa fi Rabbiin tokkichoomsuutti baasuuf dhufe. Amantii kana keessatti sammuum haala kanarratti ka became uf arga, keennaa bal'aa amantiin Islaamaa isaaf kenne kanaan waa hojjachuu fi sosochii godhuu irratti dandeettii gahaa qabaachuu uf arga. Amantii kana keessatti sammuum ilma namaa aangoon kamiyyuu ilaalcha ykn xiinxala namaa hin fudhatamne wayii maqaa amantiitiin akka dirqamaan fudhatu kan isa dirqisiisu akka hin jirre, gara Rabbii isaa qofatti fuula deebi'ee, Isa qofa gabbaree booddee isaa kan harkaa qabu Isa qofa ta'uu ni arga.

### **Waa'ee Gadaa Wallaalaa (Jaahiliyyaa) Irraa Waan Muraasa**

Jijjiirama guddaa waa'ee ilaalcha amantii irratti argame kana hubachuuf, gadaa wallaalaa keessa sammuum warra Arabootaa akkam akka turte, akkamitti addunyaa kana hubataa akka turan, qaama gubbarraa akka waaqaatti isa bulchuuf ilaalchaa fi yaada inni qabu mee sammuu keenna keessa yaafnee, ilaalcha wallaalaa yeroo san ture san kan amantiin Islaamaa boodarra dhufee sammuu ilma namaa akka haarayaatti qaree keessa kaaye kanaan wal-madditti qabnee haa ilaallu mee.

Hayyuun Ibnu al-Kalbiyyi jedhamu kitaaba isaa beekkamaa 'al-Asnaam' jedhamu keessatti akkana jedhe: "Hawaasa Makkaa wanti taabotaa fi dhagaa gabbarutti isaan geese, namni kamiyyuu yaabbii isaa fe'atee yeroo Makkaan keessaa bayu, kabaja Haramaaf qabuu fi jaalala Makkaaf qaburraa kan ka'e dhagaa Harama keessa jiru keessaa dhagaa muraasa fudhatee baya. Iddoo gaye hundattuu dhagaa san

fuudhee lafa kaayee akkuma ka'abaa irra naannayu sanitti irra naannaya. Kun immoo boodarra waan dur irra turan san dagatanii gara gabbara dhagaatti akka dhufan isaan godhe. Amantii abbaa isaanii Ibraahimii fi Ismaa'iil jijjiiratanii taabota gabbarutti deebi'anii waan ummatoonni isaaniin duraa dalagaa turanitti deebi'an"<sup>3</sup>.

Namni Amr bin Luhayyi jedhamu kan itti gaafatamaa dhimmi Ka'abaa ta'e yeroo wayii dhibee (dhukkuba) cimaan qabamee jennaan akkana jedhaniin: "Biyya Shaamii Iddoo Balqaa jedhamu keessa burqa wayiitu jiraa deemii isa dhiqadhu ni fayyitaa jedhaniin. Innis deemee dhiqatee fayye. Yeroo san jiraattota ganda sanii kan taabota gabbaran argee kuni maali jedhee gaafannaan, Rooba irra barbaanna, isaan diina keennarratti tumsa arganna jedhaniin. Taabota kanarraa isa muraasa naaf kennaa jedheen. Isaanis kennaniifi jennaan baatee galeenii Ka'abaa moggatti dhaabe"<sup>4</sup>.

Guyyaa sanirraa eegalee, baay'inni taabota magaalaa Makkaa fi naannawa isii marsanii baay'ataa dhufe. Ilaalchi ololaa kan hundee amantii hin qabne dhagaan gooftaa keessannii isa gabbaraa isaan Rabbitti dhiyaattanii jedhu cimuu eegale.

Ibnu al-Kalbiin maqaa taaboota Araboonni gooftaadha jedhan akkanatti nuuf tarreesse: Suwaa'a, Waddi, Yaguus, Ya'uuq, Nasri, Manaati, Allaati, Al-Uzzaa, Hubal, Zulkulsaa, Zulkaffeeyni, Zushuraa, Al-Aqeeysar, Naham, Raa'im, Sa'iid, Al-fuls, Sa'ad, Al-Ya'abuub, Baajir, Umyaanis fi kanneen biro kan dhibba hedduun lakkaayaman gammoojjii qofa keessa hin

---

<sup>3</sup> - Hishaam bin Muhammad bin Assaa'ib al-Kalbiyyi: Al-Asnaam, fuula 6.

<sup>4</sup> - Madda dabre, fuula 8.

faffacaane, inumayyuu magaalota gurguddoo keessatti caalatti baay’ata. Taabota hunda moggaa yaaddan jallisaa, ololaa fi kijibaattu marsee taa’a. ilaalchi ololaa kunniin wal-xaxuun, wal-keessa seenanii akka jibriin mana Daara baastuu naannoo waa hin seennee wal-xaxee hafetti hambisan. Ibnu al-Kalbiin seenaa biraas akkanatti nuuf hima:

Isaaf taabota biyya Yamaniitti argamu jaalata. Yeroo wayii nama heddu ta’anii Hajjiif Makkaan seenanii namoota uf dagatan gariin ka manatti galee adda taa’u argan. Achitti isii dhodhoosee suuraa isii jijjiire. Ganama yeroo ka’an kan bifti isii jijjiirame arge. Achii baasanii iddoo isiitti deebisan. Gosti Kuzaa’aa fi Qureeyshaa, akkasumas Araboonni saniin booda Hajjiif dhufan hundi isii gabbaruu eegalan. Page 50 last paragraph

Gosti Oowsii fi Kazraj, akkasumas Araboonni magaalaa Yasrib kanneen jara duuka deeman, gara Makkaa dhufuun Hajjii godhan. Iddoo namni dhaabatu hundaa waliin dhaabatu, garuu rifeensa hin haadatan. Yoo gara biyyaa imalan, taabota Manaat jedhamu kan qarqara galaana diimaatti argamutti dhufanii rifeensa isaanii haadaniis isa bira turan. Yoo kana hin godhin Hajjiin isaanii waan guutuu taate itti hin fakkaatu<sup>5</sup>.

Gosti Awusii fi Kazraj gosa lamaan boodarra Rabbi amantiis Islaamaa kenneefi amantiis Isaa mataa ittiin ol-qabee, ergamaa Isaas ittiin tumseefiidha. Jechi namoota garii kan ‘amantiin sirrii ta’e lubbuu cubbuu fi sammuu jallattuu keessatti hin margu’ jedhu sirrii miti. Amantiin Islaamaa Araboota keessattuu gadi dhaabatee jira.

---

<sup>5</sup> - Madda dabre, fuula 14.



Taabonni Hubal jedhamu Ka'abaa keessa kaayamaa ture. Isa fuul-dura qumaara torbatu jira. isa jalqabaa irratti 'Sariih' ykn ifa galaa jedhanii barreessu isa boodaa immoo 'Mulsaq' ykn maxxanfamaa jedhanii barreessu. Yoo daa'ima dhalate wayii abbaa isaa shakkan Hubaliif kennaa wayii kennaniifi booda qumaara san rukutu. Yoo sariih ta'e daa'imni ka abbaa saniiti yoo mulsiq ta'e ufirraa fageessu. Haaluma kanaan nama du'e, yeroo gaa'illi raawwatamus qumaarii kana taphatu. Yoo dhimmi wayiirratti wal-dhaban ykn imala bayuu ykn dalagaa wayii barbaadan isa bira dhufanii qumaara kanaan walii kakatanii carraa inni baase ufitti fudhatu. Akka waan sammuu waan dalaganitti isaan geessitu hin qabnee, akka waan fedhii bilisaa kan waan barbaadan dalagutti isaan qajeelchu hin kennaminii. Akka waan isaan biratti qulqullina daa'ima dhalatee (kan abbaa sanii ta'uu) shakkuun seera ta'ee, dhugoomni immoo gocha dharaa kanaan ibsamuu qumaara taphatanii shakkii ufii bayatu.

Makkaan keessatti gandi hundi taabota ufii gabbaru adda addaan mana isaa keessaa qaba. Namni wayii imalaaf yeroo ka'u, dhuma wayta manaa bayuu taabota san haxaayatu malee hin bayu. Yeroo imala isaa irraa deebi'es, akkuma mana isaa seeneen jalqabni wanta inni dalaguu taaboticha san haxaayachuudha.

Warri Qadaa'aa, Lakam, Jazaam fi warri Shaam taabota maqaansaa al-Aqeeyis jedhamu qabu. Hajjii isatti hajju, rifeensa isaanii isa biratti haadatu. yeroo rifeensa haadatan hundayyuu hidhaa daakuu mdhaanii itti darbu. Namni Maalik bin Haarisaa jedhamu abbaan isaa aanan itti kennee taabota Wadda jedhamuuf geessi (deemii gooftaa kee obaasi!) jedhaan.

Maalikis ufii kiyyaa dhuge jedhe. Booda Kaalid bin Al-Waliid ka taabota san caccabsu arge. yeroo cabsu san waa'ee gosa banii Haniifaa jedhamtu yeroo nutti himu akkana jedhe: gosti sun yeroo beelayan gooftaa isaanii ka Timira irraa hojjatame nyaatan.

Ibnu Al-Kalbiin ammas akkana jedhe: Araboonni taabota gabbaruu ittuma fufan. Gariin bitee itti fayyadama, gariin taabota ufii bocata, namni mana ijaaruufii dadhabe Ka'abaa dura dhagaa kaayee akkuma Ka'abaa xawaafutti (irra naannayutti) xawaafa. Namni wayii yeroo imala bayu yoo deemee mana wayii qubate dhagaa afur barbaadee fida. Afran keessaa ka caalatti bareedaa keessaa filatee gooftaa godhata. Dhagaa sadan hafan immoo carraa isaa ittiin ilaallata. Yeroo bakka sanii deemu achumatti gatee biraa deema. Ammas yoo deemee mana biraas qubate akkasuma dalaga. Dhagaa kana hundaaf qalanii dhiiga jiiysanii isaan gara Rabbiitti nu dhiyeessi jedhaniin. Kanuma waliinuu kabajaa Ka'abaa waan beekaniif, Ka'abaa deemanii Hajjii fi Umraa raawwatu. Yeroo imala deemanis wanti dhagaa guuranii itti waywaataniif, homa Ka'abaa biratti dalagamu san kunis bakka bu'a jedhanii waan amananiifi.

Boolloo balfaan guutamte tana keessaa, goda dhiphaa sammun, ruuhii fi uumaan keessatti dhiphattu tana keessaa, ganda onaa duubatti hafiinsi, wallaalli fi ololli itti taphate kana keessaa amantiin Islaamaa gara muummee Rabbiin tokkichoomsuutti, gara ilaalcha bilchaataatti, gara aqiidaa (amantii) qulqulluutti nama baasuuf dhufe. Sammuu namaa, lubbuu fi guutuu qaama isaa bilisa baasee bifa haarayaan deebisee boce.

Aqiidaan (amantiin) kun kan ijaaramte safuulee ilaalchaa kan akka Rabbummaa, dimshaashummaa, madaala gama hundaa kan eegu, gadi dhaabannaa, toowhiida, qabatama yeroo waliin kan wal-simatu, gaarii hojjachuu, sosochii (tattaaffii) godhuu deeggaruu fa'arratti. Safuuleen kun hunduu walitti baquun walkeessa seentee wal-guuttee boca aqiidaa guutuu kan amantiin addunyaa tanarra jirtu guutuun walakkaa tokko kurnaffaa isaa hin geennerra gaye. Qabiyyeen boca aqiidaa kun hunduu amala uumama qulqulluu fi bilisaa waliin waan guutumatti wal-fudhatudha. Akkasumas dandeettii sammuu, hawwii isiin itti gayuuf tattaafattuu fi mul'ata isii waliinis wal-simata.

Ilaalchi Islaamummaa kophaa isaatti wanta hodhamaa wayiiti. Jibriin Rabbi hodhaa kana bifa raajiiitiin ittiin hodhe namarratti hojirra oolchuun ni ulfaata. Rabbiin qofatu sammuu haaraya amantii tana fudhatte akka itti qaree boce beeka. Isa qofatu akka isiin boqonnaa tokko malee yeroo hunda sosochootu godha. Sammuu haaraya tanaaf Rabbiin akeekkii fi mallattoo godheefi jira. saniin booda raajii kamiyyuu dalaguuf kutannoo qaba.

### **(3) Jijjiirama Beekkumsaa**

Jijjiirama amantiin Islaamaa fide keessaa inni biraa jijjiirama beekkumsaati. Bifa sammuum namaa kun hawaa, addunyaa fi argama kana hunda waliin jiraachuu ykn ittiin hubachuu danda'uun, bifa hamma dandeettii fi fedhii isaa waliin deemu kan amantiin Islaamaa namaaf kenne waliin wal-simatuun badhaafame. Qur'aana Rabbi kabajamaa keessatti jechi jalqaba dhufe jecha jijjiirama beekkumsaa waliin deemuudha.

أَقْرَأْ بِأَسْمِ رَبِّكَ الَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ الْإِنْسَانَ مِنْ عَلَقٍ ﴿٢﴾ أَقْرَأْ وَرَبُّكَ الْأَكْرَمُ ﴿٣﴾ الَّذِي عَلَّمَ بِالْقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ الْإِنْسَانَ

مَا لَمْ يَعْلَمْ ﴿٥﴾ العلق: ١ - ٥

*[Maqaa Rabbii si uumeetiin dubbisi. (Rabbii)ilma namaa kutaa foonii irraa uume. Dubbisi Rabbiin kee arjaadha. Isaa qalamaan barsiise. Ilma namaa waan hin beeyne ka barsiise] (al-Alaq: 1-5).*

Imala dheeraan, imala waggaa digdamii lamaa (22) kan Qur'aanni keessatti bu'uu jalqabee itti dhumate kana guutuu keessatti ilaalchuma kana lafa qabsiisuu, isaaf haala mijeessuu jijjiiramaaf karaa banuu fi beekkumsa barbaadamu kana gara qabatamaa guyyaa guyyaan ilmi namaa keessa jiraatuutti jijjiiruudha.

Yaamichi Qur'aanaa kan gocha dubbisuu, xiinxaluu, hubachuu, yaaduu fi gadi fageenyaan xiinxalanii hubachuu irraa burqe kun Qur'aana Rabbii keessa baay'ee faca'ee dubbatame. Gadaa Qur'aanni Makkatti fi Madiinatti buufame keessatti waa'een kanaa hin dhiifamne. Jechi dubbisi (qara'i) jedhu akkanumaan cal jedhee jecha jalqaba Qur'aana keessatti dhufee miti. Ammas sababaa gahaa tokkoon ala si'a lama irra deebi'amee keeyyata sadi keessatti hin dubbatamne. Ammas jechi barsiise jedhus cal jedhameetii miti si'a sadi ka dubbatameef, akkasumas jecha qalama jedhu kan meeshaalee namni ittiin baratu keessaa isa tokko ta'een walitt hidhamee dhufe.

Kana booda, turtii Qur'aanni keessatti buufamaa ture san keessa lolaan inuma yaa'a, yaamichi wal-duraa duubaan ittuma fufa: dubbisi, xiinxali, hubadhu, yaadi, ilaali, ilaalii guuttadhu fi

kanneen kana fakkaatan si'a heddu dededdeebi'an. Sammuun nama Muslimaa bifa haarayaan uf qaree uf bocee jijjiiramee, fuulleffannaa beekkumsaa kan amantiin haarofni irratti xiyyeeffate san waliin wal-simachuu dirqama qaba:

فَإِذَا قَرَأْتَ فَاتَّبِعْ قُرْآنَهُ ﴿١٨﴾ الْقِيَامَةِ: ١٨

[Yeroo nuti sirratti qaraanu (dubbisnu) dubbisa isaa cal'eensaan dhageeffadhu] (Al-Qiyaamah: 18).

وَقُرْآنًا فَرَقْنَاهُ لِتَقْرَأَهُ عَلَى النَّاسِ عَلَى مُكْثٍ وَنَزَّلْنَاهُ نَزْزِيلًا ﴿١٠٦﴾ الْإِسْرَاءِ: ١٠٦

[Qur'aana addaan qoqqoonnee (buufne), akka bifa suuta ta'een namarratti qaraatuuf. (Bifa addaan qoodiinsaatiin akka galtee fi taatee yerootiin) isa buufne] (al-Israa: 106).

الْأَجْرَابِ سَتْمًا وَظِلًّا يَبِيضُ الصَّافَاتِ مِنَ الْبَرِّ عَظْمًا فَضَلَّتِ السُّورَى الْخُرُوبِ الدُّجَانِ

الْحَائِيَةِ الْاِحْقَاطِ الْوَاقِعَةِ يونس: ٩٤

[Waan nuti sirratti buufne kana kan shakkitu yoo taate, warroota si dura kitaaba (Toowraat fi Injiila) dubbisan gaafadhu] (Yuunus: 94).

قَالَ تَعَالَى: ﴿يَسِّرْ لِلرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ أَعُوذُ الْقَتْمَانِ الْمَزْمَلِ: ٢٠﴾

[Hin tiksitanii beekke tooebaa (dhiifa) isiniif godhe. Qur'aana keessaa waan isinii laafe qara'aa (dubbisaa)] (al-Muzzammil: 20).

وَإِذَا قُرِئَ الْقُرْآنُ فَاسْتَمِعُوا لَهُ وَأَنْصِتُوا لَعَلَّكُمْ تُرْحَمُونَ ﴿٢٠٤﴾ الْأَعْرَافِ: ٢٠٤

[Yeroo Qur'aanni qara'amu (dubbifamu) gurraan isa dhageeffadhaa qalbiinis caqasaa akka tola Rabbii argattaniif] (Al-A'araaf: 204).

عَنْظُرُ مُضَلَّتِكَ الشُّجُورَى الرَّخْوَى ۚ الأعلیٰ: ٦

[*Yaa Muhammad! Qur'aana kana*) *Si qaraassifnaa (si barsiifnaa) hin irraanfatin*] (*al-A'ala*: 6).

لِلْمَائِدَةِ الْأَعْظَمِ الْأَجْرَفِ الْأَنْفَالِ الْبَوَيْتِ يُؤْنِسُ هُوَ يُؤْنِسُكَ مُحَمَّد: ٢٤

[*Sila Qur'aana gadi qabanii hin hubatanii moo onneewwan cufaa qabduratti buufame*](*Muhammad*: 24).

الْمُؤْمِنُونَ الْبَوَارِ الْفُؤْمَانِ الشَّجَرَةِ الْبَيْتِ الْفَضْلِ الْجَنَّةِ الْبُورِ الْقِسْمَانِ السَّجْدَةِ

الْأَجْرَانِ ۚ الْمُؤْمِنُونَ: ٦٨

[*Sila jecha gadi qabanii hin hubatanii. Moo waan abbootii isaanii ka jalqabaatti hin dhufintu isaanitti dhufe*] (*al-Mu'uminun*: 68).

أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ ۚ ص: ٢٩

[*Kitaaba (Qur'aanni) sirratti buufne kan barakaati. Akka isaan keeyyatoota isaa gadi bu'anii hubatanii fi warroonni sammuu qabanis akka yaadataniif (sirratti buufne)*] (*Saad*: 29).

كَلَّا إِنَّهُ تَذَكَّرٌ ﴿٥٤﴾ فَمَنْ شَاءَ ذَكَّرْهُ ﴿٥٥﴾ المدثر: ٥٤ - ٥٥

[*Inni (Qur'aanni) yaadachiisa. Namni barbaade ni yaadata*] (*al-Muddassir*: 54-55).

أَوَلَا يَذَكَّرُ إِلَّا نَسْنَأُ أَنَا خَلَقْنَاهُ مِنْ قَبْلُ وَلَمْ يَكُ شَيْئًا ﴿٦٧﴾ مريم: ٦٧

[*Sila hin yaadatuu ilmi namaa kun, dura yeroo jalqaba isa uumnu san dhabamarraa isa uumuu*] (*Maryam*: 67).

وَإِذَا ذَكَرُوا لِآيَاتِنَا لَا يَذْكُرُونَ ﴿١٣﴾ الصافات: ١٣

[Yeroo yaadachiifaman hin yaadatan] (Assaaffaat: 13).

وَأَذْكُرْتَ مَا يُتْلَى فِي بُيُوتِكُنَّ مِنْ آيَاتِ اللَّهِ وَالْحِكْمَةِ إِنَّ اللَّهَ كَانَ لَطِيفًا خَبِيرًا ﴿٣٤﴾  
الأحزاب: ٣٤

[Qur'aana Rabbii fi hikmaa isaa kan mana keessan keessatti dubbifamu (qara'amu) yaadadhaa (yaa dubartoota ergamaa Rabbii)] (al-Ahzaab: 34).

اللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الْبَقْرَةِ: ٦٣

[Waan isinitti kennine (Kitaaba) humnaan fudhaa. Waan isa keessa jirus yaadadhaa akka Rabbiin sodaattaniif] (al-Baqarah: 63).

الرَّجِيمِ صَدَّ اللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الْبَقْرَةِ: ٢٣١

[Tola Rabbi isinirratti oole yaadadhaa. Kitaabaa fi hikmaa isin irratti bu'es kan ittiin isin gorsuuf buuses (yaadadhaa)] (al-Baqarah: 231).

وَزَادَكُمْ فِي الْخَلْقِ بَصْرَةً فَأَذْكُرُوا آيَةَ اللَّهِ لَعَلَّكُمْ تَفْلِحُونَ ﴿٦٩﴾ الأعراف: ٦٩

[(Rabbi) qaama keessanitti fayyaa fi humna isiniif dabale. Akka milkooftaniif tola Rabbi isinirratti oole yaadadhaa] (al-A'araaf: 69).

الرَّحْمَنُ يَخْتَفِرُ فِي الْمَخْرَجَاتِ الشُّمُورِ الْخَرُوفِ الشَّجَرَاتِ الْجَائِيَةِ الْاِحْقَافِ مَجْمَعِ الْقَبَائِحِ الْمَخْرَجَاتِ

فِي الدَّارَاتِ الطُّورِ الْجَنَّةِ الْقَبَائِحِ ق: ٤٥

[Nama guyyaa beellamaatti amane Qur'aanaan yaadachiisi] (Qaaf: 45).

الرَّحْمَنِ الرَّجِيمِ صَدَّ اللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ الدَّارِيَاتِ: ٥٥

[Yaadachiisi, yaadachiifni nama Rabbitti amane ni fayyada]  
(Azzaariyaat: 55).

وَمَنْ أَظْلَمُ مِمَّنْ ذُكِّرَ بِآيَاتِ رَبِّهِ فَأَعْرَضَ عَنْهَا ﴿٥٧﴾ الكهف: ٥٧

[Nama Qur'aana Rabbii isaatiin gorfamee (fudhachuu) didee irraa deebi'e caalaa namni lubbuu ufii miidhe hin jiru] (Al-Kahfi: 57).

وَالَّذِينَ إِذَا ذُكِّرُوا بِآيَاتِ رَبِّهِمْ لَمْ يَخِرُّوا عَلَيْهَا صُمًّا وَعُمْيَانًا ﴿٧٣﴾ الفرقان: ٧٣

[Isaannan yeroo Qur'aana Rabbiitiin yaadachiifaman akka nama gurra hin qabnee ykn ijaan hin arginee cal-jedhanii bira hin kunne] (Al-Furqaan: 73).

وَسِعَ رَبِّي كُلَّ شَيْءٍ عِلْمًا أَفَلَا تَتَذَكَّرُونَ ﴿٨٠﴾ الأنعام: ٨٠

[Rabbiin kiyya beekkumsa waan hundaatuu gahaa qaba. Sila isaan hin yaadanii?] (Al-An'aam: 80).

وَمَا يَسْتَوِي الْأَعْمَىٰ وَالْبَصِيرُ وَالَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ وَلَا الْمُسِيءُ قَلِيلًا مَّا

تَتَذَكَّرُونَ ﴿٥٨﴾ غافر: ٥٨

[Jaamaa fi namni ija qabu wal-hin qixxaayu. Akkasumas namoonni (Rabbitti) amananii waan gaggaarii dalaganii fi kanneen (tokkichummaa) isaa morman wal-hin qixxaayan. Xiqqoma isii hin yaadanii?] (Gaafir: 58).

اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى ﴿١﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

صدقة الله العظيم بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الرعد: ١٩

[(Qur'aanni) Rabbiin biraa sitti buufame kun dhugaa ta'uu namni beeku akka waan nama ija hin qabneetii?] (Arra'ad: 19).



الْمَقْلَةُ الْمَجْلُولَةُ تَوَجُّعٌ لِلْمَرْكِ الْمُنْفَرِ الْعِيَامَةِ الْأَسْطَلِ الْبُرْسِيَّاتِ النَّارِيَّاتِ عَيْسَى

التَّحْكِيمِ الْإِنْفِطَالِ الْمَطْفُوفِينَ الزمر: ٩

[Jedhiin (yaa Muhammad!) namoonni waa beekanii fi kan waa hin beekne wal-qixxaayuu? Kan waa yaadatu warra sammuu waa hubattu qabu] (Azzumar: 9).

الشُّبُورَى الرَّخْوَى الشُّجَانَى الْمَنَافِيَةِ الْأَحْقَافِ مَحْمَدًا الْبَنِيَّاتِ الْمَخْرَجَاتِ فَتَى الدَّارِيَّاتِ الْبُلُوْرَى

الْبَحْتِيَّاتِ الزمر: ٢٧

[Ilma namaatiif Qur'aana kana keessatti akka isaan yaadataniif jecha fakkeenya keenneefi jirra] (Azzumar: 27).

وَمَنْ يُؤْتَ الْحِكْمَةَ فَقَدْ أُوتِيَ خَيْرًا كَثِيرًا وَمَا يَدْرَأُ إِلَّا أُولُو الْأَلْبَابِ ﴿٣٦٩﴾ البقرة: ٢٦٩

[Namni hikmaa kenname, dhugumaan waan baay'ee guddaa kenname. Namoota sammuu waa hubattu qaban malee kanneen hafan hin yaadatan] (al-Baqarah: 269).

الْمَنَافِيَةِ الْأَحْقَافِ مَحْمَدًا الْبَنِيَّاتِ الْمَخْرَجَاتِ فَتَى الدَّارِيَّاتِ الْبُلُوْرَى الْبَحْتِيَّاتِ الرَّخْوَى

الْوَالِيَّاتِ الْمَخْرَجَاتِ الْمَخْرَجَاتِ الْمَخْرَجَاتِ الْمَخْرَجَاتِ الْمَخْرَجَاتِ

آل عمران: ٧

[Warroonni beekkumsa keessa gadi lixanii beekan (Qur'aanatti) amanne, hundinuu Rabbiin biraa dhufe jedhu. Namoota sammuu waa hubattu qaban malee kanneen biraa hin yaadatan] (Aala Imraan: 7).

اللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الْأَنْعَامِ: ١٢٦

[Namoota yaadataniif mallattoolee addaan baafneefi jirra] (Al-An'aam: 126).

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْهُدَىٰ وَأَوْرَثْنَا بَنِي إِسْرَائِيلَ الْكِتَابَ ﴿٥٣﴾ هُدًى وَذِكْرَىٰ لِأُولِي الْأَلْبَابِ

﴿٥٤﴾ غافر: ٥٣ - ٥٤

[Muusaaf qajeelluma (kitaaba Toowraat) kennineef, ilmaan Israa'iilis kitaaba kana dhaalchifne. (Kitaaba) qajeellumaa fi nama waa hubatuuf yaadachiisa ta'u] (Gaafir: 53-54).

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ بِسْمِ اللَّهِ

الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ق: ٣٧

[San keessa nama qalbii qabuuf ykn nama gurra isaa ergisee hubateef gorsatu (yaadachiisatu) jira] (Qaaf: 37).

قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْحَاقَّةُ: ١٢

[Yaadachiisi isiniif godhuufi. Akkasumas akka gurri qaroo qabu (gorsa kanarraa) waa hubatuufi] (al-Haaqqah: 12).

إِنَّ هَذِهِ تَذَكُّرٌ فَمَنْ شَاءَ اتَّخَذْ إِلَىٰ رَبِّهِ سَبِيلًا ﴿١٩﴾ المزمّل: ١٩

[Kuni (keeyyatoonni Qur'aanaa tan gorsi adda addaa keessa jiru tuni) yaadachiisa. Namni fedhe karaa gara (Rabbiitti) isa geessu qabata] (al-Muzzammil: 19).

Jijjiirama adeemsaa ykn imaammataa keessatti, keeyyatoota Qur'aanaa kanneen hojiiwwan beekkumsaa kan akka, dhageettii, ilaalchaa, argaa, hubachuu, xiinxaluu, beekuu, qayyabachuu fi kkf irraa haasayan baay'inaan ibsina.

Akkaatammaan wal-qabannaa(wal-simiinsa keeyyatoota) Qur'aanaa fi odeeffannooleen isaa kan raajiin guuttaman jalqabarraa hanga dhumaatti, dirreewwan dhimma amantii, seeraa, naamusaa fi dhugaalee saayinsaawaa irratti akkaataan itti

dhiyaatanuu bifa argaa gadi buutee waa hubattuutiin sammuu qulqulluun osoo dubbisanii, sammuu namaa sosochoosee, burqaalee fi anniisaa isa keessa jiran dhodhoosee, qabiyyee isaa keessatti addummaa fedhii beekkumsa wantootaatiif qabu kan kallattii hunda marsee jiru kan uf keessatti hammateedha.

Qur'aanni yeroo jalqaba buufametti ummata beekkumsarraa hamma baay'ee xiqqaa ta'e malee hin kennamin, dhaloota haga dabre duudhaa gadaa wallaalaa (jaahiliyyaa), safuu isaa fi daa'imummaa ilaalchaa irraa hin qulqullaayiiniif gorsa kennaa ture. Garuu humna iimaanaa kan yaamicha amantii haarayaatiin guutame bareechee, sammuu isaanii irra deebi'ee bocee qaree akka inni ergaa haaraya kana hubatee, kallattiwwan baay'ee amantiin kun irratti fuulleffate hunda isaa beeku godhee qare. Kun hundi ka fiixa bayuu danda'een waan namni Musimaa beekkumsa horachuuf tattaafatuuf, waan inni waa gaggaafachuu, qorachuu fi addaan baafachuuf waa mormuu baay'isuufi.

Gadaan harka kennachuu, cal-jedhanii taa'uu, jiddu-galeessa dhimmootaa qofa jaalachuu dhumatee, gadaan dhiphinaa fi warraaqsa dhimmoota ijoo amantiin haarofni itti yaamu guutuuf dhufee jira.

Amantiin Islaamaa Qur'aanaa fi sunnaa ergamaa Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu*) keessatti dachii dheedhii margaa fi wantoota adda addaa irraa eega qulqulleesseen booda qotee, bishaan obaasee, biqiltuun gaariin akka biqiltu godhee jira. bu'aan kana booda argamu iddoo magariisa nama hawwatu kan kuduraa fi muduraan badhaadhe ta'a. wanti isarraa haamamus wantoota mimmi'aawoo ta'a.

Amantiin Islaamaa gadi bu'iinsa dhimmoota tokko tokkoon ilaaluutti hin dhimmamu. Kan inni itti dhimmamu qilleensa hojiif ta'uu fi fiixa bayiinsa hojii kan ulaagaalee fi seerota waa gumaachuu hunda guutate uf keessaa qabu argamsiisuu irratti fuulleffata. Ooyruu beekkumsaa kana keessatti, amantiin Islaamaa qilleensa kana uumuu danda'ee jira. Ilma namaa keessaa ummata sammuun isaa yeroo mara ifaaju kan dhala namaa dukkana keessa jiraatan hundaaf ifaa ibsee dukkana keessaa baase ergeefii jira.

Ifnanni qaroomni Islaamaa dhala namaatiif ibse kun, sababa qabsiisa beekkumsaa sammuun Muslima hundaa qabsiifateefi. Qabsiisni beekkumsaa kunis akka inni abdi horatee cimee itti amantummaa amantii haaraya kanaaf qabu raggaasifatu godhee jira.

#### **(4) Jijjiirama Adeemsaa**

Jijjiiramni inni biraa kan barbaachisummaan isaa jijjiiramoota kanaan dura dubbannee gadi hin ta'in, kan gama wayiitiin jijjiiramoota lamaan dabarsine waliin hidhata qabu; jijjiirama adeemsaati. Yeroo ammaa gaheen cimaan adeemsi soschii xiinxalaa fi qarooma dhala namaa hunda keessatti qabu guddaa akka ta'e ni beeyna. Ammas haguma feene osoo ifaajnee gumaacha feene goonee, adeemsa (imaammataan) alatti karaan kaayyotti nu geessu akka hin jirres inuma beekan.

Jijjiiramni adeemsaa kan sammuun Muslimaa ittiin qaramuu qabu, kan akka odeeffannoo fi gumaacha isa keessa jiruutti bocamuu qabu kallattii saditti babal'atee jira. isaanis:

sababummaa, seera seenaa fi adeemsa qorannoo shaakallii (miirawaa)ti.

Haga tokko kallattiiwwan sadeen kana tokko tokkoon ilaallee, kennaa guddaa amantiin Islaamaa sammuu dhala namaatiif kennee, akka inni irra deebi'ee uf bocu (uf qaru) isaaf mijeessee, wantoota (tooftaalee) waa kalaqiinsaa qaroomaaf geessuu kenneef kanas ilaalla.

### **a) Sababummaa**

Gama wal-simatiinsa Qur'aanaa gadi buunee xiinxalluutiin, keeyyatoonni isaa ifa galoo ta'an sammuu ilma namaatiif waa'ee hawaa, jireenyaa, ilma namaa fi waa'ee argamaa irraa ilaalcha qindaawaa akka kenneef ni argina. Sammuun namaa sababaa fi waan sababaan sun argamsiise xiinxaluun, hubachuu fi sirritti gadi buutee xiinxaluun wal-qabsiisaa deemti. Sammuun jibrii wantoota kanaa fi san walitti hodherra harka isaa kaayuuf hiixata. Qur'aanni kabajamaan sammuu Arabootaa; sadarkaa salphaa ilaalchi sammuu namaa baay'ee gadi bu'aa ta'e, kan irra gubbaa wanta tokkoo qofa ilaalu, sammuu wantoota uumama kana keessa jiran addaan ciccirtee gargar qoqqooddee ilaaltuu san keessaa akka bayu godhee jira.

Sammuu salphaan sun dandeettii waa walitti qabuu, waa wal-madditti ilaalu, waa wal-dorgomsiiisuu, wantoota wal-maddii qaban san keessaa waan isaan irratti wal-fakkaatan ykn amala ittiin adda adda ta'an addaan baasuuf dandeettii hin qabu. Dandeettii waa walitti surphuu fi wayirratti fuulleffatanii ergaa dhumaa wantoota san duubaa jiranitti gayuu hin qabu.

Qur'aanni kabajamaan sammuu hubannoon isaa salphaa ta'e kana irra deddeebi'iinsaan rukutuun bifa haarayaan irra deebi'ee bocee qaruun sammuu waa qindeessu, sammuu uumama dachii guute kana hubatee hariiroo jidduu isaanii jiru wal-maddii qabee ilaalee dhugaa silaa itti gayamuuf tattaafatamutti gayuu danda'u uumuu danda'ee jira. Inumayyuu tooftaaleen Qur'aana keessa qaccee tokkoo haga qaccee isa kaaniitti suuraa hunda keessa babal'atee jiru ilaalcha sababummaa uumamaa fi wantootaa bu'uura godhachuun raajii uumamaa fi tokkichummaa Rabbii waan hunda uumeetti gayutti yaama. Haala kanaan sababaa fi sababummaa yoo walitti hidhuu hin danda'in, sammun nama amanee itti amantummaa gayaa hin argatu, mallattooleen tokkichummaa Rabbii agarsiisan kanneen uumama, addunyaa fi argama hunda keessa faffaca'anii jiran sosochii gadi bu'iinsaan (dhugumaan) Rabbitti amanuu nu keessatti uumuu argamsiisuu hin danda'u. Mallattooleen kunis hariiroo addaan cituun hin malle kan jidduu uumamaa fi uumaa jiru ibsa.

Keeyyatoonni Qur'aanaa kanneen akka Muslimoonni ilaalcha qindoomaa kana horatanii fi jidduu sababootaa walitti hidhanitti yaamtu baay'ee waan ta'aniif, hunda ibsuuf iddoon nuuf hin gayu. Keessattuu keeyyatoonni Makkatti bu'an sammuu namaa aqiidaa haaraya irratti qaru irratti waan fuulleffateef akka sammun waa wal-moggaa qabdee, walitti fiddee, jidduu wantoota sababa ta'anii walitti hiitu irratti xiyyeeffatee jira.

Dhimma dhugumaan bifa gadi bu'iinsa qabuun amanuun wal-qabate kanarraa yoo kaanee, sammun Muslimaa

dirqamoota hunda ilaalcha kanaan hubata. Ganamaa galgala dirqama kana shaakallii irra oolchuun, seera dirqamaa kana jala deemuun hanga gaafa seera kanaaf madaqee ufitti fudhatuutti shaakallii isaa irraa gara duubaa hin jedhu. Haala kanaan hawaan, uumamnii fi argamni wanta walitti hidhata qabu, kan gariin isaa isa kaanirraa duroomu hin dandeennee fi kan hidhaa cimaan walitti hidhame ta'ee argame.

Gadaan addaan cicciruu, addaan qoqqooduu, gargar baasuu fi irra gubbaa dhimmaa qofa ilaaluu sun darbee jira. Hawaan dandeettii Rabbi waan haaraya kalaquuf qabu ibsu kun, seera tokko jalatti bula, sababaa tokko jalatti jiraata, seerri ittiin bulmaata isaas qaama bulchiinsaa tokkorraa baya.

Hawaan kun bifa barbaadamuun hubatamuu kan danda'u, yoo sammuu akkaataa waa walitti qabdu, sammuu waa walitti surphuu beeytu, sammuu waa wal-maddii qabdee wal-dorgomsiisuun galma gayuuf deemu sanirratti fuulleffachuu dandeettuun qofa. Sababa waan tokko duubaan jiru irraa haguuggii saaquu fi ulaagaalee adeemsaa horachuun sammuu dhaa namaatiif waan baay'ee guddaadha waan ta'eef, akka sammuu irra deebi'ee uf qaree waa gumaachuu fi kalaquu irratti dandeettii dabaataa argatuuf karaa bana.

## **b) Seerummaa Seenaa**

Seenaa xiinxalaa keessatti, yeroo jalqabaatiif waa'een dhugummaa adeemsaa sadarkaa baay'ee guddaa ta'een sammuu dhala namaatiif ifatti saaqamee agarsiifame. Seenaan dhala namaa kaayyoo tokkoon ala cal-jedhee kan naannayuu miti. Seenaanis, seerota fi sirnoonni akka hawaa, addunyaa bal'aa,

dhala namaa fi jireenya isaa daangessan saniin kan daangeffameedha. Taateewwaan seenaa keessatti uumaman tasa wanta argamanii miti. Taateen hunduu akka seera addaa wayiitti bifa kana ykn bifa san akka qabaatu taasifamee gara kallattii kanaa ykn saniitti akka fuulleffatu godhame.

Jechi Seeratu seenaa bulcha jedhu, buufamiinsa Qur'aanaatiin dura irra hin gayamne ture. Qur'aanni Rabbii akkaataa waliin jireenya seenaa dhala namaa irratti hundee adeemsa waliin jireenyaa guutuu ta'e lafa kaayee, waliin jireenya seenaa waliinii kan sadarkaa dhiyeessuu fi walitti qabuorra jiru kana gara sadarkaa seenaa sanirraa seerota argamoota hawaasaa ittiin bulchan irraa bocachuutti akeekke jira.

Ibnu Kalduunis seenaa irraa seera ittiin bulmaata taateewwan hawaasaa kana bocuuf yaalii godhee hayyoota falaasama seenaa isa booda dhufaniif akeekkii kaayee ture. Garuu hayyoonni isa boodaan dhufan eega jaarraan shan guutuun dabreen booda, akkeekkii san arganii bu'uura sochii isaanii godhachuu kan eegalan. Akeekni sunis: seenaalee Nabiyootaa kanneen Qur'aana keessatti dubbataman, seenaalee gareewwanii fi ummoota durii, seeronni fi heeronni warraaqsi seenaa imala isaa, guddinaa fi haala tokkorraa gara haala isa biraatti yeroo jijjiiramu jalatti bulu jiraachuu fa'a kan agarsiisuudha.

Qorattoonni fi hayyoonni falaasama seenaa ammayyaa hedduun isaanii, yeroo namni adeemsa kana yeroo jalqabaatiif shaakalee ibse Ibnu Kalduuni, isaan duratti yaaliin kamiyyuu



godhamee hin jiru yeroo jedhan dogongora guddaa keessatti kufanii jiru.

Adeemsi haaroyini Qur'aanni kabajamaan dubbate kun wanti inni irra deddeebi'iinsaan itti akeeku, seenaan barbaachisummaa isaa gaarii kan horatuu danda'uun, yoo dirree qu'annoo fi shaakallii kan safuulee fi seeronni sagantaaleen ammaa fi egaree kamiyyuu qajeelcha isaarratti malee hin bu'uureffamne qabaatedha. Galmeelee seenaa keessatti, akkaataan nuti seenaa itti dhiyeessinu akka riqicha dhiyeessii fi bu'aawwan isaa kan dhumaa baannee irra ceenuuti.

Qur'aanni yeroo jalqabaatiif sammuu dhala namaatiif waa'ee seeraa fi shari'aa kan sosochiin seenaa hundi akka inni jedhetti osoo irraa hin dabne ittiinbulu, kan xurree isaa irraa maquuf karaan biraa hin jirre nuuf dhiyeessee jira. Xurreen seenaan irra deemu kun dhuka boca dhala namaa fi handhuura odeeffannoolee isaa kan hin jijjiiramne kan fedhii, amala, xiinxalaa fi argama uumama namaa waliin deemu irraa burqe. Akkasumas Qur'aanni waa'ee hariiroowwan fi walitti dhufeenya mul'ataa fi dhokataa addunyaa dhalli namaa keessa sosocha'u kan bal'inaa fi dimshaashummaan isii naanoo ji'oogiraafii ykn haala diinagdee caalus dubbatee jira. kunis akka hojii seenaatiif hojiin safuulee dhaabbatoo (kan hin jijjiiramne) fi hundee ta'an nama keessatti babal'atuufi. Hojiiwwan kanarraa tarkaanfiiwwan namni seenaa irratti fudhatu (tarkaanfii gaarii ykn badaas ta'us) madda.

Kanarraa ka'uun murtiin sosochii seenaa irratti kennamu waan sammun namaa fudhattu ta'a. Sababni isaas murtiin kun gatii waan dalagameetiin guutumatti waan wal-fakkaatuufi.

Gatiin kunis ilma namaa hunda dhuunfaa fi gareen bifa guutumatti wal-qixa ta'een, bifa gosa seenaa isaan shaakalaa turan waliin wal-simatuun harki (bu'aan waan dalagee) kennamaaf. Kana yoo sirritti ilaallu, bu'aawwan taateewwan seenaa muraasa isaanii dursinee beekuu akka dandeenu Qur'aanni nutti hima. Kunis itti fufiinsa seerota seenaa fi yeroo dheeraaf turuu isaa irraa kaanee bu'aa seenaan tokko galmeessu dursinee beekuu waan dandeenuufi.

Faallaan kanaa immoo, seerota kana hojitti jijjiiruu irraa duubatti jedhuun ykn harkifachuun gara sosochii seenaa balleessuu fi bu'aan isaa seeraaf akka hin bitamne godha. Kunis murtiiwwan dhugaa fi wal-qixxummaa akka wal-faallessan godha. Akka keessi keenna tasgabbii argatuuf, Qur'aanni bakkee heddu keessatti seeronni seenaa kunniin kan hin jijjiiramnee fi kan yoomiyyuu hojirra oolan ta'uu isaa nuuf ibsee jira. Seeronni kunniin bu'uurumarraayyuu dhuka boca hawaa fi handhuura hariiroo ilma namaa fi addunyaa jidduu jiru keessatti argama.

Qur'aanni seerota kanarraa haguuggaa saaqee, jiraachuu isaa mirkaneessee, iddoon inni seenaa keessatti qabus guddaa ta'uu ibse. Seeronni kun kutaalee fi gadi bu'iinsa dhimmoota muraasaa yeroo gabaabduuf turturratti uf hin daangessan. Seeronni kunniin babal'ataa dhufuun, si'aa'Ina cimaa horachuun, taateewwan battalaa hedduu ta'an uf keessatti hammatee, kutaalee wantoota hedduus qixxisee, yeroo hundaa haamaa dhumaa, fakkii danuu fi sosochii seenaatiif ergaa ykn qajeelcha guddaa ta'ee argama.

Gabaabumatti wanti seeronni kunniin nuuf ibsan, seenaa keessatti sosochiin seenaa kamiyyuu tasuma wanta ta'ee miti.

Sosochiin namaa hunduu faallaa sosochii uumama dhala namaatiin alaa waan ta'eef, humna sammuu, lubbuu fi fedhiitiin kan guutameedha. Kana jechuun sosochii isaa keessatti guutumatti itti gaafatamaa waan ta'eef, cal-jedhanii qoosuu fi karooraan alatti sosocho'uun hin jiru. Ilmi namaa bilisummaa qabutti fayyadamee hojii bu'a qabeessaa fi karoorfamaa ta'e kan Rabbiin biratti itti gaafatamaa ta'uun hojjatee addunyaa tana ijaaroo, guddisuu fi misoomsuu keessatti qooda fudhachuun akka Nabiyyoonni Rabbirraa ergaman jedhanitti tarkaanfata.

Hariiroon faarfamtuun ilma namaa, Rabbii fi addunyaa jidduu jirtu tun dhabamtee, bilisummaa qaban seeraan ala itti fayyadamuun argamee, itti gaafatamummaan dhabamtee, karoorri sirrii fi ergaa qabeessa ta'e jiraachuu baatee safuun naamusaa (amala gaarii) qabaachuu kan sammuu, lubbuu fi fedhii irraa madde sun dhabamnaa, namuu homa ufii dalage argata waan ta'eef, dhalli namaa gara kufiinsaatti akka dhufu taasisa.

سُنَّةَ اللَّهِ فِي الَّذِينَ خَلَوْا مِنْ قَبْلُ وَلَنْ تَجِدَ لِسُنَّةِ اللَّهِ تَبْدِيلًا ﴿٦٢﴾ الأَحْزَابُ: ٦٢

[Kuni sunnaa (karaa) Rabbiin warra kanaan dura turanirratti karaa godhe. Sunnaa Rabbii yoomiyyuu ka jijjiiramtu hin argitu] (al-Ahzaab: 62).

فَهَلْ يَنْظُرُونَ إِلَّا سُنَّتَ الْأَوَّلِينَ فَلَنْ تَجِدَ لِسُنَّةِ اللَّهِ تَبْدِيلًا ﴿٤٣﴾ فَاطِرُ: ٤٣

[Waan Rabbi warra dabre irratti buuse (Balaa san) eeganii. Sunnaa Rabbii ka jijjiiramtu hin argitu. Sunnaa Rabbii ka geddamtu hin argitu](Faaxir: 43).

سُنَّةَ مَنْ قَدْ أَرْسَلْنَا قَبْلَكَ مِنْ رُسُلِنَا وَلَا تَجِدُ لِسُنَّتِنَا تَحْوِيلًا ﴿٧٧﴾ الإسْرَاءُ: ٧٧

*[Sun sunnaa Rabbii kan ergamtoota si dura turan birattis tureedha. Sunnaan keenna ka jijjiiramu hin argitu] (al-Israa: 77).*

وَمَا مَنَعَ النَّاسَ أَنْ يُؤْمِنُوا إِذْ جَاءَهُمُ الْهُدَىٰ وَيَسْتَغْفِرُوا رَبَّهُمْ إِلَّا أَنْ تَأْتِيَهُمْ سُنَّةٌ الْأُولَىٰ أَوْ يَأْتِيَهُمْ

الْعَذَابُ قُبُلًا ﴿٥٥﴾ الكهف: ٥٥

*[Ilma namaa eega qajeellumni (Qur'aanni)itti dhufe booda (Rabbitti) amanuu fi araarama isarra barbaaduu wanti isa dhoorge maali? Yoo wanti warra isaan duraa irratti karaa godhame akka itti dhufu barbaadan ykn azaabni (adabbiin) Rabbii akka fuul-dura isaaniitiion itti dhufu barbaadan malee] (al-Kahf: 55).*

وَلَوْ قَتَلْتُمْ الَّذِينَ كَفَرُوا وَالْوَلَوَاءَ الْأَدْبَرَ ثُمَّ لَا يُجِدُونَ بِنَا وَلَا نَصِيرًا ﴿٢٢﴾ سُنَّةَ اللَّهِ الَّتِي قَدْ خَلَتْ مِنْ

قَبْلُ وَلَنْ نَجِدَ لِسُنَّةِ اللَّهِ تَبْدِيلًا ﴿٢٣﴾ الفتح: ٢٢ - ٢٣

*[Warroonni kafaran osoo isiniin lolanii silaa injifatamanii dugda galan. Saniin booda jaalallee fi nama isaanii tumsu hin argatan. Kuni (kuffartoonni Qureeyshaa Muslimootaan injifatamuun) sunnaa Rabbiin warra asiin dura dabre irratti karaa godhe. Sunnaa Rabbiitiif jijjiirama hin argitu (yaa Muhammad)] (al-Fath: 22-23).*

### Seerotaa fi Qur'aana

Qur'aanni kabajamaanseeronni kunniin akka ragga'anii fi akka yeroo hundaaf turan kan mirkaneessu qofa osoo hin taane, gareen Mu'umintootaa ilaalcha dogongoraa kan ummatoota kanaan dura turan akka isaan dachii irraa dhabama

ta'an isaan godhe irraa akka fagaatan barsiisa, beekkumsaa fi safuulee gagaarii haala sosochii seenaa irraa fudhachuun, akka isaan humna hawaa fi uumamaatti sirnaan fayyadamuu qaban isaaniif akeeka.

فَدَخَلَتْ مِنْ قَبْلِكُمْ سُنَنٌ فَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُكْذِبِينَ ﴿١٣٧﴾ هَذَا بَيَانٌ  
لِلنَّاسِ وَهُدًى وَمَوْعِظَةٌ لِّلْمُتَّقِينَ ﴿١٣٨﴾ وَلَا تَهِنُوا وَلَا تَحْزَنُوا وَأَنْتُمْ الْأَعْلَوْنَ إِن كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ  
﴿١٣٩﴾ إِن يَمَسُّكُمْ فَرَحٌ فَقَدْ مَسَّ الْقَوْمَ فَرَحٌ مِّثْلُهُ وَتِلْكَ الْأَيَّامُ نَدَاوُهَا بَيْنَ النَّاسِ وَلِيَعْلَمَ  
اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا وَيَتَّخِذَ مِنْكُمْ شُهَدَاءَ وَاللَّهُ لَا يُحِبُّ الظَّالِمِينَ ﴿١٤٠﴾ وَلِيُمَحِّصَ اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا  
وَيَمْحَقَ الْكٰفِرِينَ ﴿١٤١﴾ آل عمران: ١٣٧ - ١٤١

[Isiniin dura ummatoonni turan sunnaan (kuffaartotaan injifatamuu) kun isaan mudatee jira. dachii keessa deema waan booddeen warra kijibdootaa ta'e ilaalaa. Qur'aanni kun ilma namaatiif ibsaa fi qajeelluma, warroota Rabbiin sodaataniif gorsa. Hin dadhabinaa hin gaddinaa, yoo ka Rabbitti amantan taatan isin injifattoota. Yoo madaanis kai sin hubu ta'e, ummatoota isin duraan turanis hubee jira. Guyyoota kanniin (guyyaa injifannoo fi moo'atamiinsaa) jidduu namaatti ni deddeebifna. Warri (Rabbitti) amanan (isaan kaawwan irraa) addaan baasee isaan kabajuufi. Rabbiin warroota lubbuu isaanii miidhan hin jaalatu. Rabbiin warroota amanan isaan (kafaran) irraa addaan fooyee warra isatti dugda deebi'an hoongessuufi] (Aala Imraan: 137-141).

وَلَقَدْ كَذَّبَ بِتُرْسُلِ مِنْ قَبْلِكَ فَصَبَرُوا عَلَىٰ مَا كَذَّبُوا وَآوَدُوا حَتَّىٰ أَنهَم نَصْرًا وَلَا مُبَدِّلَ لِكَلِمَاتِ اللَّهِ وَلَقَدْ  
جَاءَكَ مِنْ نَبِيِّ الْأَمْسَلِينَ ﴿٣٤﴾ الْأَنْعَام: ٣٤

[Ergamtoonni siin dura turan kijibsiifamanii, waan kijibsiifaman irrattis obsaa turan. Haga tumsi keenna isaanitti dhufutti miidhamanii turan. Jechi Rabbii hin jijjiiramu. Oduun ergamtootaa sitti dhufee jira] (al-An'aam: 34).

﴿ أَفَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَيَنْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ دَمَّرَ اللَّهُ عَلَيْهِمُ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا بِآيَاتِنَا ۖ أَفَلَمْ يَكُونُوا يَحْكُمُونَ ﴾ (١٠)

محمد: ١٠

[Sila dachii keessa deemanii booddeen warra isaaniiin dura turanii maal akka ta'e hin ilaalanii? Akka (Rabbiin) ganda isaanii irratti diige (hin ilaalanii?). warroota Rabbiin didaniifis (addabbima) akkanaatu isaan eeggata] (Muhammad: 10).

﴿ أَوَلَمْ يَهْدِ لَهُمْ كَمَا أَهْلَكْنَا مِن قَبْلِهِم مِّنَ الْقُرُونِ يَمْشُونَ فِي مَسْجِدِهِمْ ۚ إِنَّ فِي ذَلِكَ لَآيَاتٍ لِّأَفَلَا ۙ ﴾

يَسْمَعُونَ ﴿٢٦﴾ السجدة: ٢٦

[Sila (warri Kaafirootaa) kunniin ummatoota isaaniiin duraa meeqa akka galaafanne manneen isaanii (ganda isaan keessatti dhuman) keessa deemanii hin ilaalanii? San keessa isaaniiif mallattotu jira hin dhagayanii] (Assajdaa: 26).

﴿ وَيَسْمَعُ جُلُودُكَ بِالسَّيِّئَةِ قَبْلَ الْحَسَنَةِ ۚ وَقَدْ خَلَتْ مِن قَبْلِهِمُ الْمَثَلَتُ ۗ وَإِنَّ رَبَّكَ لَذُو مَغْفِرَةٍ لِّلنَّاسِ ۖ ﴾

عَلَى ظُهُورِهِمْ ۗ وَإِنَّ رَبَّكَ لَشَدِيدُ الْعِقَابِ ﴿٦﴾ الرعد: ٦

[Warroonni (si kijibsiisan) osoo Rabbitti hin amanne (akka ati adabbii Rabbiitiin) isaanitti ariifattu barbaadu. Isaaniin dura (warra ergamtoota kijibsiise) irratti murtiin (adabbii) dabree jira] (Arra'ad: 6).

### C) Adeemsa/Imaammata Qorannoo Miirawaa Ykn shaakallii

Garuu, sababummaa fi seerummaan seenaa walitti ida’amee, beekkumsa sammuu nama Muslimaa fi sammuu dhala namaa guutuun argate, kan adeemsa ykn imaammata qorannoo miirawaa ykn shaakallii Qur’aanni kabajamaan haguuggii irraa saaqee, qindeessee dhala namaatiif mirkanesse kana hin gayu.

Qur’aanni akka ilmi namaa argama isaa gadi qabee hubatuu fi hariiroo uumama waliin qabu gara wantoota naannoo isaa jiran iddoo faana isaaniitiin dhaabatan irraa eegalee hanga gubbaa hawaa guutuuttiqaamota miira isaaniitiin akka sirritti hubachuu qaban ajajee jira. Qaamota miiraatti itti gaafatamummaa guddaa itti kennuun, tarkaanfiilee namni Muslimaa gama qu’annoo, xiinxalaa, hubannaa, beekkumsaa fi shaakalliitiin godhan hundi uf eeggannaan ta’uu akka qabu akkana jechuun ajaje:

الْبَحْرَيْنِ الْمَالِكِ الْعَبْدِ الْمُقَلِّدِ الْمُحَلِّلِ نَوْحِ الْخَنَزِيرِ الْمُنْكَرِ الْمُنْكَرِ الْفَيْسَمَةِ الْاِسْتِكْ الْمَسْتَلَاتِ  
النَّبِيَّ الْقَارِعَاتِ عَسِيْرَ التَّكْوِيْنِ الْاِنْفِطَارِ الْمَطْفِيْنِ الْاِسْرَاءِ: ٣٦

[Waan beekkumsa isaa hin qabne keessa hin seenin. Gurri, ijji fi onneen hundi isaaniituu ni gaafatamu] (al-Israa: 36).

Ammas akka ilmi namaa waan naannoo isaa jiru sammuu waa hubattuun gadi qabee ilaalu yeroo ibsu akkana jedhe:

رَبِّ الْبَحْرَيْنِ عَنَظْلِ قُضَاةِ الشُّوْرَى الرَّخْوَةِ الدُّجَانِ الْمُنَافِيَةِ الْاِحْقَاقِ مُحَمَّدِ الْعَبْدِ  
الْمُحَرَّرِ فَتِ الدَّارَاتِ الطُّورِ الْبَحْرِيَّ الْفَيْسَمَةِ الرَّجْمِ الْوَالِغَةِ الْمُنَادِيَةِ الْمَحَاذِلَةِ الْمُنْتَهَى

لِلْمُتَّحِنَةِ الصُّوْفِ الْمُبْتَدِئَةِ الْمُنَافِقِينَ النَّجَابِينَ الطَّلَاقِ الْبِغْيَانِ الْمَلِكِ الْبَغْيَانِ ٤٤ - عيس: ٢٤ -

٣١

[Ilmi namaa gara nyaata isaa haa ilaalu. Nuti (samirraa) Rooba itti roobsinee jirra. Saniin booda dachii baqaqsinee isii irraa biqiltuu magarsiifne. Inabaa fi qadbi, zeeytuunaa fi timira irraa biqilchine. Iddoo magariisa guddaa ta'e ittiin biqilchine. Muduraa fi Abbaa goonee jirra] (Abas: 24-31).

Ammas akka ilmi namaa gara uumama (akkaataa uumama) isaa ilaalu yeroo isa ajaju akkana jedhe:

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ الطَّارِقُ: ٥

[Ilmi namaa maalirraa akka uumame haa xinnxallu] (Axxaariq: 5).

Ammas Rabbiin guddaan akkana jedhe:

الرُّؤُفَا لِقَمَانِ الْبَغْيَانِ الْأَجْرَانِ سُبْحَانَ عَطْرِ الْبَغْيَانِ الأعراف: ١٨٥

[Sila (isaan) gara dandeettii fi mootummaa (Rabbii) Kan dachii fi samii keessa jiru hin ilaalanii] (Al-A'araaf: 185). Ammas seenaa fi haala sosochii ilmi namaa dachii irratti taasisus akkana jechuun nuuf hima:

أَفَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَيَنْظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ كَانُوا أَكْثَرَ مِنْهُمْ وَأَشَدُّ قُوَّةً

غافر: ٨٢

[Sila dachii keessa deemanii booddeen ummatoota isaaniin dura turanii kan jajjabinaa fi humnaan isaan caalanii maal akka ta'e hin ilaalanii] (Gaafir: 82).

Ammas akka gara uumama Rabbii ilaalan yeroo ibsu akkana jedha:





Ammas jireenya jalqabaa akkamitti akka jalqabe, akkamitti guddataa akka dhufe ilaalaa nuun jedha:

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ بَدَأَ الْخَلْقَ ﴿٢٠﴾ العنكبوت: ٢٠

[Dachii keessa deemaa, waa uumuun akkamitti akka jalqabe ilaalaa] (Al-Ankabuut: 20).

Qur'aanni kabajamaan akka ilmi namaa gurra isaa gara kallattii sagaleetti fuullessee waa addaan beekke addaan baafatee, saniin booda yoo fedhe waan san fudhatee (tole jedhee) ykn akka diduu qabu ajaje. Filannoo xiinxalarratti hundaa'erraa limaannis dhalata:

يُؤْتِيكُمُ الرِّسَالَاتِ الْإِسْرَائِيلِيَّةَ الْحَجَرَ الْحَمَلَةَ الْإِسْرَائِيلِيَّةَ الْكَهْفِ مَرْكَبًا طَائِرًا الْأَنْفَال: ٢١

[Akka warra osoo gurraan hin dhageenne dhageennee jirra jedhanii hin ta'inaa] (Al-Anfaal: 21). Ammas Qur'aanni gara kallattii biraatti fuulleffachuun, akka ilmi namaa ija isaanii olii fi gadi sosochoosuu qaban ajaje. Ijji yeroo hundaa waan qaamni miiraa (dhageettii, argaa, tuttuqaa fi kkf) itti dhagayame isitu hubata. Eega argiteen booda itti gaafatamummaa isii fudhachuun, dhugaa seeronni hawaa fi uumamaa hundi irratti bu'uureffamanitti gayuuf jecha, miira argame kana walitti qindeessitee, addaan footee, madaaltee, addaan qoqqooddee keetti.

فَدَّجَاءَكُمْ بَصَائِرٌ مِنْ رَبِّكُمْ فَمَنْ أَبْصَرَ فَلِنَفْسِهِ وَمَنْ عَمِيَ فَعَلَيْهَا ﴿١٠٤﴾ الأنعام: ١٠٤

[Qajeellumni (Ifnanni) isinitti dhufee jira. Namni (qajeelluma ykn ifaa san) argee (itti amane) matama isaatiifi, kan (qajeelluma san arguu didee) jaames matama isaa miidhe] (al-An'aam: 104).

Sammuu fi qaamoleen miiraa hunduu itti gaafatamummaa qabu. Itti gaafatamummaa waa qorachuu, addaan babaasuu fi waa filachuu irratti qaamni tokko isa kaanirraa adda hin bayu. Ilmi namaa immoo biyyee bineensonni biraa irraa uumamanirraa adda waan ta'eef, itti gaafatamummaa kanaan qormaataamee jira:

إِنَّا خَلَقْنَا الْإِنْسَانَ مِنْ نُطْفَةٍ أَمْشَاجٍ نَبْتَلِيهِ فَجَعَلْنَاهُ سَمِيعًا بَصِيرًا ﴿٢٠﴾ الإنسان: ٢

*[Nuti ilma namaa bishaan dhiiraa fi dubartirraa bayurraa walitti maknee uumne. (eega uumneen booda) isa qormaanna. Kan waa Dhagayuu fi argu isa goonee jirra] (al-Insaan: 2).*

Ammas keeyyatoonni Qur'aanaa waluma duraa duubaan itti fufuun, dhageettiin, argaa fi onneen walitti qabamanii jireenya ilma namaa kanaaf gatii kan kennanii fi kan adda isii godhan ta'uu nuuf ibsa. Ilmi namaa humna sadiin kana itti fayyadamee, foddaa argaa fi hubannaa isaa ittiin bal'ifatee, anniisaa qabu hunda hanga dhumaatti yoo seeraan hojirra oolche, muummee ykn fiixee injifannoo saayinsii fi amantiitti gaya. Injifannoon kun immoo jiddu-galeessummaa addunyaa hundarratti mataa ta'uu fi dachii irratti bakka bu'aa Rabbii ta'uu sanitti isa geessiti.

Ilmi namaa kun anniisaa argaa, dhageettii fi hubannaa qalbii isaa kanatti fayyadamuu dhabee, geengoo anniisaa kana haguugan ufirraa saaquu dhiisee, haguuggaa isarratti cufames ufirraa kaasuu didee yoo hafe, ufuma isaatii iddoo gadi aantuu Rabbi gaafa gurra, ijaa fi qalbii isaaf kenne san isaaf hin filatiniif ufumaa filate. Iddoon (sadarkaan) sunis, sadarkaa horii fi bineensotaati.

﴿سُورَةُ النَّازِعَاتِ﴾ البقرة العنبرانية النبوية محمد: ٢٣

[Jarri sun warra Rabbiin isaan abaaree, gurra isaanii duuchee ija isaaniis jaamse] (Muhammad: 3). Keeyyatoonni Qur'aanaa hedduun kan lakkoofsi isaanii shantamatti dhiyaatu, akka ilmi namaa furtuu Rabbi isaaf kenne sammuu tana sosochoosee, qu'annooleen, argannoolee fi gumaachi shaakalaa hundi akka galma isaa gayuuf jecha sammuu irratti akka irkachuu ykn hundaa'uu qabu ibsu:

لِلنَّازِعَاتِ الْأَعْطَلِ الْجُرُفِ الْأَمْشَاكِ الْبُرْجِ الْيُونَيْنِ هُمْلًا يُؤْمِنُونَ ٢٤٢ البقرة:

[Haala kanaan Rabbiin mallattoolee isaa isiniif ifa godha. Kunis akka isin waa hubattaniifi] (al-Baqarah: 17).

Keeyyatoonni biraa immoo, ilma namaa gara xiinxala gadi bu'iinsa fi waa hubannaa qabu, kan waan naannoo isaa jiru hunda (wantoota, argamootaa fi anniisaa) hundarraa itti gaafatamu ta'uu isaa nuuf ibsu:

قُلْ هَلْ يَسْتَوِي الْأَعْمَىٰ وَالْبَصِيرُ أَفَلَا تَتَفَكَّرُونَ ﴿٥٠﴾ الأنعام: ٥٠

[Jedhiin (yaa Muhammad) jaamaa fi namni ija qabu wal-qixaa? Sila hin xiinxallitanii?] (Al-An'aam: 50).

Wanti xiinxalaan jedhamu hubannaafis ni jedhama. Hubannaan xiinxala caalaa gadi bu'anii waa ilaaluudha. Akka ilmi namaa waan naannoo isaa marsee jiru kana sirritti ayyabatu godha. Ammas kaayyolee dachii kanarratti uumamee fi hariiroo hawaa waliin qabu bifa gadi bu'iinsa qabuun akka beekuuf isa gargaara. Hubannaan yeroo marayyuu akka ilmi namaa ija isaa

banatee deemuu fi cufuma waan addunyaa kanarratti isa qunnamanii hundaaf qophaayaa ta'ee akka faana fuudhuuf isa gargaara:

فَالَهُؤُلَاءِ الْقَوْمِ لَا يَكَادُونَ يَفْقَهُونَ حَدِيثًا ﴿٧٨﴾ النساء: ٧٨

[Maal wanti tuuta kanaa kan haasaya namaa hin hubanneef] (Annisaa: 78).

Qur'aanni tooftaa ragaa ittiin dhiyeffatanii fi mormii gaarii ragaan deeggarama ittiin gaggeessanii bu'aa sirrii waa dubbisuu, wal-maddii qabuu, wal-madaalsisuu fi odeeffannoolee miira alaa kan irratti walii galamaa ta'ee fi dandeettii sammuu odeeffannoolee kanarraa akkamitti akka fayyadamtu beektu bu'uura godhachuun waa addaan fooyuu irratti hundaa'erra gayuu akka qabnu nuuf ibsee jira:

وَقَالُوا لَنْ يَدْخُلَ الْجَنَّةَ إِلَّا مَنْ كَانَ هُودًا أَوْ نَصْرَىٰ ۗ تِلْكَ أَمَانِيُّهُمْ ۗ قُلْ هَاتُوا بُرْهَانَكُمْ

إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿١١١﴾ البقرة: ١١١

[Yahuudaa ykn Kiristaanota malee eennummaanuu Jannata hin seenu jedhan. Sun fedhii (hawwii) isaaniiti. Yoo dhugaa ka dubbattan taate ragaa (waan dubbattanii kana) fidadhaa jedhiin (yaa Muhammad)] (al-Baqarah: 111).

Beekkumsi qayyabannaa isaa ifa galaa fi dimshaashawaa ta'een kanaa fakkaata. Hawaasa jireenya isaa amantii kana godhachuu jaalatuuf ykn karaa isaa karaa qajeelaa Rabbii kana godhuu barbaaduuf, beekkumsi si'eessituu guddaadha. Dhugaan biraa kan asitti dubbachuun baay'ee barbaachisaa ta'e; jechi beekkumsa jedhu Qur'aana keessatti yeroo heddu irra deddeebi'iinsaan dubbatame. Jechi kunis bifa amantii Rabbi

nabiyyoota barsiiseetiin, bifa seerota Rabbiin dandeettii fi mootummaa isaa ittiin cimsateetiin, bifa dhugaalee gurguddoo Rabbiin bira jiranii kan kitaaba (loowh al-mahfuuz) keessatti barraayaniitiin, bifa safuulee amantii kanneen samirraa buufamanii faallaa seetee fi fedhii namaa ta'aniitiin dubbatame.

Haala Kanaan akka afaan Qur'aanaatti, abeekkumsaa fi amantiin tokko ta'ee argame. Jechoonni Rabbii waan isaan hin malle hundarraa qulqullaayee dhugaa kana nu barsiisu, iddoo beekkumsaa fi amantii qajeellumaa nutti garsiisu. Dhugaa fi amantiin qajeellumaa kunis wal-keessa seentuu fi kan yeroo dheeraaf akka Rabbi fedhetti turtuudha malee akka namoonni jidduu jechoota lamaanii addaan fooyuuf tattaafatanii fi akka fedhii isaanii hin ta'u.

وَلَيْنِ أَنْبَعَتَ أَهْوَاءَهُمْ بَعْدَ الَّذِي جَاءَكَ مِنَ الْعِلْمِ مَا لَكَ مِنَ اللَّهِ مِنْ وَلِيٍّ وَلَا نَصِيرٍ ﴿١٢٠﴾ البقرة: ١٢٠

[Eega wahyiin (Qur'aanni) sitti buufameen booda fedhii isaanii (yahuudaa fi kiristaanotaa) jala ka deemtu yoo taate, Rabbiin biratti jaalalleen si fayyaduu fi namni sii tumsus hin jiru] (Al-Baqarah: 120).

الْمَنَائِبِ الْأَخْفَاكَ مَحْتَمِلًا الْفِتْنَةَ الْمَخْرُجَاتِ مِنَ الذَّلِيلَاتِ الْغُلُوكِ الْغَيِّبِ الْفَتَنِ الْفَتَنِ الْفَتَنِ

الْوَعْدَةِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ الْمَخْلُوكِ  
٧: آل عمران

[Warroonni beekkumsa sirritti keessa lixanii qaban, (Qur'aanatti) amanne, hundi isaatuu Rabbii keennarraa dhufe jedhu. Namni sirritti gadi bu'ee (hiika Qur'aana kanaa) hubatu warra sammuu waa yaaddu qabuudha] (Aala Imraan: 7).

﴿سُورَةُ الْفَاتِحَةِ﴾ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ الْبَقَّةُ  
النساء: ١٥٧

*[Waa'ee (nabi Iisaan ajjeefame jedhanii odeessan) irraa beekkumsa wayiituu hin qaban, homa isaanitti fakkaate qofa hordofuu malee] (Annisaa: 157).*

مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ ﴿٢٣﴾ الأحقاف: ٢٣

*[(Nabi Huud yeroo gosti isaa mee ibidduma nuun sodaachiftu sanuu Rabbiin kee nurratti haa buusu ni laalla jennaan) akkana jedheen, (yeroon Rabbi balaa isinitti buusu yoom akka ta'e) beekkumsi isaa Rabbiin bira jira. ani waan ittiin ergame qofa isinitti geessa] (Al-Ahqaaf: 23).*

Keeyyatoota waa'ee kanaa dubbatan hunda asitti dhiyeessuuf nutti baay'ata. Haa ta'u garuu jechi beekkumsa (al-Ilmi) jedhu bifa maxxantuulee isaa gara garaatiin keeyyatoota dhibba torbaa fi shantamaa ol keessatti dubbatamee jira.

Kana booda eennummaanuu amantiin Islaamaa hojiiwwan qaroomaan wal-qabatan ilaalchisee gama kallattiiwwan naamusa gaarii fi afuuraa qofarratti fuulleffate namni jedhu hin jiru. Amantii Islaamaa keessa keeyyatoota hedduu kan dhala namaa irraa warra Rabbitti amanan akka handhuura addunyaa fi uumama guutuu qoratan ajajjutu jira, keeyyatoota akka ilmi namaa seerotaa fi heerota biyyee hunda qoratee, dhuka hariiroo qabeenyaa kan kutaalee wantootaa fi wantoota sanii gadii kanneen baay'ee xinnaa ta'an (atom) qoratan ajajjutu jira.

Amantii keenna keessa ajaja sochii qaroomaa dimshaashawaa kan dhimmi Rabbitti amanuu fi dhimmi waa kalaquu fi waa qorachuu walitti hidhu, ajaja waan Rabbiin biraa dhufe tole jennee ufitti fudhachuu fi uumama kana bu'aa bayii isaa hunda keessa garmaamnee beekuu, ajaja ilma namaatiif

sadarkaa lubbuu ol'aanaa ta'e lafarratti mirkaneessuu fi anniisaawwan addunyaa kanarra jiran hunda bifa gaariin fayyadamnee gama sadarkaa meeshummaa (qabeenyaatiinis) ilma namaatiif guddina guddaa ta'e akka galmeessuu qabnu jidduu jirra. Amantiin Islaamaa guyyaa tokkos jidduu kanaa fi sanii addaan baasee hin beeku.

### **Kutaa Lammaffaa:**

#### **Kallattiwwan Mirkaneeffannaa Seenaa**

Jijjiirama gurguddaa gama aqiidaa, beekkumsaa fi adeemsaatiin dhufeen bu'aan guddaan argame: sammuu qaramte (bocamte) tan waa hubachuu, hojjachuu, itti dabaluu fi waa kalaquuf dandeettii gahaa qabdu argamsiisuu danda'uudha.

Haala kanaan, jijjiiramni qaroomaa guddaan kan Muslimoonni galmeessanii jaarraalee hedduuf gumaachaa fi ifnana ittiin argamsiisan kun kan argamuu danda'een, sababa sammuu amantiin Islaamaa qaree, jijjiirama guddaa akka



argamsiisuu danda'utti bocee, akka isiin gahee dimshaashawaa qarooma Islaamaa bocuu fi duroomsuu danda'u argamsiisutti waan qareefi.

Jijjiiramni qaroomaa kun kallattima kamiinuu jijjiiramoota sadeen gubbatti tarreessine sanii gadii miti. Inumayyuu jijjiiramoota sanniiniif karaa saaqeefi jira. Gaheen jijjiiramni kun qabu baay'ee guddaa waan ta'eef, akka sadarkaa ji'oogiraafii Islaamaatti qofa osoo hin taane, akkuma guutuu ji'oogiraafii addunyaattis seenaa ragaan bayameef ta'ee argamee jira.

Xiinxalli ykn hojiin sammuu kun humnootaa fi tattaaffiiwwan ilmi namaa kallattii biraatiin argamsiisaniin walitti ida'amee qarooma addunyaaf gumaachuu danda'ee jira. Ilaalchi tiyooriiwwan gariin kan qarooma addunyaatiif gumaacha guddaa godhe sammuu osoo hin taane saayinsii ammayyaa qofa jedhu sirrii miti. Akkaataan bocama qaroomaa hojii sammuu irratti jijjiirama akka qabuu fi qajeelcha sammuuf kennuu irratti gahee akka qabu ni beekama. Garuu furtoon sochii fi jechi guddaan (tarkaanfiin cimaan) jalqabaa fi dhumaa sammuudha.

Amantiin haaroyini sammuu Islaamawaa fi si'aa'aa ta'e bifa amma dubbanne kanaan qaroo fi sadarkaalee hundarratti (gama aqiidaa, beekkumsaa fi adeemsaatiin) jijjiirama hundee irraa dhufe argamsiisuu danda'uun akka bu'uura burqaa anniisaa eega ulaagaaleen isaaf guutamuuf malu hundi guutameef booda bu'aa irraa eeggamu bifa gaariin argamsiiseeti.

Har'as humni addunyaa kanarra jiru guutuun osoo walitti qabamee akka Muslimoonni gumaacha qaroomaaf qaban saniif

kaka'an goona jedhee ka'ee, haga isaan ulaagaalee fi seerota isaan irraa barbaadaman san hunda guuttatanitti, hanga isaan jijjiiramoota aqiidaa, beekkumsaa fi adeemsaa bifa kutannoon guutameen argamsiisanitti fiixa baasuun hin danda'amu.

Seenaan qarooma Islaamaa kan kalaqiinsaana guutame saniif ragaa guddaadha. Gamaaggamiinsa dhumaa yoo ilaalan dhimmichi dhimmi yeroo fi bakkatti, ilaalcha amantiin kun qabatee dhufeen fiixa bayee, amantiin sanitti gargaarsifatee sammuu, afuuraa fi onnee namaa irra deebisee qaree boce fakkaata. Osoo akkas ta'uu baatee, sammuu Arabootaa kan aadaa ykn duudhaa durii saniin guutame sun, tokko kurnaffaa waan sammuu Muslimaa eega qaramee bocameen booda dalagaa jiruu kana dalaguu hin danda'u ture.

Hojiin qarooma Islaamaa kallattiiwwan sadeen (aqiidaa, beekkumsaa fi adeemsa) kanatti babal'atee haguuguun, dhumarratti wal-utubuun argama qarooma Islaamawaa cimsee duroomsuunyaa'iinsa burqaa qarooma dhala namaa gumaacha gara garaatiin miidhagsuudha.

Kallattiiwan kanniin keessaa inni duraa, qaroomni Islaamaa duudhaalee qarooma dhala namaa kan gadaa isaatiin dura turan kabajuu isaati. Sammuun haaroyyi amantiin Islaamaa boce kan kiyya malee jedhuun daangaa uffi qofarratti gabaabatuu miti. Aqiidaan amantiin kanaa sammuu namaa banamiinsaa fi dandeettii jijjiiramiinsa fi qarooma hundaaf banaa ta'uurratti waan boceef, duudhaaleen kunniin isa biratti shaakallii guyyaa guyyaaniin fi aadaa baratamaa ta'aa dhufee jira. duudhaalee fi aadaawwan alarraa itti dabalaman kunis diriiraa

dhufuun imala amantii dheeraa kana galmaan gayuu keessatti gahee qabu.

### **Filannoo Qaroomaa**

Sammuun nama Muslimaa kun kennaa (gumaacha) qaama biraa ka diduu miti. Haa ta'uu garuu guututtis waan hunda kan ufitti fudhatuu miti. Gama ilaalcha aqiidaa isaatiin boca isaa ka addaa keessaa madaala dhugaarratti hundaa'ee fi safartuulee gadi bu'iinsaan waa ibsan uf keessaa qaba. Safartuulee fi madaallan kanatti dhimma bayuun maal akka fudhachuu qabuu fi maal dhiisuu akka qabu sirritti beeka. Sammuun Muslimaa muuxannoolee namoota biraa irraa sirritti fayyadamuun shaakallii ijaarsa qarooma mataa isaa gaggeessaa ture.

Qaroomni dhala namaa hunduu, kan ilaalcha amantii irraa ijaaramee fi kan namaan bocames, namni Rabbitti amane kan bocee fi kan Kaafiraan bocames, qarooma Islaamaa keessatti simannaa bareeda argata.

Qaroomni addunyaa hunduu: kan Girikootaa, Roomaanotaa, Biizaantaaniyyootaa, Heelenotaa, Pershiyaanotaa, Hindootaa, Turkootaa, Chaaynotaa fi kanneen biraa, akkasumas duudhaaleen gareewwanii fi ummatoonni dachirra jiraataa turanii kan akka: Aaraamiyaa, Nabxiyyaa, Gibxii, Feeniiqiyaa fi kanneen biraa, sammuu Islaamaa akka dirree qonnaatti keessa imaluun irraa fudhataa, itti didaa, keessaa filatee, qoratee cuunfee, keessaa gatee, addaan fooyee filataa ture. Imala ooyruu bal'aa keessa jooruu kanarraa fayyadamee maaltu akka isaa bu'aa buusu, ammas maaltu akka dhibee qabuu fi isa miidhuu

danda’u addaan beekke jira. Kanaafuu maal akka fudhachuu qabuu fi maal akka diduu qabu sirritti beeka.

Akkaataan fudhannaa isaas cal-jedhee ka ergifatu osoo hin taane, alanshee, qoratee, qu’atee, sirritti gamaaggameeti. Kayyoon isaa ilma namaatiif muduraa fi daraaraawwan gosa kumaatamaan lakkaayaman, kan bocaa fi dhandhamni isaa gara gara ta’e, kan garuu bishaan tokkoon ubaafamu dhala namaatiif dhiyeessuudha.

Qaroomni Islaamaa kan sirritti gadi bu’iinsaan waa hubatee, gamaaggamee madaalu kun, akka sadarkaa qarooma Islaamaatitti qofa osoo hin taane, akkuma guutuu qarooma hundaatti bu’aa guddaa mirkaneessee jira. Qarooma kana keessatti gumaachi addaa kan baay’ee bareeda ta’ee fi hojiin addaa kan qaroomni isaan dura turan kamiyyuu bifa baay’ee bal’aa ta’e Kanaan hin dalagin kan inni qofti dalage: duudhaalee qarooma dhala namaa kunuunsuun kufiinsa, dagatamiinsaa fi dhabamiinsarraa akka baraaramaniif haala mijeessuu isaati.

Hayyuun Luwiis Yoongi jedhamu akkana jedhe:

Haala Kanaan Muslimoonni iddoolee Impaayera isaanii haaraya keessa taa’anii, qarooma heddu waliin hariiroo cimaa qabu. Qaroomni isaanii hog-barruulee afaan Giriikiin, Siryaaniyyaa fi Bahlooyaatiin barraaye hedduun kan miidhageedha. Saayinsiiwwan hedduu kan sammun Araboota gadaa *wallaalaa (jaahiliyyaa)* hubachuu hin dandeenne hunda kan hubataniidha. Laggeen heddutu madda qarooma Islaamaatti gala (yaa’a). san keessaa irra ciccimaan madda qarooma Heeleeniyyaa, qarooma Pershiyaanotaa kan xiinxala siyaasaa fi aadaawwan hawaasummaa irratti jijjiirama fide, qarooma

Hindootaa kan saayinsii fayyaa keessatti baay’ee gumaache, akkasumas Hirreega keessattis gumaacha godhuun kan Araboonni lakkoofsa Hindii irraa ergifatan”.

Ammas yaada isaa itti fufuun... Araboonni seerota bulchiinsaa fi siyaasaa garii kanneen biyyoota banaa ta’an keessatti hojirra oolan ergifatanii jiru. San keessaa, dhaabbilee Biizantaaniyyootaa irraa yaada galmeewwan too’annaa jedhamu fudhatan. Seera ittiin bulmaata Roomaa kan *Utilitas publica* jedhamurraa immoo yaada faaydaa ummataa jedhu fudhatan. Pershiyaanotarraa immoo aangolee ykn taaytaa akka Ministirii jedhamuu fa’a ergifatan. Araboonni Girikootaa fi qaamolee biraa irraa beekkumsaa fi duudhaalee durii hubachuuf jecha karra isaanii bananiifii turan. Kun immoo dirree hiikkaa kitaabotaa irratti dammaqiinsi guddaan akka dhufu taasisee jira. Sababoota gurguddoo hiikkaa kitaabaatti geessan keessaa inni cimaan: amantiin Islaamaa beekkumsa barbaaduu fi horachutti cimsee waan ajajeefi. Akkasumas beekkumsa horachuu irra guddaa waan ilmi namaa jireenya addunyaa kanarratti hawwuun waan godheefi. Gama hiikkaa kitaabotaa Kanaan, Muslimoonni dhuka falaasama durii, saayinsii fayyaa fi saayinsii uumama Girikootaa beekuu danda’anii jiru. Hojiin hiikkaa kitaabotaa kunis baay’ee bal’aa ture. Hojiiwwan Girikootaa hedduun, waan gargachi hundeen kitaabaa (original) badeef, karaa hiikkaa Arabootaatiin qofa Awurooppaa qaqqabuu danda’anii jiru. Guddinni Muslimoonni duudhaalee Girikootaa irratti fidan, kutaalee seenaa beekkumsa addunyaa keessaa isa guddaadha. Kana

jechuun immoo, qaroomni Islaamaa qarooma Girikii durii akkeessuu ykn kan calaqqisiisu qofa jechuu miti”<sup>6</sup>.

Hayyuun *Giroonpaawum* jedhamu immoo akkana jedha: Bu’aan wal-mormii fi wal-falmiinsi kun fide, gahumsi amantiin Islaamaa falaasamaa fi hojirratti qabu ifatti bayee, bifa haarayaa fi bifa aadaa warra durii kan amantiin haaraya kana hordofan biratti fudhatama qabuun irra deebi’anii bocuun ummataaf dhiyeessuu danda’uu isaaniiti. Xiinxala bulchiinsaa fi siyaasaa Pershiyaanotarraa, tooftaaleen Heelanistoonni falaasamaa fi beekkumsa addunyaarratti qaban, ogummaa fayyaa fi dandeettii Hirreega Hindoonni qaban hunda ufitti fudhatanii rakkina tokko malee hubachuu danda’anii jiru.

Muummeelee kanniin hundarraa fayyadamuun gara afaan Arabiffaatti jijjiiruun isaan fayyadee jira. Yeroo ilaalchi nama ormaa tokko geengoo Islaamaa keessa galfamee ibsa Islaamawaa ta’een ibsamu, miirri namni isaaf qabus dhugumaan Islaamawaa ta’a. Gama biraatiin immoo, dhugaalee amantiin duraa keessa jiran suuta suutaan ibsuun, hundeewwan wal-jijjiirraan qaroomaa irratti bu’uureffaman babal’isuu jalqabee ture. Haala Kanaan qaroomni Abbaasiyyootaa kan jidduu bara (760-840tti) ture qarooma Islaamaatiif makamiinsa lammaffaadha. Qarooma isaanii keessatti duudhaalee naannoo kan kutaalee isaa muraasa kitaabotarraa argataniif lafa bal’isaniifi jiran. Garuu hedduun isaa boca haaraya keessa

---

<sup>6</sup> - Arabaa fi Awurooppaa, Hiikaan: Miisheel Azraq, fuula 34-36, mana maxxansaa Axxalii’aa, Beeyruut, bara 1979.

seenuun bifa dhugaalee waliin jireenyaatiin bocamanii kaayamanii jiru”<sup>7</sup>.

Hayyuun *Dii Laasii Ooliiris* jedhamu akkana jedhe: “... Araboonni biyya *Suuriyaa* bulchaa waan turaniif, aadaa baay’ee guddate waliin hariiroo cimaa qabu waan ta’eef, bakkee heddutti itti fayyadamaa turan. San keessaa: ijaarsa hawaasaa fi seera hawaasummaa, aartiiwwanii fi ogummaalee keessatti. Qaroomni *Girikootaa* isaan irratti baay’ee taatee guddaa qabaatus, hariiroon isaan qarooma *Peershiyaa* waliin qaban irra cimaadha. Haala kanaan gadaan (*Raashidootaa fi Umawiyootaa*) haga tokko gadaa jiraachisa seenaa yeroo dheeraati. Araboota irraa afaanii fi amantii haaraya fudhatee hambaalee qarooma biraas ufitti fudhachuun bulchiinsa Kilaafaa jalatti miidhagaa turee jira. Wal-dhabbiin gareelee amantii fi siyaasaa gaaddisa Kilaafaa keessatti uumame baay’ee ulfaataa ta’us, ol’aantummaan Islaamaa jaarraalee hedduuf alaabaa isaa diriirsaa turee jira. Duudhaaleen kunniin walitti dhufuun jireenya waliiniitiin kan badhaadhe ture. Kana jechuun jidduu biyyoota hedduutti wal-hubannaa cimatu ture. Haala Kanaan dhiibbaan xiinxalaa ykn amantii qaccee tokkorraa gara qaccee isa biraatti ariitiin utaaluu danda’ee jira. Akkasumas dirqamni Hajjiif gara magaalaa Makkaa deemuus miira ummata kanaa keessatti jireenya waliinii cimsachuun kutaalee addunyaa Islaamaa hunda keessatti kora waliin marii gaggeessuu akka qaban keessatti uumee jira. amantii Islaamaa keessatti jireenyi walii galaa garri caalu afaan Arabiffaa fayyadamurratti kan hundaa’e. Kunis osoo

---

<sup>7</sup> - Addaaddummaa fi tokkummaa qarooma Islaamaa keessatti, hiikaan Sidqii Hamdii, fuula 38-39, mana maxxansaa Al-Mutanabbii, Bagdaad, bara 1966.

miseensonni danuun akka Turkootaa fi Hindootaa kanneen guyyaa tokkos afaan Arabiffaa dubbatanii hin beekne garee kanatti hin dabalamin durayyuu jijjiirama guddaa fidurratti gahee cimaa qaba ture. Sababa kanatu gareen Islaamaa kanneen afaan Arabiffaa dubbatan akka jijjiirama beekkumsaa fiduu danda'an godhe"<sup>8</sup>.

Ammas dubbii isaa itti fufuun akkana jedhe: "... xiinxala Islaamummaa keessatti, ragaalee madaqiinsa haarayaa keessaa inni duraa fi inni guddaan, oomishni hiikkaa kitaabota waa'ee falaasamaa fi saayinsii dubbatan gara afaan Arabaatti hiikuudha. Eega mootummaa *umawiyyootaa* kufe waggaa saddeettamaan booda bu'aan galmeeffame, addunyaan afaan Arabiffaa dubbatan kitaabota hedduu kan akka: kitaabota Aristootil, hambaalee Piluutoo, hojiiwwan Jaaliinoos hedduun isaanii fi kitaabonni waa'ee fayyaa dubbatan, akkasumas kitaaboleen saayinsii Girikootaa, kitaabonni Hindootaa fi Pershiyaanotaa hedduun gara afaan Arabiffaatti hiikkamuudha"<sup>9</sup>.

### **Dhiibbaa Araboonni Qarooma Awurooppaanotaa Irratti Qaban**

Goostaaf Luboon namni jedhamu akkana jedhe: "... qorannoo qarooma Arabootaa, kitaabota isaanii kan saayinsii, dandeettii waa kalaquu isaanii fi aartiiwwan isaanii akkuma gadi qabnee ilaalluun dhugaaleen haarofni ifa nuu ta'aa dhufan. Ummatoota kamiyyuu dura namoonni waa'ee jaarraa jiddu galeessaa beekan Araboota ta'uu argine. Yunivarsitiiwwan

---

<sup>8</sup> - Xiixnala Arabaafi jiddu-galeessummaa inni seenaa keessatti qabu, hiikaan Ismaa'iil al-Beeyxaar, fuula 62-77.

<sup>9</sup> - Madda dabre, fuula 93.



biyyoota Dhihaa naannoo jaaraa shanii guutuuf madden beekkumsaa kamiyyuu hin beekan kitaabota Araboonni qopheessan malee. Gama qabeenyaa, sammuu fi naamusa gaariitiinis namoonni Awurooppaa magaallessan Araboota. Dhiibbaan Araboonni warra Dhihaa irratti qaban dhugumatti guddaadha, kan isaan warra Bahaa irratti qaban immoo kan warra Dhihaa caalaa cimaa fi jajjaba...”<sup>10</sup>.

Ammas akkana jedhe: “... Dhugaan jiru jaarraan jiddu galeessi kitaabota warra Girikootaa kan beekuu danda’een gama afaan warra Muhammadiin hordofaniitti hiikkamuudhaani. Sababa hiikkaa isaanii Kanaan qabiyyee kitaabota Girikootaa kan lafarraa dhabaman beekuu dandeenne. Kitaabota san keessaa: kitaaba Aboolooniyos kan waa’ee boca dubbatu, kitaaba Aristootil kan waa’ee dhagaa haasayu fi kkf. Ummanni waa’ee gadaa durii nu barsiisani jiru galata guddaa nurraa qabu jennee dubbannu yoo jiraate, ummata Arabaati malee Qeeyyosa jaarraa jiddu galeessaa kan maqama Giriik jedhuyyoo hin beeyne sanniinii miti. Addunyaan guutuun Araboonni qabeenya guddaa kana dhabamarraa nuuf baraaruu isaaniitiif isaan galateeffachuu qaba, hanga dhumaattis beekkamtii kennuufi qaba”.

Hayyuun Masiyoo Leebrii jedhamu immoo akkana jedhe: “Osoo Araboonni dirree seenaa irratti ol bayuu baatanii, silaa dammaqiinsi Awurooppaa jaarraalee hedduuf waa’ema Artii qofarratti hafa ture”.

---

<sup>10</sup> - Qarooma Arabaa, Hiikaan: Aadiil Za’iitar, Maxxansa sadaffaa, fuula 26, Kaayiroo, bara 1956.

Araboonna *Andalus* kophaa isaanii, saayinsiiwwanii fi aartiiwwan dagataman hunda haga *Konistaantnooppil* gayutti surphaa turan. Yeroo sanitti addunyaa guutuu keessatti biyyi itti baratamu *Andalusii Arabaa* malee hin jiru. Sunis gadaa (barraaqa) bariin Islaamaa biyya Andalus gaye keessatti. Yeroo sanitti ilmaan kiristaanotaa muraasni saayinsii barachuuf jecha garas imalaa turan. Iddoon barumsa saayinsii kun Awurooppaa keessatti mul'achuu kan eegale jaarraa kudha shanaffaan booda ture. Addunyaan Awurooppaa kitaabota Arabaa qofa hiikuu osoo hin taane, hayyoonni akka: *Roger Biikon*, *Saan Toomaan*, *Albert Great* fi kanneen biro guutumatti kitaabota Arabaa irraa baratan<sup>11</sup>.

Kitaaba hayyoonni falaasamaa kan *Jams*, *Stifal Toosoon*, *Firanklin Charlis Baam fi Faan Nostraand* jedhaman qopheessan, kan maqaan isaa '*Qarooma Awurooppaa: Siyaasa, Hawaasummaa fi beekkumsa*' jedhu keessatti akkana jechuun barraaye:

“Naannoo jaarraa lamaa qofa keessatti hambaaleen saayinsaawaan Girikoonna qaban hundi gara Arabiffaatti hiikkamee, magaalonna akka: Kaayiroo, Bagdaad, Kordobaa fi Qeeyruwaan jiddu gala saayinsiin itti barsiifamu ta'anii argaman. Dhuma jalqaba jaarraa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> keessa beekkumsi Girikootaa fi Arabootaa kun gara Awurooppaa Dhiyaatti ce'uu eegale. Namoonni sammuu qaban muraasni kan akka: *Odilaardiiv Oov Baat*, *Daani'eel Oov Morliy*, *Rooger Oov Hervord fi Iskander Nikuwaam* fa'a ariitiin gara magaalaa *Baaliyermuu fi Taliitalaa* dhufuun afaan Arabiffaa fi saayinsii

---

<sup>11</sup> - Madda dabre, fuula 568-569.

Arabaa qorachuuf dhufan. Kitaabni *Odilaardiiv Oov Baat* waa'ee uumamaa irratti qopheesse kitaaba saayinsii isa yeroo jalqabaatiif Awurooppaan Dhihaa jaarraa jiddu-galeessa keessatti qopheessiteedha. Barattoonni hedduun waggoota baay'ee *Ispeeniin* keessatti xumuruun, gariin immoo umrii isaanii guutuu kitaabota saayinsii Arabiffaa fi afaan Giriikiitiin barraayan gara afaan Laatiniitti jijjiiruu irratti fixan. Haala Kanaan jalqaba jaarraa 13<sup>ffaa</sup> keessa Awurooppaan saayinsii Girikootaa fi Araboota bira jiru hunda isaa harkatti galfachuu dandeesse..."<sup>12</sup>. Kuni fakkeenya muraasa qofa. Ragaaleen biraa kan kumaatamaan lakkaayaman hedduu jira.

#### **Eega Filatanii Booda Bareechuu (Kalaqa Mataa ufii Itti Dabaluu)**

Sammuun Muslimootaa garuu kana qofarratti hin dhaabanne. Hojiileen biraa kan dhuka ulaagaalee guutamuu qabanii irraa ta'etu isaan eeggata. Dhugumatti ulaagaalee sanis hojitti jijjiiree jira. Innis: Waa uf biraa itti dabaluu, haarroomsuu, duroomsuu, gumaacha qaroomaa kanneen baay'ee jijjiiramatti hajaman jijjiiruun kan biraatiin bakka buusuu, dirree ijaarsaa bal'isuu fi boca qarooma garii kan dhimmi ammayyaa fi fedhii Muslimoota haarayaa waliin hin deemne jijjiiruu ykn fooyyesuu fa'a.

Safuuleen qarooma durii hedduun isaanii yeroo sanitti wanta duubatti hafaa ta'anii argamanii jiru. Haalli warraaqsa Islaamaa safuulee sanniin jijjiiruun kanneen biraa kan haaraya

---

<sup>12</sup> - Abbaas Mahmuud al-Aqqaad: dhiibbaa Araboonni qarooma Awurooppaa irratti geessan, Maxxansa lammaffaa, fuula 45-46, Kaayiroo, bara 1960.

ta'anii fi kan gahumsa gahaa qabanii fi kan haala jireenyaa Islaamummaan namaaf bocce waliin wal-simatuun bakka buusuun dirqama ta'e.

Kana qofaa miti, sammun Islaamaa kan qaroomaan guutame, safuulee qaroomaa kan guutumatti haaraya ta'an qoratee argachuu danda'ee jira. Safuulee qaroomaa haaraya kan argannaa qorannoo mataa isaa qofa ta'e kanas addunyaaf gumaachaa dhufee jira. Wanti Muslimoonni dalagan hundi hambaalee qarooma durii qofa tiksuu, irra deebi'anii bal'isanii hiikuu fi waan muraasa qofa itti dabaluu miti.

Sammun nama Muslimaa kan bifa haarayaan qarame sun, dhugumatti waa heddu kalaqee, qoratee argatee, odeeffannoolee fi seerota qaroomaa kan qarooma ummatoota biroo kan Bahaa fi Dhiha dachii addunyaa hunda waliin gayaniif bu'uura ta'uu danda'u gumaacheefi jira.

Haala Kanaan, gaheen durummaa qarooma Islaamaa fi gumaachi inni addunyaaf gumaache kallattii Kanaan bal'ifamee ilaalamuu qaba. Sababa kanaaf ykn sababa saniif jedhanii gahee inni taphate dhabamsiisuun akka waan inni maxxantuu ykn ergifattuu qarooma Giriik durii, kan kitaabotuma isaanii qofa aan sirritti hubatee qayyabateef hiikee ykn waan muraasa qofa tti dabaleetti ibsuun dhugarraa waan fagaate.

Ilaalchi haarofni sammun Muslimootaa horate sun waa uumuu fi kalqaquudhaaf gahumsa guddaa qaba. Sammun nama Islaama ta'ees itti gaafatamummaa san baadhachuuf dhugumatti itti dhimmama qaba. Haala Kanaan gumaachi dalagame hundi dalagamee fiixa baye.

Gahee sammun Muslimootaa qarooma dhala namaa hundaaf gumaachuu, itti dabaluu, argannoolee ummanni hin beekne qorataniirra gayuu, beekkumsaa fi shaakalliiwwan haaraya qu'atanii argachuun dhala namaatiif qooduu keessatti qaban irratti, ragaaleen jiran baay'ee heddu. Ragaaleen kunis barreessitoota, beektota, hayyootaa fi qu'attoota Bahaa fi Dhihaatiin kan barraayee fi kam fudhannee kam akka dhiifnu nama dhiba. Garuu ragaalee kanniin keessaa muraasa fudhachuun gumaacha qaroomaa kan Islaamummaan dhala namaatiif gumaache irratti waan isaan jedhan mee haa ilaallu:

- **Luwiis Yoong:**

Fooyya'iinsi Araboonni qarooma Girikootaa irratti taasisan seenaa beekkumsa addunyaa keessatti isa cimaadha. Kana jechuun immoo qaroomni Islaamaa qarooma warra Girikoota durii irraa kan ergifamee fi ka isuma qofa akkeessu jechuu miti. Yeroo qarooma Islaamaa gamaaggamnu, ilaalchonna waa kalaqiinsaa kan odoola Arabaa irraa nutti dhufan sunniin sammuu keenna jalaa dhokachuu hin qaban. Muslimoonni qarooma isaanii kan Girikootaatiin walitti makuun, bifa addaa kan homtuu isa hin ginne akka qabaatu godhuu danda'anii jiru"<sup>13</sup>.

“... Qaroomni Arabaa fi Muslimootaa Awurooppaaf maal dhiisanii bayan? Sadarkaalee hunda isaarratti, aadaa ummataa irraa eegalee hanga saayinsii gayutti jijjiirama guddaa fidanii jiru. Warroonni hawaa abuuran jechoota Arabiffaa kan akka: Azi muth, Zenith fa'a fayyadamu. Ammas kaartaawwan

---

<sup>13</sup> - Arabaa fi Awurooppaa, fuula 36.

ji'aa (ji'a halkanii) irratti bakkeen baay'een maqaa beektota Arabaatiin moggaafaman. San keessaa: Zarkilii, al-Battaanii, Abu al-Fidaa fa'a. Warroonni Dhihaa waa baay'ee qarooma Islaamummaa irraa barachuu qabu"<sup>14</sup>.

- **Saartoon**

“... Jaarraa jiddu-galeessa keessa Muslimoonni (dureewwan warra Bahaa ta'an) jijjiirama guddaa galmeessanii jiru. Kitaabonni gatiin isaanii baay'ee mi'aa ta'e, kan barbaachisummaan isaanii guddaa ta'e, kan qabiyyeen isaa hawwataa te'e hedduu afaan Arabaatiin qophaaye. Afaan kun walakkeessa jaarraa 8<sup>ffaa</sup> irraa hanga dhuma jaarraa 11<sup>ffaa</sup>tti dhala namaa hundaaf afaan guddina saayinsii ta'ee jira. Gadaa sanitti namni kamiyyuu beekkumsa gadaa sanii horachuu yoo barbaade, afaan Arabiffaa barachuu qaba ture. Namoonni isa hin beeyne hedduunis kanuma godhaa turan"<sup>15</sup>.

- **Siidiyoo**

“...Jaarraa 9<sup>ffaa</sup> fi 15<sup>ffaa</sup> jiddutti seenaa keessatti gareen beekkumsaa guddaa jedhamu qindaa'ee jira. Oomishni fi hojjiileen adda addaa, kalaqni baay'ee qaalii ta'e kan hojii ykn sochii sammuun namaa hojjate kan gadaa kana keessatti nama raajeffachiisu hundatu argamaa ture. Gochoota ykn gumaachi kun hunduu Awurooppaanotarratti jijjiirama qaqqabsiisee jira. Ragaan kanaa immoo, dameewwan beekkumsaa hunda keessatti barsiisonni jiran Araboota turan. Hojii Arabootaa xinneessuuf yaalaa turre. Garuu dhugaan eessattuu balaqqeessa'aa waan ta'eef, ifnanni isaa addunyaa guutuu wal-gaya. Dhugaa kanarraa

---

<sup>14</sup> - Madda dabre, fuula 10.

<sup>15</sup> - Jijjiirama Araboonni qarooma Awurooppaa irratti fidan, fuula 170-171.

garri dheessinu hin jiru waan ta'eef, waan isaan haqa godhatan ammattis ta'ee uf duratti bifa dhugaa ta'een deebisuufi qabna"<sup>16</sup>.

- **Deriibar**

“Shira Awurooppaanonni gumaacha saayinsii Muslimoonni addunyaaf gumaachan nu jalaa dhoosuu xaxan ifatti baasuu qaba. Gumaachi Muslimootaa kun shakkii tokko malee, homa fedhe yoo ta'e kana booda ija namaa jalaa dhoksuun hin danda'amu. Jallinni jibbaa amantii fi biyyummaan dagamuu bu'uura godhate haga dhumaatti itti fufuun isaaf hin malu"<sup>17</sup>.

- **Niwukelson**

“Hojiwwan saayinsaawaan Arabootaa gadi bu'iinsaan waa ibsuu fi geengoon isaa bal'aa ta'uun ibsama. Saayinsiin ammayyaas bu'uuraalee isaa bifa baay'ee si'aa'ina qaba jennee nuti yaannuun caalatti Arabootarraa ergifate”.

## **Gumaachota Muslimoonni Saayinsiif Godhanirraa**

Mata duree kana jalatti dabala amantiin Islaamaa dirree saayinsii muraasarratti godhe garii qofa dubbanna. Gumaachota isaan godhan gadi bu'iinsaan namni beekuu barbaade immoo kitaabota hedduu keessa waan jiruuf dubbisee argachuu danda'a.

- ✓ **Gumaacha Dirree Hirreegaa Keessatti Qaban**

Muslimoonni beekumsa dhala namaa duroomsuu keessatti gumaacha guddaa godhanii jiru. Sadarkaa guddaaf

---

<sup>16</sup> - Madda dabre, fuula 170-171.

<sup>17</sup> - Madduma kana, fuula 171-192.

waa'ee qorannoo hirreegaa hordofaa turan. Mootummaan (biyyoonni) Islaamaa murtii zaka, gibira (taaksii), qoqqoodiinsa qabeenya dhaalaa fi kkf hojirra oolchuuf tilmaama hirreega yeroo hordofaa turan.

*Al-Jabraa* keessatti, hayyuun *Muhammad Muusaa al-Kawaarzimii* jedhamu kan bara 850tti du'e gahee guddaa waan taphateef, hundeessaa saayinsii kanaati. Saayinsii kanarratti Girikoota caalaa gadi bu'ee qorachuun kitaaba *al-Jabraa* jedhamu qopheessee damee hirreegaa kanaaf ibsa addaa qopheessee addunyaaf dhiyeesse. Hanga gadaa ammaatti aa'ee *al-jabraa* irratti kitaabni isaa kun kitaaba irra filatamaa jedhama.

Hayyuun *Al-Battaaanii* jedhamu kan bara 929tti du'e immoo, akkuma har'a beekamutti waa'ee geengoo keessa reeshoo galchuun beekame. Isa booda immoo beekaan hirreegaa Abu al-Wafaa jedhamu kan bara 997tti du'e tooftaalee hirreegaa kan ida'ama geengoo jedhamu argate. Sarara geengoo qaxxaamurus isatu argate.

Ji'oometrikii keessattis Muslimoonni baay'ee deemanii jiru. Hojiiwwan akka bal'inaa fi bo'oo bishaanii bu'uuessuu irratti itti fayyadamaa turan. Kanaan alattis hojiiwwan bareedina aartiiwwanii keessattis itti fayyadamanii turan. Dirree hirreegaa keessatti gumaacha Arabootaa keessaa inni baay'ee guddaa jedhamee fudhatamu boca lakkoofsota Hindii jedhamii yaaman gara Hirreegaatti dabaluu isaaniiti. Muslimootatu lakkoofsota kana diriirsee akka addunyaan hundi ufitti fudhatu godhe.

✓ **Gumaacha Dirree Fiiziksii Keessatti Qaban**



Hayyuun *Ibnu Heeysam* jedhamu kan bara 1039tti du'e kan saayinsii waa'ee ijaatiin beekamu, yaada *Ikliidesii fi Batlimos* kan ijji balaqqeessa isii gara wanta ilaaluu barbaadduutti erguun waa arguu dandeetti jedhu falmee ture. Waan tokko arguun kan danda'amuun eega wanti ilaalamu sun balaqqeessa'iinsa isaa gara keessa ijaatti ergeen booda jedhe. Dandeettii jiiyni balaqqa'iinsaaf qabu yeroo qu'atu, jiiyni qaama akka bilillee cululuqu (balaqqa'uu) miti jedhe. Saniin booda qaamoleen halluu qaban hundi akka ifnana balaqqeessisan, halluu fi ifnanni akka wal-simatan qoratee irra gayee jira. Yaada isaa kana raggaasisuuf shaakallii heddu gaggeessuun meeshaa suuraa kaasuu (Kaameeraa) uumuu danda'ee jira. Akka qorannooleen ammayyaa ibsanitti, *Ibnu Heeysam* akka hirreegni tiyoorii isaa ka ijaa keessatti gahee guddaa qabu guutumatti hubatee beeka. Qorattoonni hedduun hundeessaa saayinsii fiiziksii jechuun isa yaamu.

Hayyuun *al-Beeyroonii* jedhamu kan bara 1050tti du'e immo shaakalliiwwan hedduu eega gaggeesseen booda boca walakkeessa isaatti bal'atee qaccee miilaa fi mataa isaa irratti immoo qal'atu (Conical shape) jedhamutti fayyadamuun harkisa lafaa hedduu argatee jira. Ulfaatina wantootaatiif kuni madaallii isa jalqabaa jedhama.

Hayyuun *al-Kaaznii* jedhamu kan bara 1100tti du'e immoo madaala rukkinna kan bara durii keessa amala addaa dhangala'oon qabu ittiin addaan baasuuf Iskandariyatti itti fayyadamameen wal-fakkaatutti dhimma bayuun rukkina madaalee jira. Akkasumas sababa bishaan walakkeessa kubbaa

dachii irratti baay'ee rukunni qabaatuufis qoratee jira. Rooger Biikoonis dhimmuma kana qorate.

✓ **Gumaacha Dirree Saayinsii Hawaa  
(Astironomy/Sphere) Keessatti Qaban**

Muslimoonni waa'ee yeroo salaataa fi kallattii magaalaa Makkaa agarsiisutti baay'ee waan dhimmamaniif, qorannoon hawaa isaan biratti bakkee guddaa qaba. Beektota hedduu dirree kanarratti hayyoota baay'etu jira. Isaan keessaa: *al-Fazaarii*, bara 777tti ka du'e nama yeroo jalqabaatiif meeshaa waa tilmaamu (raagu) uume. Isa boodaan immoo *al-Battaanitu* kan bara 929tti du'etu dhufe. Innis xiinxala astiroonomii fi madaala haga tokko gaggeessee jira. Isatti aanee Umer al-Khiyaam kan bara 1123tti du'etu dhufe. Innis kaalendara haaraya boce. Kaalendarri inni boce kun waggoota kuma shan keessatti guyyaa tokko qofa dogongora.

Haa ta'uu garuu, gumaachi Muslimoonni saayinsii hawaa keessatti godhan inni guddaan too'ataa (observatory) hawaa bocuun beekamu. Girikoonni meeshaalee hawaa heddu bocanis, garuu observatorri hawaa bifa amma jiru kana godhachuu kan danda'e gadaa bulchiinsa *Abbaasiyyootaa* keessatti. Meeshaalee heddu kan akka: quarter, fi astrolabe fa'as fayyadamanii jiru.

✓ **Gumaacha Dirree Keemistirii Keessatti Qaban**

Jaarraalee hedduuf beektonni durii garaagarummaa jidduu keemistirii fi qorsaa osoo addaan hin baafatin turan. Sababa kanaaf shaakalliin hedduun gaggeeffamee jira.

Hayyootiin keemistirii hedduun kan akka Jaabir bin Hayyaan kan bara 815tti du'e fa'a mul'achuu eegalan. Hayyuun kunis qaamolee bineensotaa fi biqiltootaa irratti shaakallii hedduu gaggeessee jira. Muuxannoolee fi shaakalliwwan isaa kanas galmeessuun dhumarra seenaa keessatti yeroo jalqabaatiif asiidii azootik jedhamu argachuu danda'ee jira. Akkaataa sibiila itti qopheessan, akka albuudota itti qulqulleessan, akkaataa gogaa itti hallan, akkaataa uffata itti cuuphan, akkaataa uffata bishaan ittisu itti hallanii fi akkaataa sibiila dandi'aayuu irraa itti baraaran bifa gadi bu'iinsa qabuun ibsee jira. Akkasumas akkaataa *aseetik asiidiin (acetic acid)* itti hojjatamu nama argateedha. Ammas hojjiwwan keemikaalaa garii kan akka crystallization, diddiigamiinsa wantootaa (decomposition) fi qulqulleessaas bifa gadi bu'iinsa qabuun ibse.

Hayyuun *Arraazii* jedhamu immoo dirree falaasamaa fi saayinsii fayyaa keessatti beekamus, keemistirii keessattis nama beekkumsa cimaa qabu. Baay'inaan keemistirii walii gala fi akkana ta'uu hin oolu jedhanii tilmaama kaayuu (assumptions) caalaa keemistirii shaakalaan (lab) argisii famurratti fuulleffate. Inni abbaa adeemsa qorannoo keemistiriiti. Shaakallii isaa keessatti wantoota baay'ee fayyadamee jira. San keessaa: albuudota gadaa isaa san keessatti beekaman hunda isaaniituu fayyadamee jira. Inni jalqaba nama bineensota, biqiltootaa fi albuudota jedhee seera qoqqoodiinsa isaanii baaseedha.

Hayyuun biraa immoo *Abu Mansuur Muwaffaq* jedhama. Inni ogeessa keemistirii yeroo jalqabaatiif Soodiyem kaarbooneetii fi Pootaasiyem kaarbooneetii addaan baase. Jessoon (Stucco) yeroo oo'ifame akkamitti dhangala'oo (loomii)

lafee cabde surphuuf oolu akka itti namaaf kennu nama yeroo jalqabaatiif ibse. Elamantiin kun yeroo ammaa kana *Jessoo Paariis* jedhama. Warshaalee keessatti baay'inaan itti fayyadamama keessattuu warshaa boca waan barbaannee namaa kennu keessatti.

Hayyoonni Muslimootaa kan ogummaa keemistiriitiin beekaman bilisummaa guutuun shaakallii isaanii itti fufaa turan. Boodarra argannoolee saayinsii hedduu irra gayanii turan. Argannooleen kunis akka saayinsiin keemistirii boca har'a jiru kana godhatee guddatu godhuu keessatti shooraa guddaa qaba.

#### ✓ **Gumaacha Dirree Saayinsii Biqiltootaa Keessatti Qaban**

Ogeessa saayinsii uumamaa kan magaalaa *Qurxubaa* kan ta'e, *Abuu Ja'afar al-Gaafqii*, kan bara 1165tti du'e ogeessa beekamaadha. Hayyuun kun biqiltuu Ispeenii fi Kaaba Afrikaa irraa walitti qabuun maqaalee adda addaa afaan Arabiffaa, Laatinii fi Barbariin itti moggaasuun bifa baay'ee namaa galuun kitaaba isaa (al-Adwiya al-Mufrada- dawaalee addaa) jedhamu keessatti barreessee jira. ka biraa immoo ogeessa dawaa (Pharmacist) fi beekaa biqiltootaa ka jedhamu Ibnu al-Beeyxaar jedhama. Bara 1248tti du'e. Beekaan kun barruu isaa keessatti hojii al-Gaafqii bu'uura godhate. Jireenya biqiltootaa qorachuuf jecha Suuriyaa fi gara Kaaba Afrikaa imalee ture. Kitaabota lama kan: (al-Muganii fi al-adwiya al-mufradaa) fi (al-Jaami'u fi al-adwiya al-mufradaa) jedhamu qopheessuun dhageettii guddaa argatee jira. Kitaaba jalqabaa keessatti waa'ee wantoota uumamaa yoo qoratu, kan lammataa keessatti immoo waa'ee bineensotaa, biqiltootaa fi waa'ee albuudota amala qorichaa

qaban qorate. Xiyyeeffannaa guddaa odeeffannoo hayyoota isa duraa irraa argateef kenne. Garuu argannoolee Kanaan dura argaman kan Kumaa fi Dhibba afur (1,400) ta'anitti wantoota haaraya Dhibba Sadi (300) itti dabale.

✓ **Gumaacha Dirree Saayinsii Fayyaa Keessatti Qaban**

Ogeeyyiin fayyaa Muslimootaa tiyooriiwwan fayyaa kanneen dhukkubsataa yaaluuf seera bu'uuraati jedhaman Girikootarraa ergifatan. Garuu ogeeyyonni fayyaa Muslimaa kunniin tiyoorii fayyaa caalaa gama shaakallii fayyaa irratti xiyyeeffatanii turan. Argannoolee fayyaa hedduu argatanii jiran. Akkaataa ogummaa fayyaa itti namaaf kennamuu qabu keessatti baay'ee fagaatanii jiru. Ogeeyyota fayyaa kanniin keessaa beekamaan: *Azzahraawii*, kan bara 1013tti du'eedha. Innis kitaaba (*Attasriif liman ajaza an atta'aliif*) jedhamu keessatti kutaa waa'ee baqaqsanii hodhuu kan jaarraa jiddu galeessa keessatti isa duraa ta'e fa'a irraa dubbatee jira.

Ogeessi biraa immoo hayyuu *Arraazii* jedhamu kan bara 925tti du'eedha. Inni jalqaba nama garaagarummaa jiddu dhibee Hasbaa fi al-Jadrii kitaaba isaa kan maqaa dhibeelee lamaan kanaatiin moggaafame keessatti addaan baaseeti. Kitaaba isaa guddicha 'al-Haawii' jedhamu keessatti immoo beekkumsa Girikooni, Pershiyaanonni fi Hindoonni fayyaa keessatti qaban tarreessuun ilaalcha isaas itti dabaluun qopheessee jira.

Ogummaa fayyaa Ijaa keessatti immoo ogeeyyii *Aliyyi bin Iisaa* fi *Ammaar al-Moowsilii* jedhamantu jiru. Jarri lamaanuu walakkeessa jalqaba jaarraa 11<sup>ffaa</sup> keessa jiraataa

turan. Jarri lameenuu kitaabota maxxansuun geengoo ogummaa fayyaa Girikootaa bal'isani, akkaataa baqaqsanii hodhuu irrattis akeekkachiisa heddu itti dabalani yaaddan dhuunfaa isaaniitiin gabbisani qopheessani turan.

Galanni meeshaalee baqasani hodhuu argamsiisuu, seera dhukkubsataa bifa guutuu ta'een qorachuu, haallan fayyaa fi dhibeelee hedduu tarreessuun ogeeyyota fayyaa Muslimootaatiif gala. Ogeeyyonni kunniin saayinsii fayyaa kana gareelee isaatti addaan qoqqooduu fi bu'aalee isaa kitaaba hojiin argisiisuu fi ifa galaa ta'e keessatti barattootaa fi ogeeyyotaafis dhiyeessuu keessatti dandeettii tiyoorii fi hojiinis argisiisuu qabu. Gumaachi guddaan ogeeyyonni fayyaa Musimaa godhan kun kan ifa namaa ta'uun, Hospitaalota fayyaa hundeessuu fi bulchiinsa isaa bifa baay'ee gaarii ta'een, bifa seerri isaa baay'ee gadi bu'iinsa qabu kan haga ammaa itti fayyadamamaa jiru kanaan bulchuu isaaniitiini.

### ✓ **Gumaacha Dirree Saayinsii Ji'oogiraafii Keessatti Qaban**

Muslimoonni, eega abuurraa hedduu gaggeessanii argannoolee haaraya argataniin booda, bakkee heddutti odeeffannoo ji'oogiraafii Girikootaa sirreessanii jiru. Qabiyyeen saayinsii Ji'oogiraafii Arabootaa *Aljeeriyaa* irraa Dhihaan haga *Kooriyaatti*, Bahaan haga *Jaappaanitti* kan bal'ata. Hayyootiin Ji'oogiraafii kunniin kitaabota karaalee fi magaalota Islaamaa ibsan qopheessanii, geengoo Ji'oogiraafii babal'isuu keessatti gumaacha guddaa godhanii turan. Hayyoota kanneen keessaa inni tokko: *al-Maqdasiyyu* kan bara 1000tti du'eedha. Innis kitaaba maqaan isaa '*Ahsan Attaqaasiim fi Ma'afirat al-*

*Aqaaliim – Qoqqoodiinsa bareeda naannoo ittiin beekan'* jedhu qopheesse. Kitaabni isaa kun qorannoolee waa'ee urjiiwwanii, afaanota naannoo, gosoota namootaa, aadaalee isaanii, amantiiwwan fi kkf uf keessatti hammata. Jaarraa 10<sup>ffaa</sup> keessas hayyoonni Ji'oogiraafii bebeekkamoon kan akka: al-Balkii, al-Isxakrii fi Ibnu Howqil fa'as jiraatanii turan.

Jaarraa 12<sup>ffaa</sup> keessa hayyuu Ji'oogiraafii beekkamaa ta'e *al-Idriisii* jedhamu kan bara 1166tti du'etu argame. Innis kitaaba '*Nuzhatu al-mushtaaq fi Iktiraaq al-Aafaaq*' jedhu qopheesse. Kitaabni isaa kun hojiiwwan gurguddoo warroonni isa duraa hojjatan uf keessaa qaba. Akkasumas odeeffannoolee abuurtonni odeessanis uf keessatti hammatee jira. kitaabichi yaada dachiin geengoodha jedhuttis akeekke jira.

Walumaa galatti, gumaachota hayyoonni Ji'oogiraafi Muslimootaa godhan keessaa inni tokko kaartaa bocanii, naannolee kaartaa sanirra jiran bifa baay'ee bareeda ta'een ibuu isaaniiti. Ammas yaada durii kan dachiin geengoodha jedhus namni tiksee asiin gaye isaani.

## ✓ **Gumaacha Dirree Saayinsiiwwan Uumamaa Keessatti**

### **Qaban**

Saayinsii uumamaa kanaaf bu'aa isaan buusan dubbachuuf, gahee qaroomni Islaamaa itti fayyadama jallsiii, makaanikii, akkaataa waraqaan itti hojjatamu fooyyessuu, baaruuda argachuu fi sukkaara TAKRIIRA (Crystalization) godhuu keessatti qaban yoo ibsine ni gaha.

Gumaachi Muslimoonni dirreewwan saayinsii namummaa keessatti godhan immoo baay’ee danuudha waan ta’eef, asitti dubbachuuf bakkeen nuuf hin gayu. Dirreewwan akka: seenaa, diinagdee, seeraa, siyaasaa, barnootaa, imaammata qorannoo, hawaasaa, seerota bulchiinsaa, aartiiwwanii fi kanneen biraa keessattis gumaacha guddaa godhanii jiru. Akkasumas jijjiiramni isaan qarooma dhala namaa keessattuu qarooma warra Dhihaa irratti qaqqabsiisan baay’ee guddaadha. Kanarratti ragaan jiru baay’ee ifa galaa fi beekkamaadha.

### **Jijjiirama Ji’oogiraafi fi Babal’ina**

Jijjiiramni kallattiin sadaffaa kan sammun Muslimootaa gama qaroomaatiin argamsiisan keessaa inni biraa: jijjiirama ji’oogiraafi fi babal’inaati.

Sadarkaa jalqabaarratti qaroomni Islaamaa hambaalee qarooma duriitiif banamiinsa sammuu irratti hojjatee ture. Sadarkaa lammataa irratti immoo hambaalee qarooma durii san walakkeessa godhatee, ilaalcha ifa hin ta’in ibsee, hiikee, itti dabalee, yaada/wantoota haaraya itti kalaqee duroomse. Sadarkaa sadaffaa irratti immoo akka ilmi namaa jijjiiramoota alaatiif banaa ta’u, akka inni uf keessatti gadi hin cufamne, akka inni ana malee jechuu keessaa bayu godhuu irratti hojjate.

Muslimoonni barattoota saayinsii isaan irra gayan baratu fedhan hundaaf qoma isaanii bananiifii turan. Kallattima kamiyyuu irraa nama dhufeef balbalaa fi foddaa isaanii bananiifi qubsiisanii turan. Kunis akka ifaan haarofni kun isaanirraan gara addunyaa bal’aatti cee’ee dachii ibsuufi. Muslimoonni odeeffannoolee fi argannoolee irra gayan hunda barattoota



addunyaa hundaaf ifatti saaqanii, namni beekkumsa nurraa fudhachuu barbaaddan, balballi keenna banaadha jedhanii lallabaa turan. Dhugumatti kuni kennaa fi arjummaa addaati.

Hayyuun *Goostaaf Loobon* jedhamu akkana jedhe: “Jijjiiramni Araboonni Awurooppaa keessatti fidan dhugumatti jijjiiram guddaadha. Awurooppaan qarooma har’a argatte kanaaf Arabootaaf harka deebisuufi qabdi. Jijjiiramni Araboonni Awurooppaa irratti fidan maal akka ta’e beekuu kan dandeennuun yeroo Araboonni qarooma gara Awurooppaatti fidan haalli isii akka fakkaata laata jennee yoo ilaalle qofa”.

Namni Likleer jedhamu immoo akkana jedhe: “...Sosochiin kitaabota afaan Arabiffaa irraa gara afaan Laatiniitti hiikuu warraaqsa xiinxala akkamii biyyoota Dhihaa keessatti akka fide hubachuun ni danda’ama. Ammas beektonni warra Laatinii faaydaa akkamii akka irraa argatan beekuun ni danda’ama. Hiikkaan kitaabotaa kun saayinsiin Arabaa biyyoota Dhihaa keessa akka babal’atu fi guddatu godhuu keessatti dhuka dubbiiti”.

Jecha hayyuun Misiyoo Leebriin jedhe kan armaan dura jenne san hin dagannu. Innis: “... osoo Araboonni dirree seenaa irratti mul’achuu baatanii, silaa warraaqsi Awurooppaanotaa jaarraa hedduuf dirrema aartii qofarratti hafa”!!!

Tariitii odeeffannoo qaban hunda dabarsanii qaama isa biraatiif akkuma jirutti kennuun qeeqa kaasuu danda’a. Akkamitti diina keetiif meeshaa waraanaa ittiin si ajjeesu kennitaaf yaanni jedhu ka’uu danda’a. Kallattiilee qaroomaa keessaa cinaan gariin kan dhugumaan meeshaa waraanaatti jijjiiramee nama ajjeesutu jira!!!

Warroonni Dhihaa jaarraa keenna kana keessatti Boombii Niwukilarii hojjatanii jiru. Sanittis dabalee boombii Haayidroojiinii fi Naayitroojiiniis itti aansanii jiru. Guyyama tokkos tooftaa hirreegaa fi uumama meeshaa kanaa ykn iccitii isaa ummatoota biraatiif dabarsanii kennanii hin beekan. Tarii yoo tasa namoota hortee keenna jedhanii yaadan wayii ta'e malee. Muslimoonni haga tokko ufirra dhaabatanii, uf ilaalanii waan qaban hunda corooranii akkuma jirutti nama biraatiif dabarsanii kennuu irraa uf qusachuu hin qaban turee?!!

Kunis dhimma biraati... wanti sammuu Islaamaa ittiin boonu, sammuu namummaan guuttamte, sammuu ilma namaatiif dalagu ta'uu isaati. Akkuma amantiin isaa isa barsiisetti namni sun abbama fedhes haa ta'uu, iddoo kamirraayyuu haa dhufu yeroo kamittuu isa tajaajiluudha.

Nuti hunduu riqicha odeeffannooleen qarooma Islaamaa gara Awurooppaa yeroo sanitti hirriba guddaa keessa jirtuutti ittiin cee'e ni beekna. Kunis gama kallattii Ispeen, odoola galaana jiddu galeessa, qarqara Aasiyaa fi Afrikaa fi gama Anaadooliini. Kanattis dabalee seenaan dhala namaa yeroo nagayaa fi lolaattis jidduu ummata Islaamaatii fi warra Dhihaatti walitti dhufeenya qaba waan ta'eefi.

*Luwiis Yoong* akkana jedhe: “Qaroomni Arabootaa gara Awurooppaa cee'ee jira. Faana isaas gama kallattiilee sadiitiin hambisee jira. Isaanis: Ispeen, Saqaliyyaa (Siisiilii) fi Suuriyaadha. Kallattiwwan sadeen kana keessaa Ispeen kallattii ijoo qaroomni Arabaa gara Awurooppaa ittiin cee'edha. Dhiibbaan Araboonni gama aadaa fi afaaniitiin Ispeenirratti qaqqabsiisuu danda'an waan mootummaan Arabaa naannoo

jaarraa saddeetiitiif achi kessa jiraataa tureef qofaafii miti. Qaroomni Arabaa Awurooppaa bira kutee, Ispeen dirree hiikkaan kitaabota falaasamaa fi saayinsiiwwan Arabaa baay'inaan itti hiikkamee gara addunyaa hundaatti faffaca'u taatee turte. Kunis magaalaa Taliilaa jedhamtu tan kiristaanonni bara 1085tti deebifatan keessaayyi.

Aadaan Arabootaa gama qorattootaatiin gara Kibba Faransaay, Toolooz, Marsiiliyaa, Naarboon fi Moonbiliin gara Awurooppaa senuu danda'ee jira. jaarraa 10<sup>ffaa</sup> keessa saayinsiiwwan Arabaa gara Looriinitti yowaan galee jira. kun immoo turtii jaarraa lamaatiif akka isiin jiddu-gala aadaa taatu godhee jira. Magaalonni biroos kan akka: Lij, Koorz fi Kooloonis iddoo qaroomni Arabootaa jijjiirama guddaa itti fide taatee jirti. Looriin irraa duudhaaleen Arabaa gara Jarmanii fi Ingiliizitti babal'achuu eegale.

Riqichi lammataa kan qaroomni Islaamaa gara Awurooppaa ittiin cee'e, riqicha gara Siisiiliitiin jiruuni. Sababa siyaasaa gara laafinaa Noormaandiyyoonni hordofaniitiin, jaarraa 12<sup>ffaa</sup> keessa qaroomni waliinii kan Islaamaa fi kiristaana Siisiilii mul'achuu eegale. Wal-gargaarsi qaroomaa kun seenaa hariiroo Arabaa fi Awurooppaa keessatti isa addaati. Noormaandonni Arabootarraa aadaa isaanii, naamusaa fi saayinsiiisaanii irraa fudhatanii turan. Afaan Laatinii fi Girikootaa moggatti, afaan Arabiffaa afaan biyyoolessaa ta'ee fayyadee jira. Mallaqni fakkeenya ykn moodeela Arabaatiin bocamuu eegalame.

Suuriyaan immoo kallattii/riqicha sadaffaa yeroo lola kiristaanotaa (Crusade) qaroomni Islaamaa gara Awurooppaatti

ittiin cee'eedha. Qaroomni kunis qarooma gama daldalaa, waraanaa, qonnaa fi warshaatiin jiruudha. Gama saayinsiiwwanii fi falaasamaatiin, Suuriyaan qarooma Arabaa gara Awurooppaatti galchuu keessatti baay'ee shoora guddaa hin qabdu. Aartiin Awurooppaanotaa seenaalee, oduulee durii fi oduu gootummaa kan qarooma Biizaantaaniyootaa fi Arabootaarraa fudhateen gabbatee jira. Yeroo waraana Kiristaanotaa sanitti, aadaalee Islaamaa Suuriyaa irraan gara Awurooppaa seesnisuu keessatti daldaltoonni gahee guddaa taphatan.

Karaan (xurreen) daldala warra Islaamotaa Suuriyaa fi galaana Gurraacharraa eegalee gara magaalota daldala Xaaliyaanii kan akka: *Junwaa, Lookaa fi Bunduqiyyaatti* imala. Meeshaaleen daldalaa kunniin gama gaara al-Alab irraa gara jiddu gala daldala Awurooppaanotaa gurguddaa seenu. Kallattii daldalaa gama Bahaatiin jiruun immoo, meeshaaleen daldalaa biyyoota Baha Islaamaa jiran irraa ka'uun Raashiyaa keessa bayuun gara biyyoota Baha Awurooppaatti seenu.

Homa fedheyyuu ta'u, qaroomni Islaamaa dirreewwan babal'ina Ji'oogiraaffii irratti; akkuma hojiiwwan dabarsine sanniin hunda bifa gaariin fiixa baasanitti, kanas bifa gahumsaa fi gumaacha guddaa qabuun irratti bobbo'anii jiru. Yeroo hunda qaroomni Islaamaa kun ilma namaatiif dalaga.

Dhuma irratti wanti jedhuu fedhu, nuti gahee amantiin Islaamaa gara qaroomaatiin godhe osoo gamaaggamnee, gaheewwan qaroomaa fi amantiwwan biraa raawwatan waliin wal-maddii qabnee ilaallee, addaan fageenyi gahee lamaan jidduu jiru baay'ee fagoo fi walitti dhiyeessuun kan ulfaatu

ta'uu argina. Keessattuu gamaaggamiinsa keenna keessa hojiiwwan gurguddoo sadan qaroomni Islaamaa galmeesse san fa'a osoo fudhannee baay'ee hojii boonsaadha.

Gumaachi qaroomni Soomorootaa, Baabilootaa, Gibxootaa, Girikootaa, Bizantaaniyyootaa, Heelanootaa, Pershiyaanotaa, Hindootaa fi Chaaynotaa guutumatti osoo walitti ida'amee, gahee qarooma Islaamaa Kanaan hin madaalu. Akkasumas falaasamni qaroomni kunniin qaban, falaasamni Awurooppaan gadaa dammaqiinsaa booda argatan, falaasamni sirna sooshaalizimii Faransaayotaa fi Ingiliizotaa hundi walitti dhufuun qarooma Islaamaatiin hin dorgoman. Kunis gama bociinsa qaroomaa fi kunuunsa isaatiin qofa osoo hin taane, safuulee fi ilaalchota gara garaa qabatamaan hojitti jijjiiruu fi muuxannoolee yeroo fi bakkee hundatti bu'a-qabeessa argamsiisuu danda'uus qabata.

Qaroomni warra Dhihaa ammaa kun kallattiiwwan isaa hundaanuu, eenyummaa fi namummaa namaa keessatti gama tokkotti dabuu fi raawwiin gahee isaa duubatti deebi'uun kan ifa ta'uun madaaliinsa wantoota xundaa amantiin Islaamaa bifa baay'ee nama dinqisiisuun wal-maddii deemsise fiixa baasuu dadhabuu isaatiini. Madaaliinsi kunis: jidduu waan Rabbiin biraa bu'ee (wahyii) fi waan sammuu fudhattuu, bilisummaa fi haqqummaa, wantoota dirqamaan namaaf barbaachisani fi kan bareedumaaf barbaadaman, bu'aa dhuunfaa fi ummataa, fedhii qaamaa fi afuuraa, uumamaa fi waan isa duubaan jiru (kan ija namaa jalaa dhokate), tokkummaa fi danummaa (garaa garummaa), wanta ijaan arginuu fi kan hin argine, bu'aa fi naamusa, dandeettii fi filannoo, jiruu fi du'a, jireenya addunyaa

fi guyyaa boodaa, dhabamiinsaa fi jireenya hundee fi kkf bifa wal-madaalawaa fi gitiinsa qabuun wal-maddii itti fayyadamuu.

Ifnanni qarooma Dhihaa irraa balaqqeessa'ee ija namaa hawwatu kun ifaa gogaa isaa bira gadi taree miti. Ifaa qarooma eenyummaa namaa gara tokkotti dabsitu kana gama xiin-sammuu fi baayolojiitiin irra deebi'ee bocee qaruuf karoorfatee miti. Kanaafuu booddeen qarooma kanaas, boodee qaroomman ummatoota biraa kan Rabbitti amanuu didanii akka isa eeggatu shakkiin hin jiru.

### **Kutaa Sadaffaa:**

#### **Akkaataa Caaseffama Qaroomaa Akka Ilaalcha Islaamaatti Tokkoffaa:**

Kana hunda booda, ulaagaalee bu'uuraa kan sammuu dhaloota Muslima ammaa bifa haarayaan irra deebi'ee qaruuf barbaachisu osoo hin guutin, gahee qarooma keenna kan durii san deebisnee, akka sammuu abbootii keenna kan waan hunda keessatti dursoota ta'anii sanitti dalaguu feenaa?

Ulaagaalee ilaalchaa, beekkumsaa fi adeemsa kanniiniin alatti gonkummaa osochii seenaa qaqqabnee akka inni sadarkaa ol'aanaa nuuf kennuu fi gahee keenna kan nu jalaa

bade san akka nuuf deebisu taasisuu hin dandeenu. Wanti asitti nurraa eeggamu, ammas irra deebinee yeroo biraatiif gara hundeewwanii (bu'uuraatti) deebi'uu qabna. Gara utubaalee Islaamaatti deebinee qaroomni inni irra ture maal akka ta'uu qabu hubachuu qabna. Kunis akkaataan caaseffama qaroomaa kun bifa kamiin akka ta'uu qabu beekuuf nu gargaara.

Dhimmi sammuu Muslima ammaa kana irra deebinee bocnee qarree baasuu dhimmi ijoo fi muummee isarraa duubatti hin deebi'amne ta'uu qaba. Yoo akkas taanee hin argamin, sadarkaan (iddoon) keenna dugda duubbee ykn miil-jalee ummatoota biraa ta'uun waan namoonni nu fuul-duraan jiran dalagaa jiran, maal akka nutti yaadaa jiranii fi garam akka imalaa jiranis beekuu hin dandeenu. Akkasumas yoo sammuu haarayaan bocamnee hin argamin, gonkumaa fuula addunyaa kanarratti kaartaan keenna hin jiraatu.

Gabaabumatti, akkaataan caaseffama qarooma ilaalcha Islaamummaa kun, caaseffama akka fakkeenya boca rog-sadee ta'ee gama hundaanuu cinaacha ykn dirra wal-qixa ta'e qabu, ykn tooftaa hirreegaa kan qacceewwan sadi qabu ykn gamoo abbaa darbii sadii ta'ee kan inni tokko isa kaan irratti irkatu kan ogummaan ijaarsa isaa gama hundaanuu wal-simatu ta'uu qaba.

Kallattiiwwan sadeen kunniin, odeeffannoolee gama isaaniitiin argamanii fi hariiroo kallattiilee biroo waliin qaban irraa ka'uun dhiphina, rakkina ykn miidhama tokko malee gama tarkaanfiiwwan qaroomaa seena qabeessa ta'an kan hojii fi gumaachaan ibsaman, kan abuurraalee fi argannoolee gara garaa, akkasumas waan haaraya kalaquun guutameetti nama geessu.

## Lammaffaa

Addunyaan kun dhala namaa hundaaf akka mijaayaa ta’u, dandeettii isaanii waliin akka deemu, fedhiwwanii fi kaayyoowwan isaanii galmaan gayuuf mijataa akka ta’utu irraa barbaadame. Dachiin ykn addunyaan kun akka qotamee, facaafamee irraa haamamuuf tolitti mijataa ta’ee uumame.

Sammuu waa yaaduun (xiinxaluun), harka waa hojitti jijjiiruu fi fedhii jidduu ilaalcha sammuu fi dandeettii harkaa walitti fiduutiin, addunyaan kun bifa haaraya dhaloota haaraya dhufan akka isaan gahee qaroomaa isaanirraa eeggamu bayachuu danda’anitti isaaniif haala mijeessutti deemaa jira. Dhaloonni haaroyni dhufu kun ulaagaalee fi seerota waan isarraa eegaman hojitti jijjiiruuf isa dandeessisanitti gargaarsifachuun bifa haarayaan qaramee ni dhiyaata:

Qur’aanni kabajamaan hojiiwwan baay’ee addunyaan akka uumama haaraya ufitti fudhatuu fi hojiiwwan gara garaa hojjataman akka uf eeggannoon hojjatamuu qaban hedduu nuuf himee jira. Kana biras kutuun samii fi dachiiwwaniinis akkana jedhe:

فَقَالَ لَهَا وَلِلْأَرْضِ أُنْتِ يَا طَوَّعًا أَوْ كَرِهًا قَالْنَا أَنَيْنَا طَائِعِينَ ﴿١١﴾ فصلت: ١١

[*Samii fi dachiin dirqamaan ykn fedhiin koottaa jennaniin, fedhii keennaan dhufne jedhan*] (*Fussilat: 11*). Qur’aanni argama Aadamiin duratti gara qaroomaattii yaamichi akka jiru akeeka. Hojiiwwan hundayyuu keessatti, fedhii fi jechi Rabbii itti makamee, isarraa ka’ee hawaan ykn seerri uumamaa ykn uumamni ilma namaa, biqilootaa fi bineensotaa mallattoolee jireenyaa isa jalqabaa argachuu danda’an.



Hojiin ijaarsa hawaa fi haalli jireenya dachii irraa jireenyaaf akka mijaawaa ta’u haala mijeessuun haala itti fufeen, jireenya ilma namaa kanarraa turtiin dheeraan hamma isaa Rabbiin malee namni biraa hin beekne irra dabree jira. Madaalliin ilmi namaa wayiif kaayu baay’ee gabaabaa ykn hanqinaan kan guutame waan ta’eef, dhimma bociinsaa kanarratti ibsaa fi beekkumsaa gahaa (guutuu) ta’e argachuuf ifaajuu hin qabnu. Akkasumas dhimmi Kanaan wal-qabaterratti tiyooriiwwan bu’aa hin qabnes lafa kaayaa ooluu hin qabnu. Waa’ee kanaa guututti beekuun dandeettii keenna oli. Yaaliin kanarratti taasifamu hedduun akkuma hayyoonni falaasama warra Girikootaa fi Islaamoonni karaa isaanii hordofan gariin ta’aa turan umrii qofa kanarratti fiuu ta’a. Kana yeroo jennu, shaakallii saayinsiin uumama waa’ee hawaa qorachuu irratti gaggeessee fi abuurraa inni seerota uumaan kun ittiin sosocho’u beekuuf gaggeesse irraa shakkii qabna jechuu miti. Uumama gadi bu’iinsaan qorachuun waan Qur’aanni keeyyatoota heddu keessatti itti nu yaame. Kan nuti jedhaa jirru, falaasama ilaalchaa jalqaba uumamaa, sababa uumamaa qorachuu, akkaataa dhuma warra jalqabaa...fi kkf. Akka Qur’aanni nuuf ibsutti hawaan/uumamni kun sosochii daaynaamikii keessa jira, fedhii Rabbiitiin yoomiyyuu babal’ataa deema:

وَالسَّمَاءَ بَنَيْنَاهَا بِأَيْدٍ وَإِنَّا لَمُوسِعُونَ ﴿٤٧﴾ الذاريات: ٤٧

*[Samii harkaan ijaarre, nuti isii babal’isa (diriirsa)]*  
*(Azzaariyaat: 47).*

Kaayyoon sadarkaa guutuu hawaa kunii fi sosochiin gama babal’inaattii kun, ilaalcha Islaamaa, sosochii seenaa dhala namaa, booddee ilmi namaa addunyaa kanarratti isa eegatu



*hundi handhuuraa isaati. Warri isa bira jiran (Malaa'ikooni) gabbara isaa irraa hin boonan, hin hifatan ykn hin dadhabanis] (al-Anbiyaa: 16-19).*

وَهُوَ الَّذِي خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ فِي سِتَّةِ أَيَّامٍ وَكَانَ عَرْشُهُ عَلَى الْمَاءِ لِيَبْلُوكُمْ بِإِذْنِكُمْ  
أَحْسَنُ عَمَلًا ﴿٧﴾ هود: ٧

*[Inni (Rabbi kan samii fi dachii guyyaa jaha keessatti uume, arshiin (teessoon isaa) saniin dura bishaani irra ture. Kunis isin keessaa eennutu caalatti hojii bareechee hojjataa isin qormaatuufi] (Huud: 7).*

وَجَعَلْنَا آيَاتٍ لِلنَّهَارِ وَاللَّيْلِ فَحَوَّنَا آيَةَ اللَّيْلِ وَجَعَلْنَا آيَةَ النَّهَارِ مُبْصِرَةً لِّيَتَّبَعُوا فَضْلًا مِّن رَّبِّكُمْ  
وَلِتَعْلَمُوا عَدَدَ النِّسْبِ وَالْحِسَابِ ۗ وَكُلَّ شَيْءٍ فَضَّلْنَاهُ نَفْصِيلًا ﴿١٢﴾ الإسراء: ١٢

*[Halkanii fi guyyaa mallattoolee lama goonee jirra. Mallattoo halkanii haqnee mallattoo guyyaatiin bakka buufna. (Kunis) akka isin tola Rabbii keessannii deemtanii barbaadattanii fi lakkoofsa ykn waggootaa fi hirreegaas akka beeytaniifi. Waan hundayyuu sirritti addaan baafnee jirra].*

الْمُنَافِقِينَ وَالْمُنَافِقَاتِ الْمُبْتَلِينَ الْمُلُوكِ الْقَاتِلِينَ الْمُظْلِمِينَ وَالظَّالِمِينَ  
الْمُنَافِقِينَ وَالْمُنَافِقَاتِ الْمُبْتَلِينَ الْمُلُوكِ الْقَاتِلِينَ الْمُظْلِمِينَ وَالظَّالِمِينَ

٢٩

*[Inni (Rabbi) kan waan dachii keessa jiru hunda isiniif uume. Saniin booda gara samiitti ol bayee samii turban wal-qixxeessee (uume). Inni waan hundayyuu beekaadha]. (Al-Baqarah: 29).*

اللَّهُ الَّذِي رَفَعَ السَّمَوَاتِ بِغَيْرِ عَمَدٍ تَرَوْنَهَا ثُمَّ أَسْتَوَىٰ عَلَى الْعَرْشِ وَسَخَّرَ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ كُلٌّ يَجْرِي لِأَجَلٍ

مُسَمًّى ﴿٢﴾ الرعد: ٢

[Akkuma isin argitan Allaahni (Rabbi) kan samii utubaa tokko malee olfuudhe. Saniin booda arshii irratti ol ta'e. (Inni) kan aduu fi ji'a isiniif laaffise. Hundinuu hanga yeroo isaaf murtaa'eetti ni yaa'u] (Arra'ad: 2).

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ بِسْمِ اللَّهِ

الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ

الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ

الْحَدِيد: ٤

[Inni (Rabbi) kan samii fi dachii guyyaa jaha keessatti uumee saniin booda arshii irratti ol ta'e. waan dachii keessatti dhokatee fi waan isii keessaa bayus ni beeka. waan samii irraa bu'uu fi waan gara samiitti ol bayus ni beeka. inni bakka isin jirtan hundattuu isin waliin jira. Rabbiin waan isin dalagdan argaadha] (al-Hadiid: 4).

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِيُبْلِغَكُمْ إِلَيْكُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا وَهُوَ الْعَزِيزُ الرَّحِيمُ ﴿٢﴾ الملك: ٢

[Inni (Rabbi) kan jireenyaa fi du'a uumeedha. Kunis isin keessaa eennutu caalatti hojii bareechisaaf isin qormaatuufi. Inni danda'aa fi araaramaadha] (Al-Mulku: 2).

[Ilmi namaa cal-jedheetuma waan dhiifamu se'aa] (Qiyaamaa: 36).

قُلْ أَيُّكُمْ لَتَكْفُرُونَ بِالَّذِي خَلَقَ الْأَرْضَ فِي يَوْمَيْنِ وَتَجْعَلُونَ لَهُ أَندَادًا ذَلِكَ رَبُّ الْعَالَمِينَ ﴿٩﴾ وَجَعَلَ فِيهَا رِوْسًا مِّن فَوْقِهَا وَبِزَكَ فِيهَا وَقَدَّرَ فِيهَا أَقْوَامًا فِي أَرْبَعَةِ أَيَّامٍ سَوَاءً لِلنَّاسِ لِيَوْمٍ ﴿١٠﴾ ثُمَّ أَسْتَوَىٰ إِلَى السَّمَاءِ وَهِيَ دُخَانٌ فَقَالَ لَهَا وَلِلْأَرْضِ أُنْتِيَا طَوْعًا أَوْ كَرْهًا قَالَتَا أَتَيْنَا لَطَائِعِينَ ﴿١١﴾ فَفَضَّضْنَهُنَّ سَبْعَ سَمَوَاتٍ فِي يَوْمَيْنِ وَأَوْحَىٰ فِي كُلِّ سَمَاءٍ أَمْرَهَا وَزَيَّنَّا السَّمَاءَ الدُّنْيَا بِمَصَابِيحَ وَحِفْظًا ذَلِكَ تَقْدِيرُ الْعَزِيزِ الْعَلِيمِ ﴿١٢﴾

فصلت: ٩ - ١٢

[Jedhiin (yaa Muhammad) isin Isaa dachii guyyaa lama keessatti uumetti kafartanii nama biraa isa madditti dabaltanii. Inni bar Rabbii waan hunda uume. Gubbaa dachiitiin waan isii gadi dhaab gaarren itti godhee, barakaa keessa kaayee, guyyaa afur keessatti waan nyaataaf isaaniif gayu haga isaa lafa kaayeeffii jira. Namabeekuu barbaaduufi. . Saniin booda haala samiin aara qofa taateen samii irratti ol ta'ee, isii fi dachiisiin fedhii keessanniin ykn dirqamaan tole jedhaa koottaa jennaaniin, fedhii keennaan tole jennee dhufne jedhaniin. Samii turban guyyaa lama keessatti xumuree, samii hunda keessatti ajaja labsee. Samii gara addunyaa (namaa) gadi dhiyaattu tana ifaa adda addaa fi tika gooneeffii jirra. Kuni madaallii danda'aa fi beekaati (Rabbiiti)] (Fussilat: 9-12).

Akka ilaalcha Islaamaatti, addunyaa fi uumamni kun guutumatti dhala namaatiifkan laaffifameedha. Addunyaa fi uumama kana Rabbiin seerota isaa fi hamma isaa akka dhimma

bu'uuraa dhalli namaa dachii kanarratti bakka bu'aa ta'uu isaa waliin deemuuf tolutti, akka inni uumama kanarraa fayyadamee kunuunsee dhimmi itti bayuu danda'utti bocee kaayee jira. akka fakkeenyaatti aduun ykn jiiyni iddoo isaaniif godhame kanarraa haga tokko osoo fagaatanii ykn osoo gadi dhiyaatanii, humni harkisa lafaa hanga silaa amma jiru kana caalaa osoo cimaa ta'ee ykn hanga ta'uu qabuu gadi osoo ta'ee, osoo bishaan galaanaa fi garbaa kunniin ashabummaa irraa qulqulluu ta'ee, osoo bal'inni dachee kun akka dalga ta'uu baatee bifa hojjaatiin gara oliitti diriiraa ta'ee, osoo bocni dachii kanaa geengoo ta'uu baatee silaa haalli jireenyaa akkam ta'a jennee haa yaannu mee.

Jechoota hayyuu seenaa biyya Ingiliizii Ornoold Tuweenii fi safartuuwwan inni qaroomaaf kaaye osoo fudhannee, addunyaan kun ilma namaatiif dadhabsiisaa osoo hin taane qeeqa wal-madaalaa ta'uu isaa argina. Kana jechuun itti gaafatamummaan isatti kenname kun kan gnkumaa fiixa bayuun hin danda'amnes miti, kan baay'ee salphaa ta'ees miti.

Kunis akka waan Rabbiin ilmi namaa itti gaafatamummaa dachii irratti bakka bu'aa ta'uu san fiixaan baasuuf haga tokko ifaajuu qaba jedheeti. Rabbiin akka ilmi namaa beekkumsa addunyaa kana guutuu qabaatu, akka inni seeraa fi iccitiwwan uumama kanaa hunda yeroo tokkotti salphamatti beeku hin goone. Sababni isaa kuni faallaa waa yaaduu, waa kalaquu, faallaa qaroominaa fi faallaa itti gaafatamummaa baadhachuu danda'uu waan ta'eefi.

Sababni isaas waa uumuu fi waan haaraya kalaquu danda'uun dandeettii fi cimina qabaachuu, rakkinootaaf saaxilamanii irraa barachuu barbaada. Yeroo tokkotti

iccitiiwwan uumamaa hunda salphamatti beekuun akka ilmi namaa ceem'aa ta'ee hafu isa godha. Kun immoo waan itti gaafatamummaan dachii dhaaluu ilma namaatiif kenname sun hin raggaasifneedha.

Ammas bifuma wal-fakkaatuun Rabbiin guddaan akka addunyaan kun waa'een isaa baay'ee wal-xaxaa, rakkisaa fi kan waa'een isaa namaaf ifa hin ta'in, kan namni isarraa waa hubatee waan haaraya kalaquuf hin dandeenne akka ta'us hin barbaanne. Kana ta'uun itti gaafatamummaa qaroomaa kan ilmi namaa bakka bu'aa Rabbiin dachii kanarratti bakka buusee akka inni addunyaa kana ijaaruuf ergeen waan wal-faallessuufi. Kanarratti Rabbiin guddaan akkana jedha:

﴿٢٧﴾ وَلَوْ سَظَّ اللَّهُ الرِّزْقَ لِعِبَادِهِ لَخَوَّفُوا فِي الْأَرْضِ وَلَكِنْ يُزِيلُ يُقَدِّرُ مَا يَشَاءُ إِنَّهُ بِعِبَادِهِ خَبِيرٌ بَصِيرٌ ﴿٢٧﴾ وَهُوَ

الَّذِي يُزِيلُ أَلْفَيْتَ مَنْ بَعْدَ مَا فَتَنُوا وَيُنشُرُ رَحْمَتَهُ، وَهُوَ الْوَلِيُّ الْحَمِيدُ ﴿٢٨﴾ وَمِنْ آيَاتِهِ خَلْقُ

السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَمَا بَثَّ فِيهِمَا مِنْ دَابَّةٍ وَهُوَ عَلَىٰ جَمْعِهِمْ إِذَا يَشَاءُ قَدِيرٌ ﴿٢٩﴾ وَمَا أَصَابَكُمْ مِنْ

مُصِيبَةٍ فِيمَا كَسَبْتُمْ أَيْدِيكُمْ وَيَعْفُوا عَنْ كَثِيرٍ ﴿٣٠﴾ السورى: ٢٧ - ٣٠

[Rabbiin gabroota isaatti osoo hiree (qabeenya) kana itti bal'isee, silaa dachii keessatti jallinaan lafa balleessan. Garuu (Rabbi) waan ufii fedhe haga isaan maluun buusa. Inni gabroota isaatiif beekaa fi argaadha. Inni kan eega namni abdi murateen booda bokkaa namaa roobee, badhaadhina isaa namaaf diriirsu. Inni mootii faarfamaadha. Mallattoolee (tokkummaa) Isaa keessaa samii fi dachii, akkasumas waan lubbuu qabu kan jara lamaanirra yaa'u uumuudha. Uumama kana yeroo fedhetti walitti qabuuf inni danda'aadha. Balaa irraa wanti isin hube, homa harki keessan dalageeni.

(Inumayyuu) hedduu (waan isin dalagdani) irra isinii darbej (Ashuura: 27-30).

الَّذِي جَعَلَ لَكُمُ الْأَرْضَ مَهْدًا وَجَعَلَ لَكُمْ فِيهَا سُبُلًا لَعَلَّكُمْ تَهْتَدُونَ ﴿١٠﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ  
بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى ﴿١١﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ  
صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى ﴿١٢﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ  
صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ الْعَظِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ  
الزخرف: ١٠ - ١٣

[Inni (Rabbi)kan dachii diriiraa isiniif godhe, kan isii keessattis akka karaa qajeeltaniif xurreewwan isiniif taasise. Inni kan samii irraa bishaan (rooba) hamma isaan maluun isinii buusee biyya duute mara ittiin jiraachifneedha. Isinis (yaa ilma namaa) haaluma Kanaan (eega duutaniin booda qabarii irraa) kaafamuuf jitu. Inni kan waan hundarraa xundaa uume. Akkasumas doonii fi horii irraa kan waan yaabbattan isiniif uumeedha. Kunis akka dugda isii irratti ol taatanii (yabbattanii) saniin booda yeroo yaabbattan tola Rabbiin isinitti oole yaadattanii, Rabbiin kana nuuf laaffise (waan Isaan hin malle hundarraa) qulqullaaye, nuti silaa kan dandeennu hin taane akka jettaniifi] (Azzukruf: 10-13).

Keeyyatoonni Qur'aanaa kanneen akka Rabbiin uumama kana namaaf laaffise dubbatan baay'ee hedduu fi kan lakkaayamanii hin dhumneedha. Laaffisni Rabbi namaaf laaffise kunis, laaffisa jiddu-galeessa akka ilmi namaa marallee ufitti amanee ani homa hundayyuu sirritti beeka jedhee harka maratee hin teenne dhoorguu fi laaffisa ilma namaa hojiin ala godhee,



dandeettii waa kalaquu isaa keessatti ajjeesu osoo hin taane, kan namni akka hojjatuu fi akka inni dachii tana misoomsuuf isa kakaasuudha.

Keeyyatoonni Qur'aanaa kanneen uumamni kun akka ilma namaatiif laaffifamee fi akka inni itti gaafatamummaa dachii irratti isatti kenname san bayachuuf isaaf mijeeffame ta'uu dubbatan hedduudha. Keeyyatoonni kunniinis gahee qaroomawaa ilmi namaa taphachuu danda'u irratti ilaalcha gaarii namaaf kenniti, ilaalcha dabaa seerota baay'ee namaan bocamanii kanneen ilma namaa irraa dandeettii isaa sarbee, mirga inni uuama kana waliin wal-hubachuuf qabu irraa fudhatee guutummaan guututti fedhii uumama kanaa fi seerota sosochii isaatiif akkuma jirutti bitamuufitti nama ajaju kan ilmi namaa waan uumamni jedhu akkuma jirutti fudhachuu malee dandeettii isa ufirraa qolachuu wayiituu hin qabu jedhu irraa nama tiksa.

وَسَخَّرَ لَكُمُ اللَّيْلَ وَالنَّهَارَ وَالشَّمْسَ وَالْقَمَرَ ﴿١٢﴾ النحل: ١٢

*[(Rabbi) halkan, guyyaa, aduu fi ji'a isiniif laaffise (kasoomsee) jira] (Annahli: 12)*

الضَّمْنَ الْجَنَّةِ الْمَبْفُوقَةَ النَّجَّائِ الْفَلَاحِ الْبَحْرَيْنِ الْمَلِكِ الْقَسْبِ الْمَقْلَةِ الْمُجَلَّاحِ نُوْحِ

لِلْبَيْتِ الْمُبْرَكِ الْمُنْفَرِ الْقِيَامَةِ الْأَسْتَكِ الْمُسْتَلَاتِ النَّبَا الْفَارَعَاتِ عَيْسَى الْبَكْوَنِ الْأَنْطَلِخِ

المطْفئِ الْأَشْفَقِ إِبْرَاهِيمِ: ٣٢ - ٣٣

*[(Rabbi) doonii akka isiin ajaja Isaatiin galaana keessa isiniin deemtuuf isiniif aaffisee jira. laggeenis isiniif laaffise. Aduu fi ji'a soschii irraa yeroo kamiyyuu hin dadhabnes isiniif laaffisee jira, halkanii fi guyyaas isinii laaffise] (Ibraahiim: 32-33).*

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى ﴿٦٥﴾ الرَّحْمَنُ  
الحج: ٦٥

[Hin argituu, Rabbiin waan dachii keessa jiru isiniif laaffisee (kasoomsee) jira] (Al-Hajji: 65).

Waa'ee nabi Suleeymaan ilaalchisee Rabbi Akkana jedha:

الْبَيْتِجِ الْمَخْرَجَاتِ نَبَاتِ الدَّارَاتِ الْبُطُورِ الْبَعْنِ الْفَيْكِي الْكُحْنِ الْفَافِجِيَّةِ ص: ٣٦

[Bubbee isaaf laaffifnee jirra. Ajaja isaatiin tole jettee bakka inni barbaade isa geessiti] (Saad: 36).

وَلَيْن سَأَلْتَهُمْ مَنْ خَلَقَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَسَخَّرَ الشَّمْسَ وَالْقَمَرَ لِيَقُولَ اللَّهُ فَأَنْ يُؤْفَكُونَ ﴿٦١﴾

العنكبوت: ٦١

[Kan samii fi dachii uume, kan aduu fi ji'a ilma namaatiif kasoomse eennu jettee osoo gaafattee, Allaahi siin jedhu] (Al-Ankabuut: 61).

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى ﴿٦١﴾ إِنَّ اللَّهَ

اللَّهُ لَقَمَان: ٢٠

[Hin argituu, Rabbiin waan dachii fi samii keessa jiru isiniif laaffisee (kasoomsee) jira] (Luqumaan: 20).

### Sadaffaa

Akka ilaalcha Islaamaatti, caaseffama qaroomaa keessatti gamni inni biraa ilma namaati. Waa'een kanaas dhaloota nabi Aadam irraa eegala. Kunis argama ilma namaatiif inni dhagaa isa bu'uuraa waan ta'eefi. Kana ilaalchisee Rabbi akkana jedhe:

وَإِذْ قَالَ رَبُّكَ لِلْمَلَكَةِ إِنِّي جَاعِلٌ فِي الْأَرْضِ خَلِيفَةً قَالُوا أَتَجْعَلُ فِيهَا مَنْ يُفْسِدُ فِيهَا  
وَيَسْفِكُ الدِّمَاءَ وَنَحْنُ نُسَبِّحُ بِحَمْدِكَ وَنُقَدِّسُ لَكَ قَالَ إِنِّي أَعْلَمُ مَا لَا تَعْلَمُونَ ﴿٣٠﴾ وَعَلَّمَ آدَمَ  
الْأَسْمَاءَ كُلَّهَا ثُمَّ عَرَضَهُمْ عَلَى الْمَلَكَةِ فَقَالَ أَنْبِئُونِي بِأَسْمَاءِ هَؤُلَاءِ إِنْ كُنْتُمْ صَادِقِينَ ﴿٣١﴾ قَالُوا  
سُبْحَانَكَ لَا عِلْمَ لَنَا إِلَّا مَا عَلَّمْتَنَا إِنَّكَ أَنْتَ الْعَلِيمُ الْحَكِيمُ ﴿٣٢﴾ قَالَ يَتَّكِدُمْ أَنْفُسُهُمْ بِأَسْمَائِهِمْ فَلَمَّا  
أَنْبَأَهُمْ بِأَسْمَائِهِمْ قَالَ أَلَمْ أَقُلْ لَكُمْ إِنِّي أَعْلَمُ غَيْبَ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَأَعْلَمُ مَا تُبْدُونَ وَمَا كُنْتُمْ  
تَكْتُمُونَ ﴿٣٣﴾ وَإِذْ قُلْنَا لِلْمَلَكَةِ اسْجُدُوا لِآدَمَ فَسَجَدُوا إِلَّا إِبْلِيسَ أَبَى وَاسْتَكْبَرَ وَكَانَ مِنَ الْكَافِرِينَ  
﴿٣٤﴾ وَقُلْنَا يَا آدَمُ اسْكُنْ أَنْتَ وَزَوْجُكَ الْجَنَّةَ وَكُلَا مِنْهَا رَغَدًا حَيْثُ شِئْتُمَا وَلَا تَقْرَبَا هَذِهِ الشَّجَرَةَ فَتَكُونَا  
مِنَ الظَّالِمِينَ ﴿٣٥﴾ فَأَزَلَّهُمَا الشَّيْطَانُ عَنْهَا فَأَخْرَجَهُمَا مِمَّا كَانَا فِيهِ وَقُلْنَا اهْبِطُوا بَعْضُكُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ  
وَلَكُمْ فِي الْأَرْضِ مُسْتَقَرٌّ وَمَتَاعٌ إِلَىٰ حِينٍ ﴿٣٦﴾ فَلَقِيَ آدَمُ مِنْ رَبِّهِ كَلِمَتٍ فَلَبَّسَ اللَّهُ عَلَيْهِ لَبَاسًا إِنَّهُ هُوَ النَّوَّابُ الرَّجِيمُ ﴿٣٧﴾  
قُلْنَا اهْبِطُوا مِنْهَا جَمِيعًا فَإِمَّا يَأْتِيَنَّكُمْ مِنِّي هُدًى فَمَنْ تَبِعَ هُدَايَ فَلَا خَوْفٌ عَلَيْهِمْ وَلَا هُمْ يَحْزَنُونَ  
﴿٣٨﴾ وَالَّذِينَ كَفَرُوا وَكَذَّبُوا بِآيَاتِنَا أُولَٰئِكَ أَصْحَابُ النَّارِ هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿٣٩﴾ البقرة: ٣٠ - ٣٩

*[(Dubbadhu yaa Muhammad) yeroo Rabbiin kee Malaa'ikootaan Ani dachii keessatti bakka bu'aa uumuu heda jedheen. (Malaa'ikoonnis) nama isii (dachii) irratti badii dalagu, kan dhiiga dhangalaasu irratti uumtaa? Nuti si faarsuun si qulqulleessina, si ulfeessina jedhaniin. Ani waan isin hin beekne beeka jedheen. Aadamiin maqaa waan hundaatuu barsiisee, booda Malaa'ika irra fidee, yoo ka dhugaa dubbattan taate maqoota wantoota kanneenii naaf himaa jedheen. Isaanis, Ati ququllooftee jirta! Waan ati nu barsiifteen ala beekumsa wayiituu hin qabnu. Ati beekaa fi ogeessa jedhaniin. (Rabbis)*

*Aadamiin maqaa isaanii itti himi jedheen. Inni maqaa isaanii himeefi jennaan, Ani waan dachii fi samii keessatti dhokate hunda beeka, waan isin dhoksitaniif fi ifatti baaftan hunda beeka isiniin hin jennee jedheen (Rabbi). [(Dubbadhu yaa Muhammad) yeroo Rabbiin kee Malaa'ikootaan Aadamiif sujuuda godhaa jennaan, Ibliisa (sheyxaana) malee hunduu sujuuda bu'an, sheyxaanni didee boonee warra Rabbitti kafarerraa ta'e. Yaa Adam! Atii fi haati manaa keetis Jannata keessa jiraadhaa, akka feetanitti bashannanaa isii keessaa nyaadhaa, muka kanatti hin dhiyaatinaa warra lubbuu ufii miidherra taatanii jenneen. Sheyxaanni dogongoratti isan oofee bakka isaan jiraataa turan (jannata) keessaa isaan baase. Gariin keessan diina gariiti, jannata keessaa gadi bu'aa, hanga gaafa guyyaan (du'a) keessanii gayutti dachirra qubadhaa waan isirra jirutti fayyadamaa jenneen. Adam jechoota Rabbii isaa ittiin kadhatu Rabbi afaan isaatti darbee kadhatee jennaan Rabbiin toowbaa isatti deebi'e. Inni kan deebii namaa namaarraa fuudhuu fi namaafis mararfatuudha. Isin hunduu jannata keessaa gadi bu'aa, qajeellummi narraa ta'e isinitti ni dhufa jenneen. Namni qajeelluma kiyya hordofe sodaa fi naasuun wayiituu isarra hin jiru. Warroonni Rabbiin dhugoomsuu didanii keeyyatoota keenna kijibsiisan, isaan warra ibiddaati, isa keessa hundeefturu] (al-Baqarah: 30-39).*

Kuni dhimmi argama dhala namaa ibsuu irratti ibsabal'aa fi ifa gala ta'eedha. Ibsi Qur'aanaa kunis ibsa wal-jajjabeessu kan namaaf ifa gala ta'eedha. Oduuleen yahuudotaa fi yaaliiwwan sammuu dhiphootaa muraasniakkaataa argama dhala namaa kanarratti yaalii fi ibsa jaarraa hedduuf kennuuf

yaalaniin yeroo baay'ee fashalaayanii jiru. Ibsi Qur'aanni kenne immoo bifa ifa gala fi hubatamaa ta'een hundeeff (yeroo dhuma hin qabneef) osoo hin jijjiiramne tura.

Ibsa fuulleffataa kanarraa ka'uun seerota bu'uura fi sonoota dimshaashawaa sadarkaa kutaalee fi gadi bu'iinsaan ilaaluu bira kutaa ta'e, kan dhimma ilmi namaa dachii kana keessatti Rabbirraa bakka bu'aa ta'uu fi akka inni waa baratu, waa hubatuu fi waa hojjachuu danda'uuf Rabbi dandeettii isaa kennuu ibsuu irratti ibsa gahaa kennu, isa kabajuuf jecha Malaa'ikaa isaaf sujuuda buusisuu, sheyxaanaan walitti bu'uu fi wal'aansoon jidduu gama lamaanii jiddutti eegaluu, sababa wal'aansoo kanaatiif yeroo muraasaaf jannata keessaa gara dachiitti gadi buufamuu, gaheen ilmi namaa addunyaa kanarratti qabu hunduu Rabbii tokkicharraa qajeelluma fudhachuu fi qajeelluma Kanaan eegareen dhalli namaa sababa qajjeelluma dachii fi samii kana keessa jiruutiin maal ta'uu akka danda'u murteessuu irratti kan hundaa'e ta'uu irratti ibsa gahaa nuuf kenna.

Kan gubbatti tarreessine kun, sonoota bu'uura kan keeyyatoonni Qur'aanaa kun mamaaf ibsaniidha. Ibsi kunis ilaalcha Islaamni qaroomaaf qabu hubachuuf nu gargara. Sonooni kunniin sonoota ifa galoo, ciccimoo, kan wal-utubuu fi itti fufiinsa qabuudha. Sonooni kunniin yaaliiwwan argama dhala namaa kan jalqabaa ibsuu fi hundeeffan qaroomaa eessarraayyi jechuu irratti falaasama dhala namaatiin kaayaman kan ifa galiinsa hin qabnee fi kan sammun namaa hin fudhanne hunda dhabamsiisa. Sababni isaas falaasamni namaa kun jalqabbiin argama dhala namaa tasa argame ykn uumatu

uumama isaa guddisuu fi fooyyessuu barbaade jechuun yaada wal-faallessuu fi wal-diigu waa'ee bu'uura jireenyaa irratti odeessu.

Rabbi akka ilmi namaa dachii irratti bakka bu'aa isaa ta'uuf jecha sammuu waa barachuu dandeettu, qaama waa raawwachuu, hojjachuu fi kalaquu danda'u fi jireenya gaarii ilaalcha sammuu isaa fi fedhii lubbuu isaa waliin deemu filachuuf jecha immoo fedhii waa filachuu isaaf kennee jira. Akka gadi aantummaa namatti hin dhagayamnee fi addunyaa kanaaf maal gumaachuu danda'a jedhee sammuu isaa keessatti yaanni dogongoraa akka hin yaaneef jecha, kabaja isaa olfuudheefi akka Malaa'ikoonni isaaf sujuuda bu'an ajajee jira. Kuni immoo shakkii tokko malee gaheen ilmi namaa addunyaa kanarratti qabu cimaa ta'uu, kan humna waa ittiin hojjatu qabuu fi qaama waa xiinxalu, waa raawwatu, waa fedhuu fi waa addaan filatu ta'uu isaa agarsiisa. Miirri kunis qarooma kamiyyuu lafarratti argamsiisuuf miira isa bu'uuraati.

Yaada olitti dubbanne kana irratti akka dhalli namaa gahee qaroomaa bayatuuf addunyaan/uumaan kun isaaf laaffifamuu yoo itti daballe, akkasumas yaada uf duratti dubbachuuf deemnu kan sosochii dhalli namaa addunyaa kanarratti godhu sakatta'uu fi seera qabeessa godhuuf barumsi dirqama jedhu yoo itti daballe; yaaliiwwan dachii kunuunsuu fi addunyaa qaroomaan haguuguuf dhalli namaa taasisu keessatti sonoonni kunniin baay'ee gadi fageenya kan qabanii fi kan waan hunda uf keessatti qixxisan ta'uu isaa argina.

Qur'aana keessatti dhimmi ilmi namaa dachii kaarratti bakka bu'aa ta'uu isaa keeyyatoota hedduu keessatti

dubbatamee jira. Kunis bakka bu'ummaan kun akka ilaalcha Islaamaatti caaseffama qaroomaa keessatti iddoo guddaa qabaachuu isaa agarsiisa. Rabbi akkana jedha:

هُوَ الَّذِي جَعَلَكُمْ خَلَائِفَ فِي الْأَرْضِ ۖ فَمَنْ كَفَرَ فَعَلَيْهِ كُفْرُهُ، وَلَا يَزِيدُ الْكَافِرِينَ كُفْرُهُمْ إِلَّا مَقْتًا ۗ وَلَا

يَزِيدُ الْكَافِرِينَ كُفْرُهُمْ إِلَّا خَسَارًا ﴿٣٩﴾ فاطر: ٣٩

[Rabbi kan dachii irratti bakka buutota isin taasisseedha. Namni (tokkichummaa Rabbii) morme/waakkate lubbuma isaa miidhe. Warroota tokkichummaa Rabbii morman kanaaf mormiin isaanii Rabbiin biratti jibbamiinsa malee homaa hin dabaluuuf. Warroota tokkichummaa Rabbii morman kanaaf mormiin isaanii hoongoo malee homaa hin dabaluuuf] (Faaxir: 39).

مَجْنُونَ الْعَقْبِ وَالْمَجْرِبَاتِ فَتِ اللَّارِبَاتِ الطُّورِ الْجَنَّةِ الْفَسْخِ الرِّجْمِ الرَّافِعَةِ الْحَائِدِ

الْحَائِلَةِ الْجَنَّةِ الْمُبْتَلَةِ الصَّفَةِ الْجَنَّةِ الْمُبَافِقَةِ الْعَبَابِ الطَّلَاقِ الْجَنَّةِ الْمُبَارِكِ الْمَلِكِ

الْقَتْلِ الْمَقْتَلِ الْمَعْلُومِ الأعراف: ١٢٩

[Warri ilmaan Israa'iil nabi Muusaan) osoo ati nutti hin dhufin duras eega ati dhufteen boodas miidhamnee jirra jennaan, tariitii Rabbiin keessan (kan isin miidheef) diina keessan galaafatee, dachii tana isin dhaalchisee waan isin isii keessatti dalagdan isin ilaaluuf ta'utu mala jedheen] (al-A'araaf: 129).

ثُمَّ جَعَلْنَاكُمْ خَلَائِفَ فِي الْأَرْضِ مِنْ بَعْدِهِمْ لِنَنْظُرَ كَيْفَ تَعْمَلُونَ ﴿١٤﴾ يونس: ١٤

[Saniin booda (eega ummatoota isin duraa galaafanneen booda) dachii tana keessatti bakka bu'aa isin goonee jirra.

*Kunis waan isin dachii tana keessatti dalagdan isin ilaaluufi]*  
(Yuunus: 14).

الْحَرُونَ الذُّخَانَ الْمَائِيَّةَ الْإِخْفَالَ مَجْنُونَ الْبَنَاتِ الْحِجَارَاتِ فَتِ الدَّارَاتِ الظُّنُورِ الْبَغِيَّةِ  
الْقَبِيَّةِ الرَّحْمِ الْوَأَفِيَّةِ الْجُرَادِ الْحِجَارَاتِ الْمَجْنُونَ الْمَائِيَّةَ الصُّنُورِ ۝ ٦٢

*[Dhiphataa (rakkataa) yeroo inni Isa kadhate kan isaaf  
awwaatu, kan rakkoo san irraa saaqee dachii keessatti bakka  
bu'aa isin godhe eenyu? Rabbiin waliin gabbaramaan biraa ni  
jiraa? Xinnoma isii hin yaaddanii?]* (Annaml: 62).

وَعَدَّ اللَّهُ الَّذِينَ ءَامَنُوا مِنكُمْ وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ لَيَسْتَخْلِفَنَّهُمْ فِي الْأَرْضِ كَمَا اسْتَخْلَفَ الَّذِينَ مِن  
قَبْلِهِمْ وَلَيُمَكِّنَنَّ لَهُمْ دِينَهُمُ الَّذِي ارْتَضَىٰ لَهُمْ وَلَيُبَدِّلَنَّهُم مِّن بَعْدِ خَوْفِهِمْ أَمْنًا يَعْبُدُونَنِي لَا يُشْرِكُونَ  
بِي شَيْئًا وَمَن كَفَرَ بَعْدَ ذَلِكَ فَأُولَٰئِكَ هُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿٥٥﴾ ۝ النور: ٥٥

*[Isin keessaa namoota (Rabbitti) amananii waan  
gaggaarii hojjatan akkuma warra isaaniin duraa dachii  
dhaalchisetti, dachii kanarratti bakka bu'aa taasisuu waadaa  
galee jira. (Akkasumas) amantii isaaniif filate (jaalate) isaaniif  
tumsuufii/haala mijeessuufiillee (waadaa galee jira). Eega isaan  
(nagaya dhabanii) sodaataa turaniin booda nagayatti isaaniif  
jijjiirra. (Ulaagaan tumsa kana argachuutis) Ana qofa  
gabbaruu fi homa takkayyuu natti dabaluu dhabuudha. Namni  
Kanaan booda tola kana morme warra Rabbiin tole jechuu  
diderraayyi]* (Annuur: 55).

**Afraffaa**

Akka ilaalcha Islaamaatti, gamni inni afraffaan  
caaseffama qaroomaa waliin wal-qabate inni biraa sagantaa  
hojiiti, kana jechuun ibsa biraatiin sagantaa amantiiti jechuudha.



Islaamummaa keessatti amantii jechuun adeemsa jireenya walii galaa kan ilmi namaa akka inni jedhutti, akka ajaja, karoora fi fuulleffannaa isaatti keessa sosocha’u, kan bakka bu’ummaa qaroomaa isatti kenname akka amantiin kun jedhutti bayatu jechuudha. Amantiin ala ilmi namaa karaa irraa maqa, hojii isatti kenname raawwachuuf humna dhaba. Kana jechuun gahee guddinaa isaaf lafa kaayame kan baay’ee ulfaataa fi dheeraa ta’ee san hojiin argisiisuu irratti humna dhabaa deema jechuudha. Haala Kanaan Adam yeroo jannata keessaa gadi buufame irraa eegalee jechoota isaaf qajeellumaa fi xurree ta’an Rabbii isaa irraa fudhataa ture.

Akka ilaalcha kanaatti amantii (*Addiin*) jechuun sagantaa qaroomaa fakkaata. Akka ilaalcha amantiitti, jireenya addunyaa jechuun shaakalliiwwan qormaataa fi bu’aa bayii jechuu eega ta’e, hiikni isaa jireenyi kun hojii itti fufaa fi kalaqa yeroo hundaa namarraa barbaada jechuudha. Garuu hojii kamtu ykn kalaqa kamtu akka ilmi namaa yeroo isaaf kenname keessatti xumuruu qabu dirqama irratti taasifama? Kunis wanta mariin malee kophatti waan fedhan hojjatanii miti, dhimmoota kutaaleen gargara cicciramanis miti. Akkasumas wanta seeraan hin daangeffamne kan kaayyoo deemuuf hin qabnes miti. Hojii fi kalaqni kun kan karooraan lafa kaayamanii ka’umsa dimshaashaa qaban, kan seera saganteeffamaa kaayyoo deemuuf qabu irraa ka’aniidha. Hojiin kunis Rabbiin gabbaruu, gara Isaatti fuula deebi’uu fi Isa qofarraa waa fudhachuudha.

## Kaayyoon Ifa Galaa Ta'uu

Akka ilaalcha amantii waan hunda uf keessatti qabatuutti, Rabbiin qofa gabbaruu jechuun, kaayyoo namni dhuunfaa fi garees gosa hojii qarooma isaa hunda gara isaatti fuulleffachiisuu qabuudha. Seeronni namaan bocaman sosochii qarooma isaatiif yeroo karoora bocatan akkuma hayyuu *Heeygil* biratti beekamutti yeroo garii fakkeenyummaa fi yaada ifa galaa ta'e qabaachuu dhabuun ibsama. Yeroo garii immoo akka hayyuu *Maarkisii fi Ingiler* biratti beekamuttirakkina qabeenyaatu isa mudata jechuun beekama. Ilaalchi *Heeygil* kan biyya takka taate argamsiisuu jedhu kun akka mootummaan siyaasa gadhee kufiinsa qaroomaa fi doorsisa dhala namaatti geessu raawwatuuf haala isaaf mijeesse. Akkasumas akka namoonni biraa ol'aantummaa (abbaa irrummaa) gareen hojjattootaa qaban dhaadhessanii, kaayyoo kamittuu gayuuf tooftaan isaan fayyadaman hayyamamaadha yaada jedhutti geese. Kun immoo garee isaan morman irratti duguuggaa sanyii akka raawwatan taasisee jira. Kunis wanta gonkumaa qarooma dhala namaa waliin hin deemneedha.

Kaayyolee seeronni namaan bocaman kunniin shakkii tokko malee dhufuuf jira jedhaniin boodatti hoo maaltu jira? Seeronni namaan bocaman kunniin yeroo dhufiinsa kaayyolee kanaa raggaasisan sosochiin ilma namaa fi haalli guddina qarooma dhala namaa daaynaamikiidha yaada jedhan saniin wal-faallessaa jiru. Eega gareen hojjattootaa abbaa irree ta'ee argameen booda maaltu jira?

Muuxannooleen ilma namaa baay'ee bal'aa fi waa heddu kan uf keessaa qabu waan ta'eef, gareeleen muraasni

ol'aantummaa isaanii argisiisuun dirqamaan hawaasa tokko godhuuf deeman, kan namoota isaan irraa adda ta'an haamuuf deeman kan danda'anii miti. Ol'aantummaan garee muraasaa kun babal'achuun qindoominaa fi seer-qabeessummaa kanniisaa fi mixiiwwan qaban kan ogummaa fi hojii caalmaa oomishuun beekamanii gadi ta'ee argama. Kanaafuu muxannoon dhala namaa bal'aan, dureessi fi wal-xaxaa ta'e kun harka nama muraasaa qofa keessa galee, gochoota diinummaa fi doorsisaa namoota isaaniin ala jiru irratti raawwachutti kan geessu ta'uu hin qabu.

Seeronni namaan bocaman kan amaloota olitti ibsine kanniin qaban, yaanni isaa ifa galiinsa qabaachuu dhabuu, wal-faallessuu fi yaada qaama alaa irraa dhufuuf banaa ta'uu dhabuun isaa amaloota isaa keessaa muraasa yoo ta'u; Islaamummaan immoo waan hunda bifa ifa galaa fi hubatamaa ta'een ifatti namaaf ibsee jira. Innis: Rabbiin gabbaruu, isatti fuula deebi'uu fi isarraa waa eeggachuudha. Akka dhalli namaa hunduu tooftalee kabajamoo hundatti dhimmi bayee namoota hafan hunda gara kaayyoo kanaatti waamus nama Rabbitti amane hundarraa barbaada:

وَقَنَلُوهُمْ حَتَّى لَا تَكُونَ فِتْنَةً وَيَكُونَ الدِّينَ لِلَّهِ <sup>ط</sup> (١٩٣) البقرة: ١٩٣

*[(Warra Rabbiin dide) akka balaan hin argamnee fi hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti lolaanii] (Al-Baqarah: 193).*

Ilmi namaa dhuunfaa fi gareenis yeroo hedduu, geengoon bilisummaa isaa kun daangeffamaa ta'uu isaa ni dagata. Geengoon bilisummaa ilmi namaa waan dalagu keessatti qabu, tarkaanfiiwwan fudhaturratti qabu, kaayyolee jala

masakamuu keessatti qabu daangeffamaadha. Kanaan alattis ilmi namaa, seerota Rabbiin biraa dhufan kan andeettii fi humna isaatii ol ta’aniin kan daangeffameedha. Kanaan alatti dhugaa fi haqqummaan duratti hin deeman, seerri uumama kanaa tasgabbiin hin dhaabbatu, dhalli namaa lafa kanarratti hin jiraatu, ogummaan Rabbi hawaa fi uumama kana hunda uumee olii gadi sosochooseef hin mirkanaayu. Keeyyatoonni Qur’aanaa asiin gaditti jiran kunniin waa’ee kanaa kallattiiwwan adda addaatiin nuuf ibsu:

الْبُرْقَانِ الشَّجَرَةِ النَّارِ الصَّخْرِ الْعَبْرَةِ الْبُرْقَانِ السَّجَرَةِ الْأَجْرَانِ فَضَلَاتِ

الحجر: ٨٥

[Samiwwan, dachii fi waan jidduu jara lamaanii jiru dhugaan malee hin uumne] (Al-Hijr: 85).

صَدَّ وَاللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ الرَّعْد: ١٥

[Wanti samiwwanii fi dachii keessa jiru hundi fedhii isaatiinis ta’ee dirqamaan Rabbiif sujuuda bu’a] (Arra’adu: 15).

وَاللَّهُ يَسْجُدُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ مِنْ دَابَّةٍ وَالْمَلَائِكَةُ وَهُمْ لَا يَسْتَكْبِرُونَ ﴿٤٩﴾ النحل:

٤٩

[Wanti samiwwanii fi dachii keessa jiru hunduu, wanti lafarra deemuu fi Malaa’ikooni hunduu hin boonan Rabbiif sojuuda bu’u] (Annahl: 49).

وَاللَّهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَلَهُ الدِّينُ وَأَصْبَأُ أَفْعَرِ اللَّهُ نُنْفُونَ ﴿٥٢﴾ النحل: ٥٢

[Wanti samiwwanii fi dachii keessa jiru hunduu Isaafi (Rabbiifi). Amantiinis isaaf hundee ta’a. Rabbiin malee waan jiru sodaattanii?] (Annahli: 52).

نَسِخَ لَهُ السَّمَوَاتِ السَّبْعَ وَالْأَرْضَ وَمَنْ فِيهِنَّ وَإِنْ مِنْ شَيْءٍ إِلَّا يَسْحُبُ بِحَبْرِهِ. وَلَكِنْ لَا تَفْقَهُونَ تَسْبِيحَهُمْ إِنَّهُ كَانَ

حَلِيمًا عَفُورًا ﴿٤٤﴾ الإسراء: ٤٤

[Samiwwan turban, dachii fi wanti isii keessa jiru hunduu Isa (Rabbiin) faarsiti. (Uumama) hunda keessaa wanti Rabbiin hin faarsine hin jiru. Garuu isin (ilmi namaa) akkaataa faarfannaa isaanii hin beeytan waan ta'eefi malee. Inni (Rabbi) obsaa fi araaramaa ta'ee jira] (al-Israa: 44)

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ نَسِخَ اللَّهُ

الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ ص: ٢٧

[Samiwwan, dachii fi waan jidduu jaraa jiru dharaan hin uumne. Sun waan namoonni Rabbiin morman se'an. Warra Rabbiin mormeeff badii isaanii ibiddatu isaan eggata] (Saad: 27).

أَوْ لَمْ يَنْفَكُوا فِي أَنْفُسِهِمْ مَا خَلَقَ اللَّهُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا إِلَّا بِالْحَقِّ وَأَجَلٍ مُّسَمًّى وَإِنَّ كَثِيرًا

مِنَ النَّاسِ بِلِقَائِ رَبِّهِمْ لَكَاذِبُونَ ﴿٨﴾ الروم: ٨

[Sila isaan matama isaaniitii gadi bu'anii uf hin xiinxallanii. Rabbiin samiwwan, dachii fi waan jidduu jara lamaanii jiru dhugaan malee hin uumne, haga yeroo murtaa'eetiif (hanga guyyaa qiyaamaatti). Hedduun ilma namaa Rabbiin wal-gayuun akka jiru ni mormu] (Arruum: 8).

اللَّهُ خَلَقَ كُلَّ شَيْءٍ وَهُوَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ وَكِيلٌ ﴿٦٢﴾ لَهُ مَقَالِدُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ وَالَّذِينَ كَفَرُوا

بِعَايَنَتِ اللَّهُ أَوْلِيَاءَهُمْ الْخَاسِرُونَ ﴿٦٣﴾ الزمر: ٦٢ - ٦٣

[Rabbi uumaa waan hundaati. Inni waan hundarratti kan itti abdatamuudha. Furtuun kaaznaa samiiwwanii fi dachii keessaa harka isaa jira. Isaannan mallattoolee Rabbii ykn Qur'aana Rabbii morman warra hoongaye irraayyi] (Azzumaru: 62-63).

السُّمُورُ وَالرَّجُومُ وَالْجُبَانُ الْمُنَافِقُونَ الْآخِطَاءُ الْمُجْتَنِبُونَ الْمُجْرِمُونَ فَتَى الدَّارَاتِ الْبُحُورِ  
 الْبُحُورِ الْعَبِيدِ الرَّحْمَنِ الْوَالِعِينَ الْمُرِيدِ الْجَاهِلِينَ الْمُتَمِيزِينَ الْمُتَمِيزِينَ الْمُتَمِيزِينَ الْمُتَمِيزِينَ  
 الْعَجَابِينَ الطَّلَاقِ الْبَيْتِ الْمَلِكِ الْقَلْبِ الْمَطْلُوعِ الْمُجَلَّلِ نُوحِ الْمُؤْمِنُونَ: ٧٠ - ٧١

[(Kuffaartoonni Qureeyshaa nabi Muhammad itti ergamanii jennaan) inni Jinnii qaba jedhan. Inni dhugaa qabatee isaanitti dhufe. Hedduun isaanii dhugaa hin jaalatan. Osoo dhugaan fedhii lubbuu isaanii jala ka demu ta'ee silaa samiiwwan, dachii fi wanti isaan lamaan keessa jiran hundi bade. Nuti waan kabaja isaaniif qabu (Qur'aanaan) isaanitti dhufne, isaan kabaja kanarraa dugda galan] (al-Mu'uminuun: 70-71).

وَلَهُمْ فِي السَّمٰوٰتِ وَالْاَرْضِ كُلُّ لَهٗ قٰنُوْنٌ ﴿٣٦﴾ الروم: ٢٦

[Wanti samii fi dachii keessa jiru hunduu kan isaati. Uumamni hunduu ajaja isaatiif bitamaadha (maskamaadha)] (Arruum: 26).

الْاَنْطٰرُ الْمَطْفُوفِ الْاَسْفَلِ الْبُرُجِ الطَّارِقِ الْاَعْلٰى الْعٰشِيَةِ الْعَجْرِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ  
 الضُّحَى الشَّرْحِ التَّبْرِ الْعَلَقِ الْبَيْتِ الدَّخَانِ: ٣٨ - ٣٩

[Samiiwwan, dachii fi waan jidduu jaraa jiru taphaaf hin uumne. Dhugaaf malee waan biraatiif hin uumne. Garuu namoonni hedduun kana hin beekan] (Addukaan: 38-39).

## **Daangaawwan Filannoo fi Dirqamootaa**

Hawaa nu marsee jiru kana osoo xiinxallinee ilaallee, uumama Rabbiin uume keessaa kutaa isa tokko waan taaneef, jaalannus jibbinus nuti dirqamsiifota. Nuti dhalachuuf dirqamtoota, du'uufis dirqamtoota (wanta filannoo keennaan goonuu miti jechuudha). Eega duuneen booda kaafamuuf, kaafamnee waan dalagnerraa gaafatamuuf, madaala dalagaa keennaatiin booda gara Jannataa ykn Azaabaatti geffamuu irratti nuti dirqamsiifamoota. Nuti gosa kana ykn gosa sanirraa argamuu, saba kana ykn saba kaan irraa argamuu, saalaan dhiira ykn dubartii taanee uumamuu, bifaan gurraacha ykn diimaa taanee dhalachuu irratti dirqamsiifamtoota.

Akkasumas waan jirenyi keenna nurraa barbaadu kan baayoloojii fi miiraa hundaaf ajajamuufis dirqamoota. Akkasumas muuxannoowwan jireenyaa keenna keessatti gammachuu fi naasuu, bal'inaa fi dhiphina, sodaa fi tasgabpii, tokkummaa fi gargar bayiinsa keessa dabruufis dirqamtoota. Kanaa olittis, mallattoolee eenyummaa keenna argisiisan, ashaaraa quba keenna qabaachuu irratti nuti dirqamsiifamoota. Dirqamoota kanaaf bitamuun alatti jirenyi keenna ni afoollaya, tokkummaa fi gamtooma dhabaa dhufa. Dirqamoota Kanaan alatti dhalli namaa karaa irraa bada, uumama keessatti wal-faallessutu argama, safuun dhugaa fi wal-qixxummaa dhokataa dhufa.

Eega dirqamoota kana hunda keessaa baafneen booda, bal'inni mirga bilisummaa keennaatiif hafu uumama Rabbii kan hafan irraa waan adda nu godhu fi waan uumaa biraa irra nu

caalchisutu hafa. Dirreen mirga keennaa kunis bal'achaa dhufuun dalagaawwan, kaayyolee fi argannoolee nuti irra geenu hunda qixxisa. Bilisummaan keenna kun qarooma, ummatootaa fi saboota hunda karaa lamatti addaan qooda. Karaan inni tokko: yookii dalagaawwan, kaayyolee fi ijjannooleen keenya seerota uumamaa fi hawaa waliin kan wal-simatu ta'uu. Kun immoo qarooma badhaadhaa, tokkummaa dhala namaa hunda qixxisu, gammachuu guddaa, egaree bareeda jireenya namaatiif haala mijataa uumu argamsiisuuf gargaara. Kun immoo waan amantiiwwan addunyaa kanarra jiru hundi itti nama yaamuudha, waan amantiin Islaamaa irratti fuulleffatuudha:

وَقَنِيْلُوْهُمۡ حَتّٰى لَا تَكُوْنُوْنَ فِتْنَةً وَيَكُوْنُ الدِّينُ لِلّٰهِ ۗ ۝۱۹۳ البقرة: ۱۹۳

*[(Warra Rabbiin dide) akka balaan hin argamnee fi hanga amantiin hundi Rabbiif ta'utti isaaniin lolaanii] (Al-Baqarah: 193).*

Yookii immoo karaan inni biraa, dalagaawwanii fi kaayyoleen keenna kunniin seerota uumamaa fi hawaa cabsuun seera faallessanii, kufaatii qaroomaa, diddiigamiinsa dhala namaa, gara jabeenya hadhaa fi booddee namaa kan ganda addunyaa fi aakiraattis badaa ta'etti kan nama geessutti kan geessu ta'uu danda'a. Kun immoo gahee ilmi namaa addunyaa kana keessatti bayachuu qabu faallessa, akka namni warraaqsa fi diddaadhaaf kaka'u taasisa. Kunis wanta seeronni namaan bocaman irra gayuuf tattaafatuudha.



Kanarraa ka'uun, amantiin Islaamaa gamaaggamiinsa gahee qaroomaa, ummatootaa fi sabootaa irraa ka'uun, muuxannoowwa dhalli namaa jireenya irratti qabu hagam takka seera uumamaa/hawaa waliin wal-fudhata ykn walfaallessa kan jedhu tilmaama kaaya. Amantiin Islaamaa gara wal-fudhatiinsaa fi wal-simiinsaatti nu yaama. Miira gareen waliin hojjachuu fi waa kalaquutti nu yaama. Hojiiwwanii fi kaayyoowwan keenya hunda gama kallattii tokkicha Rabbi sababa isaatiif jecha ilma namaa uumeetti akka fuulleffannu nutti hima. Kaayyoon namni uumameef kunis:

يَا لَلَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الذَّرِّيَّاتِ: ٥٦

*[Jinnii fi ilma namaatis nahaa gabbaraniifi malee waan biraatiif isaan hin uumne] (Azzaariyaat: 56).*

Rabbiin gabbaruu jechuun kun wanta gabaabaa salaataa fi sooma ykn hajjii qofaa miti. Rabbiin gabbaruu jechuun jireenya guutuudha. Jireenya kennachuu fi waa namarraa fudhachuun keessatti wal-madaalu. Jireenya sagantaa bal'aa dhalli namaa dachii kanarratti dalaguun, hiika itti kennee gara kaayyoo bocamaa ta'e tokkootti ittiin adeemuun wal-fakkaatuudha.

Gabbarri Rabii kun qaroomni amala adda isa godhu akka qabaatu godha, kaka'uumsaa fi hamilee keessatti uuma, afuura waa kalaquu fi waa uumuu keessatti cimsa. Akkasumas mul'ata qaroomaa hojiiwwan dhalli namaa addunyaa qofaaf dalaguuf yaaduu olitti dabarsuun, sadarkaa muummee dhala namaatiin malutti qaqqabsiisa. Kun immoo rakkooleen hojii qaroomaatiin wal-qabatan kanneen sagantaa waliigalaa fi kaayyoo ifa galaa ta'e hin qabne, kan maqoo Rabbiin waliin

taa'u keessatti naamusa gaarii jala hin masakamne akka jalqabumarratti kufu taasisa.

### **Kutaa Afraffaa:**

#### **Mallattoolee Bu'uura Hojii Qarooma Islaama Dhala Namaa**

Kutaan dabre sun, dhimma biraa kan caaseffama qaroomaa amantiin Islaamaa itti nama yaamu waliin hidhata qabutti nu geessa. Dhimmi kunis amala caaseffama qarooma kanaa waliin hidhata guddaa qaba. Dhimmi kunis mallattoolee bu'uuraa kan odeeffannoo kana adda godhan, kan inni mallattoo ykn bifa addaa akka qabaatu taasisaniidha. Mallattooleen kunis kallattiiwwan Rabbitti amanuu uumamaa, ilma namaa fi amantiin jidduu jiru walitti dhufuun kan argameedha. Mallattoolee hunda dubbachuuf nutti dheerata waan ta'eef, mallattoolee kanneen keessaa isaannan ijoo fi bu'uura ta'an qofa irratti fuulleffachuun bifa kutaa kutaa fi gadi bu'iinsaan ilaaluu san immoo bira kunna.

#### **1) Miira/ Afuura Waa Hojjachuu fi Waan Haaraya**

##### **Kalaquu**

Qur'aana Rabbii keessatti yaamicha bal'aa waa heddu uf keessatti qabatu kana yeroo hunda inuma dubbifna:

وَقُلْ أَعْمَلُوا بِسَيْرِ اللَّهِ عَلْمَكُمْ وَرَسُولَهُ، وَالْمُؤْمِنُونَ وَسِرُّدُونَ إِلَىٰ عَلَيْهِ الْعَيْبِ وَالشَّهَادَةُ فَبِتَّكُمْ بِمَا كُنْتُمْ

تَعْمَلُونَ ﴿١٠٥﴾ التوبة: ١٠٥

*[(Jedhiin yaa Muhammad), dalagaa Rabbi, ergamaan isaa fi warri Rabbitti amananis hojii keessan arguuf jiru. Gara addunyaa dhokataa fi argaatitti deebi'uun (Rabbi) waan isin dalagdan hunda isiniif himuuf jira] (Attoowbaa: 105).*

Akkasumas ergamaa Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu*) kan waan hunda nu barsiise yeroo isaan akkana jechuun nu yaamanis inuma dhageenna: {*Haala harka keessan keessa sanyiin dhaabuuf (facaasuuf) jettan jiruun yoo qiyaamaan dhaabatte, osoo qiyaamaan hin dhaabatiniin duratti sanyii san facaasuu yoo dandeettan facaasaa*}<sup>18</sup> Kanarraa ka'uun gaheen qaroomaa nama Muslimaa irraa eeggamu bifa walitti fufiinsa qabuun waa hojjachuu fi kalaquu irratti akka bu'uureffamuu fi jalqaba yeroo dhalatee irraa eegalee hanga guyyaa hirreegaaf fuula Rabbii dhaabatuutti akka dirqamni isarra jiru hubanna. Akkasumas jireeya Islaamaa jechuun hojii bifa itti fufiinsa qabuun waa kalaquu akka ta'es kanarraa hubanna.

Qur'aana keessatti iddoo dhibba sadii fi shantamaa olitti, ilmi namaa hojjachuun tattaafatee addunyaa akka ijaaruu qabu ibsamee jira. Keeyyatoonni kunniin hundinuu handhuurri argama dhala namaa dachii kanarratti, nama dhuunfaas ta'ee gareenis booddee isaa kan ganda addunyaa fi ganda boodaas tilmaamuuf hojiin isaa madaala guddaa ta'uu argisiisuufi. Kunis yaada dachii irratti bakka bu'uu fi dachii misoomsuu waliin wal-simata.

Qur'aanni kabajamaan wanti Rabbi Jireenyaa fi du'a uumeef (karaa godheef), ilamaan Aadam ittiin qormaatuu fi isaan keessaa eennutu hojii bareeda caalatti akka dalagu addaan fooyuuf ta'uu nuuf himee jira.

---

<sup>18</sup> - Ahmaditu Musnada isaa keessatti odeesse.

الَّذِي خَلَقَ الْمَوْتَ وَالْحَيَاةَ لِيَبْلُوَكُمْ أَيُّكُمْ أَحْسَنُ عَمَلًا ۗ وَهُوَ الْعَزِيزُ الْعَلِيمُ ﴿٢٠٤﴾ الملك: ٢

[Inni (Rabbi) kan isin qormaatuu fi isin keessaa eennutu caalatti hojii bareeda akka hojjatu addaan fooyuuf kan du'aa fi jireenya uumeedha. Inni danda'aa fi araaramaadha] (*al-Mulk: 2*).

Ammas suuraa al-Asrii keessatti, hojiin ilmi namaa dalagau kun yoo seerota bu'uuraa lamaan: Rabbitti amanuu fi dalagaa gaarii hojjachuun yoo hin deeggaramin hoongotti kan nama geessu ta'uu nuuf himee jira. Akka ummanni Islaamaa wiirtuu addunyaa keessatti gahee gaarii isaan irraa eeggamu bayatanis cimsee ajaja isaa dabarsa:

وَلَتَكُنْ مِنْكُمْ أُمَّةٌ يَدْعُونَ إِلَى الْخَيْرِ وَيَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ وَيَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ وَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ

﴿١٠٤﴾ وَلَا تَكُونُوا كَالَّذِينَ تَفَرَّقُوا وَاخْتَلَفُوا مِنْ بَعْدِ مَا جَاءَهُمُ الْبَيِّنَاتُ وَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ عَظِيمٌ ﴿١٠٥﴾

آل عمران: ١٠٤ - ١٠٥

[Isin keessaa gareen namootaa kan gaaritti nama yaamanii, waan toltuu ta'etti nama ajajanii, badii irraa nama seeran haa jiraatan. Isaan sun warra milkaaye irraayyi. Akka warroota eega ibsi (rabbiin irraa ta'e) itti dhufeen booda gargar bayanii wal-dhabanii hin ta'inaa, isaan saniif ibidda jajjabatu isaaniif jira] (*Aala Imraan: 104-105*). Iddoo biraattis Qur'aanni akkana jedha:

كُنْتُمْ خَيْرَ أُمَّةٍ أُخْرِجَتْ لِلنَّاسِ تَأْمُرُونَ بِالْمَعْرُوفِ وَتَنْهَوْنَ عَنِ الْمُنْكَرِ وَتُؤْمِنُونَ بِاللَّهِ وَلَوْ

ءَامَنَ أَهْلُ الْأَكْتَابِ لَكَانَ خَيْرًا لَهُمْ ۖ مِنْهُمْ الْمُؤْمِنُونَ وَأَكْثَرُهُمُ الْفَاسِقُونَ ﴿١١٠﴾ آل

عمران: ١١٠

*[Irra filatamtuu ummataa, tan waan gaaritti nama ajajjuu, tan badii irraa nama dhoorgituu fi tan Rabbitti amantu taatanii jirtu] (Aala Imraan: 110).*

Iimaanni amantiin irratti bu'uure yeroo hundaa akka mallattoo qaroomaati. Gara dalagaleetti lafarra babal'achuun fedhii gareewwan warra amananii haala yeroo fi bakkaa waliin akka wal-simatu godha. Akkasumas fedhiin sun karaa sirrii irra akka deemu taasisuun hariiroo isaa keessatti haala sirna sosochii uumamaa fi hawaa waliin akka wal-simatuuf gargaara. Kun immoo gahumsa, ifnanaa fi mijaa'iinsa isaaf dabala. Gara oliittis diriiruun, keessa namaa keessa yaa'ee akka inni yeroo hunda itti gaafatamummaan itti dhagayamtuuf isa kakaasuun, akka inni yeroo saamatee, carraa argametti fayyadamee, anniisaa isaa burqisiisee, humna Rabbi isaaf kenne hojiin argisiisu godhuuf isa gargaara. Kuni hunduu gosa ibaadaa ta'ee kan ilmi namaa gara Rabbiitti ittiin dhiyaatuudha. Kunis jecha Rabbi kana dhugoomsa:

يَا أَيُّهَا الشَّيْطَانُ الرَّجِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الذَّارِيَاتِ: ٥٦

*[Jinnii fi ilma namaatis nah aa gabbaraniifi malee waan biraatiif isaan hin uumne] (Azzaariyaat: 56). Qur'aanni kabajamaan yeroo mallattoolee Mu'umintootaa ibsu akkana jedhe:*

الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ صِدْقَ اللَّهِ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ المؤمنون: ٦١

*[Isaan sun waan gaggaarii keessatti wal-dorgomu] (Al-Mu'uminuun: 61).*

Kanarraa wanti hubannu yeroo saamachuu fi bu'aa caalaa irra gayuuf yeroon murteessaata'uu argina. Akkuma namni Muslimaa tokko sadarkaa Rabbitti amanuu bira olkutee, sadarkaalee ol'aanoo Qur'aanni nuuf hime kan taqwaa (sodaa Rabbii) fi Ihsaanaa (waan dalagan bareechanii dalaguu)tti gayaa dhufuun hammaa fi gosti waan gaggaarii kanarratti wal-dorgomuu kunis dabalaa deema.

Haala kanaan iimaanni tokkummaa qaroomaa cimsuuf, eenyummaa isaa eeguuf, addummaa isaa cimsuu fi kufiinsaa fi diigamiinsa irraa isa tiksuuf qofa osoo hin taane, kallattiwwan bu'uuraa lameen Kanaan dagaagsuufi. Kallattiin inni duraa: qaroomaa fi uumama jiddutti wal-simatiinsa uumu:

أَفَغَيْرَ دِينِ اللَّهِ يَبْعُوثُ وَلَهُ، أَسْلَمَ مَنْ فِي السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضِ طَوْعًا وَكَرْهًا وَإِلَيْهِ

يُرْجَعُونَ آل عمران: ٨٣

[Sila amantiin Rabbiitiin ala ka biraa barbaadani. Wanti samiiwwanii fi dachii keessa jiru hundi jaalatus jibbus isatti uf kennee jira. wanti hunduu gara isaatti deebi'a] (Aala Imraan: 83).

وَمَنْ يَبْتَغِ غَيْرَ الْإِسْلَامِ دِينًا فَلَنْ يُقْبَلَ مِنْهُ وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَاسِرِينَ

آل عمران: ٨٥

[Namni amantiin Islaamaatiin ala amantiin biraa barbaadu, isarraa hin fuudhamu. Inni ganda aakiraatti warra hoongaye irraayi] (Aala Imraan: 85).

Kallattiin inni lammataa immoo, ilma namaa keessaa kanneen itti gaafatamummaan isaanitti dhagayamu, kanneen miirri isaanii gubata qabu, kanneen yeroo saamataniif dandeettii

waa hojjachuu fi kalaquu kan baay'ee cimaa ta'e isaaniif dabala.  
Kunis waan isaan Rabbii fi guyyaa boodaatti amananiifi:

الْحَمْدُ لِلَّهِ الْمُنْتَهَى الْمُنْتَهَى الصَّمَدِ الْغَنِيِّ الْمَتَعَبُودِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْوَاحِدِ الْقَادِمِ الْغَنِيِّ الْمَلِكِ

الْقَادِرِ الْمُتَعَلِّمِ الْمَجْلَدِ نُورِ الْخَيْرِ الْمُبْرَكِ

القصص: ٨٣

*[(Jannanni) suni ganda boodaati, warroota namatti boonuu fi badiin lafa balleessuu hin barbaanneef qopheessine. Booddeen kan warroota Rabbiin sodaataniiti] (Al-Qisas: 83).*

## 2) Waa Mancaasuu fi Balleessuu Irra Fagaachuu

Gama biraatiin immoo, mantiin Islaamaa gosa hojii kamiyyuu kan baditti geessu hundaa, kan qabeenya mancaasisutti qaqqabsiisu, kan hojiiwwan gaggaarii obsaa fi naamusaan dalagaman hunda hubu hojjachuu irraa cimsee nama seera. Tarkaanfii kana yeroo fudhatu, gumaacha qaroomaaf dhalli namaa godhe tiksuu, wantoota guddina qaroomaatti gufuu ta'an hunda dhaabsisuu fi dhaadannoma fedheyyuu qabatanii, yaaliiwwan hidda qaroomaa nyaatanii fottoqsuuf deeman hunda fuul-dura dhaabbachuufi.

Kunuunsi qaroomaaf godhamu kun, gumaacha namaa keessaa gama qabeenyaa qofa tiksuu osoo hin taane, kana biras taruun bu'ura gumaacha namaa kan ta'e: odeeffannoolee xiinxalaa, naamusaa, afuuraa fi duudhaa namaa tiksudha. Kunis sadarkaalee ilmi namaa irra gaye hundatti cimee akka dhaabbatu tumsuun akka inni ijaarsa addunyaa itti fufaa ta'e argamsiisuuf bira dhaabbachuudha.

Ijaarsaa fi haaroomsi bakka bu'iinsa namaatiin wal-qabate kun, hojiiwwan qaroomaa, qabeenyaa, naamusaa fi afuuraa hundi irratti wal-gayu. miidhaan kallattiiwwan kana keessaa isa tokkorra gayu kallattiiwwan biraa irratti dhiibbaa qaqqabsiisa. Kunis keeyyatoota armaan gadii kana keessatti ifatti ibsamee jira:

﴿سُورَةُ النَّازِعَاتِ﴾ الرَّحْمَةُ الرَّحِيمَةُ الشَّجَرَةُ الْمُنَادِيَةُ الْأَنْجُمُ الْأَعْرَافُ الْأَعْرَافُ الْأَعْرَافُ  
يُونُسَ هُوَذَا يُؤْتِيكَ الرِّسَالَ إِتْرَاهِيمَ الْمُجْرِمَ الْخَلْقَ الْإِنْسَانَ الْكَاهِنَ كَرِيمَ ظَنَنَّا الْأَيْنِسَاءَ لِلْحَجِّ  
الْمُؤْمِنُونَ الْبُورُ الْفُرْقَانَ الشَّجَرَةَ النَّبِيَّ الْقَصَصَ الْعَجَبَاتِ الرَّؤْفَ الْفَتَمَانَ الْعَجَبَاتِ  
الْأَجْرَانِ سَبَّحًا قَطْرًا يَسَّ الْصَّافَاتِ طَلْحَ الرَّحِيمِ عَطْفًا  
التوبة: ١٠٩ - ١١٠

[Nama dhaaba mana isaa sodaa fi jaalala Rabbii irratti ijaaretu caala moo kan dhaaba mana isaa qarqara galaanaa irratti dhaabee, dhaabni sun kufee ibidda Jahannamitti isa gatetu caala. Rabbi tuuta lubbuu ufii miidhan hin qajeelchu. Ijaarsi isaan ijaaran sun onnee isaanii keessatti shakkii ta'uu irraa hin deemu hanga onneewwan isaanii ciccittutti. Rabbiin beekaa fi ogeessa] (Atoowbaa: 109-1010).

وَلَا تُفْسِدُوا فِي الْأَرْضِ بَعْدَ إِصْلَاحِهَا ﴿٥٦﴾ الْأَعْرَافُ: ٥٦

[Dachii eega isiin tolteen booda badiin hin balleessinaa] (al-A'araaf: 56).

الْأَيْنِسَاءَ لِلْحَجِّ الْمُؤْمِنُونَ الْبُورُ الْفُرْقَانَ الشَّجَرَةَ النَّبِيَّ الْقَصَصَ الْعَجَبَاتِ الرَّؤْفَ  
الْفَتَمَانَ الْعَجَبَاتِ الْأَجْرَانِ سَبَّحًا  
الأعراف: ١٤٢



[Muusaan obbolaa isaa Haaruuniin gosa tiyya keessatti narraa bakka bu'i, tolchi (bareechi) xurree warra waa balleessuu hin hordofin jedheen] (Al-A'araaf: 56).

الْبَيْتُ الَّذِي فِيهِ كُنْتُمْ تَقْرَأُونَ الْقُرْآنَ فِيهِ نَسُوا الْآيَاتِ الَّتِي كُنْتُمْ تُتْلَىٰ عَلَيْهَا فِيهَا كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ  
الَّذِينَ كَفَرُوا فِيهَا كُنْتُمْ تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ الْقُرْآنُ فَهُمْ لَا يَتَذَكَّرُونَ  
الرُّوم: ٤١

[Sababa badii isaan harka ufiitiin dalaganiitiin badiin badhee fi galaana hunda keessatti mul'ate. Kunis garii (badii) waan isaan dalaganii san isaan dhandhamsiisuufi akka isaan deebi'aniif] (Arruum: 41).

الَّذِينَ كَفَرُوا فِيهَا كُنْتُمْ تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ الْقُرْآنُ فَهُمْ لَا يَتَذَكَّرُونَ  
الرُّوم: ٤١  
فَتَذَكَّرَ الَّذِينَ نَسُوا  
الرُّوم: ٤٢

[Isaannan waada Rabbiif seenan diigan, kan waan Rabbi sufaa jedhe kutan (firummaa kutan) fi isaannan dachii keessatti badii dalagan, isaaniif abaarsaa fi ganda badatu isaan eeggata] (Arra'ad: 25).

وَلَا تَطِيعُوا أَمْرَ الْمُتَسْرِفِينَ ﴿١٥١﴾ الَّذِينَ يَفْسِدُونَ فِي الْأَرْضِ وَلَا يَصْلِحُونَ ﴿١٥٢﴾ الشعراء: ١٥١ - ١٥٢  
[Ajaja warra badii tole hin jedhinaa. Isaannan badiin lafa balleessan kan waa hin tolchine] (Ashu'araa'u: 151-152).

لَمَّا مَسَّحُوا بِلُحَاهِمُ الْمُتَقَدِّمِينَ  
الَّذِينَ كَفَرُوا فِيهَا كُنْتُمْ تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ الْقُرْآنُ فَهُمْ لَا يَتَذَكَّرُونَ  
الرُّوم: ٤١  
الَّذِينَ كَفَرُوا فِيهَا كُنْتُمْ تُتْلَىٰ عَلَيْهِمْ الْقُرْآنُ فَهُمْ لَا يَتَذَكَّرُونَ  
الرُّوم: ٤٢

[Isin faallessee waan irraa isin dhoorge san dalaguu hin barbaanne. Wanti ani barbaade haga danda'een waa tolchuudha. Kan na qunnamu Rabbiin qofa. Isarratti irkadhe, deebiin koo gara isaatti] (Huum: 88).

الْمَلِكِ الْمُؤْتَمِرِ الْيَمِينِ الْأَسَدِ الْمُتَنَبِّهِ النَّبِيَّ الْقَارِعَاتِ عَيْسَى الْبَكْرَةَ الْأَفْطَاهِ الْمُطْفِفِينَ  
 الْأَشَقَّةِ الْبُرُوجِ الطَّارِقِ الْأَعْلَى الْعَائِشِيَّةِ الْفَجْرَةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ  
 الْعَلَفِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ الْبَلَدِ الْبَيْسِيَّةِ  
 الْمَاعُونِ الْبَكْرَةَ □ ء المائدة: ٦٤

[Wanti Rabbii kee irraa sitti buufame (Qur'aanni) kun, hedduu isaanii (Yahuudotaatti) jallinaa fi tokkichummaa Rabbii waakkachuu dabalaaf. Hanga guyyaa qiyaamaatti gariin isaanii garii akka jibban jidduu isaaniitti jibbaa fi diinummaa darbinee jirra. Adeemsa isaan waraanaaf ibidda qabsiisaniin Rabbi balaa isaan qabsiisan san dhaamsa. Badii lafa keessa diriirsan. Rabbi warroota badii hojjatan hin jaalatu] (al-Maa'ida: 64).

الَّذِينَ يَصُدُّونَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ وَيَبْغُونَهَا عِوَجًا وَهُمْ بِالْآخِرَةِ هُمْ كَافِرُونَ ﴿١٩﴾ هود: ١٩

[Isaannan karaa Rabbii irraa nama deebisan, kan karaan (Rabbii akka fedhii isaanii waliin wal-simuu) jajallataa akka ta'u barbaadan, isaan guyyaa dhumaatti hin amanne] (Huum: 19).

Qur'aanni kabajamaan, dhimmoota badii qabeenyaa fi afuuraa fidan, kan kufiinsa qarooma dhala namaatti geessan, kan gammachuu, guddinaa fi jabina isaa dadhabsiisan, kan akka ilmi namaa bakka bu'ummaa isatti kenname hin bayanne gufuu itti ta'an kana ifa godhee kan dhiisu qofa osoo hin taane, hawaasni

Rabbitti amane badii kana dhaabsisuuf haga isaaniif mijaayeen ariitiin akka hojjatanii, badiin dalagamu kun gara badii jaamaa nama kamiifuu hin mararfannee fi eennumayyuu hin dhiifneetti akka hin jijjiiramne, badii nama miidhamee fi kan nama miidhes walitti qabee balleessutti akka hin geeddaramne ittisutti yaama.

الْقَابِلُ الْمُقَدَّرُ الْمُجَلَّلُ نُورُ الْبُرْجَانِ الْمُتَوَكِّلُ الْفَيْصَامَةُ الْأَسْتَكُ الْمُسْتَلَاكُ النَّبِيَا التَّارَاتِي

عَبَسَ الْبُكُورُ الْأَنْطَلُ الْأَنْفَالُ: ٢٥

*[Bala isin keessaa nama waa balleesse qofa osoo hin taane (hunda walitti qabdu) san irraa uf eegaa. Beekaa! Qabaan Rabbii jajjaba] (al-Anfaal: 25).*

الْفَيْصَامَةُ الْوَالِعَةُ الْمُجَلَّلُ الْمُجَلَّلَةُ الْمُشْرِ الْمُسْتَحْتَةُ الصَّفَا الْجَبْعَةُ الْمَبْفُورَةُ الْعَبَابُ

الطَّلَاقُ الْبُكُورُ الْمَلَاكُ الْقَابِلُ الْمُقَدَّرُ الْمُجَلَّلُ نُورُ الْبُرْجَانِ الْمُتَوَكِّلُ الْفَيْصَامَةُ الْأَسْتَكُ

الْمُسْتَلَاكُ النَّبِيَا التَّارَاتِي عَبَسَ الْبُكُورُ الْأَنْطَلُ الْمُطْفِئَةُ الْبُرُوجُ الطَّارِقُ الْأَعْلَى

الْعَاشِيَةُ الْفَجْرُ الْبَلَدُ هُود: ١١٦ - ١١٧

*[Jaarraalee dabran keessa hafteen namoota waan gaggaaritti nama yaamanii kan warra badiin lafa balleessan badii irraa dhoorgann jiranii namoota muraasa malee. Isaan muraasa san (waan isaan badii irraa nama dhoorganiif) nagaya baafne. Warri lubbuu ufii miidhan kunniin waan irraa dhoorgaman hordofan. San godhuu isaaniitiif yakkamtoota ta'anii jiru. Rabbiin kee ganda wayii haala isaan waan gaggaarii dalaganiin dharaan kan isaan galaafatuu miti] (Hud: 116-117).*

Islaamummaan ilaalcha muuxannoowwan namaa addaan qoqqooduu fi addaan babaasuu, jidduu isaatti dallawa diigiinsaa dallawuu cimsee morma. Akka ilaalcha amantii Islaamaatti dhalli namaa hundi hidda tokkorraa argame waan ta'eef, ilaalcha namaa garii adda baasanii, isa biraa irraa addaan fooyanii kaayuun doongora qofa osoo hin taane, yoo bu'aa qorannoo sirrii ta'etti gayuu ka barbaannu taate wanta addaan baasuun gonkumaa hin danda'amneedha.

### **3) Jidduu Wantoota Xundaatti Madaala Eeguu fi Tokkoomsuu**

Mata dureen kun, ilaalcha qarooma Islaamawaa keessatti mallattoo isa bu'uura waan ta'eef, haga tokko bal'inaan irraa dubbanna.

Ijjannoon amantiin Islaamaa hojiiwwan qaroomaa irratti qabu ilaalcha wal-madaalaa waan ta'eef, qabiyyeewwan bu'uura qaroomaa kan afuuraa, naamusa gaarii, kan qabeenyaa, kan qaamaa fi kan lubbuu hunda wal-madaalsisee eeguudha. Yeroo Qur'aana Rabbii ykn Hadiisa ergamaa Rabbii (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu*) dubbifnu, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa kan garee ummata Rabbitti amananii wiirtuu addunyaa fi uumamaa keessa kaayan ykn jiddu-galeessa godhanii ibsan hedduu argina. Akkasumas keeyyatoota akka ilmi namaa cufuma kutaalee wantootaa hunda keessa seerota uumamaa akka qorataniis irra gayuu qaban ajajan hedduu jira.

Qaroomni Islaamawaan kun qarooma dimshaashawaa walitti hidhata qabu, kan ilmi namaa akka samii fi dachii hunda hubatu gaafatu, kan dhimmi Rabbitti amanuu fi waa kalaquu,

Rabbirraa ajaja (beekkumsa) fudhachuu fi wal-xaxiinsa uumamaa keessa deemanii waa irraa qorachuu, ilma namaatiif dachii irratti sadarkaa afuuraa ol'aanaa argamsiisuu fi seerota keemistirii, fiiziksii fi hirreegaa hubatanii gama guddina saayinsii qaroomaatiinis sadarkaa guddaa irra gayyuu walitti qabachutti nama yaamuudha.

Akkuma Kanaan dura jenne amantiin Islaamaa jidduu kutaalee kanniinii gargar baasee hin ilaalu. Dirree hundarraayyuu qooda fudhachuun haga tokko hubannoo isaa qabaachuu akka qabnu nu ajaja. Akkuma beekama qarooma Islaamaa kan jaarraalee dheeraaf ture keessatti, safuu afuuraa fi qabeenyaa walitti makuun kun irraa calaqqisaa ture. Kun immoo qaroomni kun kallattii lameenuu jiddutti madaala isaa eeggachuun qorannoolee, argannoolee fi odeeffannoolee qarooma tumsan hedduu argachuuf gargaaree jira. Kunis gama kamiyyuu gadi qabuun gama biraa cimsuun osoo hin taane, kallattiiwwan hunda bakka bu'ummaa ilmi namaa dachii irratti qabuu fi gahee qaroomaa inni bayachuu qabuun sirritti walitti hidhuuni. Addummaa qarooma kanaas keeyyatoota Qur'aanaa kan armaan gadii kanneen irraa hubachuu dandeenna:

الرُّؤْيَا الْفُتْمَانِ الْبَيْتَانِ الْأَجْرَانِ نَسَبًا تَطْرُقُ بَيْنَ الصَّافَاتِ وَفِي الرُّؤْيَا تَطْرُقُ الْبَيْتَانِ

الأعراف: ١٨٥

*[(Isaannan Qur'aana Rabbii kijibsiisan kun) sila dandeettii Rabbii kan samii fi dachii keessa jiru hin ilaalanii. Akkasumas waan Rabbi (samii fi dachii) kana keessatti uume irraa hin ilaalanii] (al-A'araaf: 185).*



*kormaa fi dhalaa) nama gammachiisan irraa biqilchine. Kanas kan gooneef nama waa xiinxalee ilaaluu fi gabricha gara Rabbii deebi'uu kajeeluuf akka waa hubatuufi. Samii irraa bishaan bu'aa qabu buufnee ooyruu mukkeen hedduu fi midhaan baay'ee qabu ittiin biqilchine. (Bishaan Kanaan) timira dhedheeraa dameewwan isaa gariin garii irra koru ittiin biqilchine] (Qaaf: 6-10).*

أَنْظُرُوا إِلَى ثَمَرِهِ إِذَا أَثْمَرَ وَيَنْعِهِ ﴿١٩﴾ الأنعام: ٩٩

*[Gara firii isaa yeroo inni daraaree bilchaate (maal akka fakkaatu ilaalaa] (al-An'aam: 99).*

النَّبَاتَاتِ النَّارَاتِ عَيْسَى النَّجْوَى الْإِنْفَطَالِ الْمُطْفِئِينَ الْأَشْعَلِ الْبُرُوجِ الطَّارِقِ الْأَكْمَلِ الْعَاشِيَةِ

الزَّلْزَلَةِ ٥٠: الروم:

*[Gara faana Rahmata (tola) Rabbii ilaalaa mee akka inni dachii duute (roobaan) itti jiraachisu] (Arruum: 50).*

الْمَقْلَةِ الْمَجْلَلَةِ بَرَجِ الْمَرْمَلِ الْمُنْثَرِ الْفِيَامَةِ الْأَسْكَالِ الْمَسْلَاكِ الْفَجْرِ الْبَقْرَةِ: ٢٥٩

*[Gara lafee ilaali akkamitti akka walitti finnee booda foon itti uffifnu] (Al-Baqarah: 259).*

الْقَصْرِ الْعَبْكُورِ الْوُفْرِ الْقَسْبَانِ الْبَعْدَانِ الْأَجْرَانِ سَبْأًا نَطْرًا بَيْنَ الصَّافَاتِ حَلَقِ الْبُرْجِ

نَطْرًا مُنْذَلَاتِ الشُّوْرِ الْخَرْقِ الدُّجَانِ الْمَتَائِيَةِ الْخَوْفِ مَحْسَبَةِ الْبَنْجِ الْمَجْرَاتِ الْعَاشِيَةِ:

٢٠ - ١٧

*[Sila isaan gara Gaalaa hin ilaalanii akkamitti akka uumamte. Samiin akkamitti akka ol fuudhamte. Gaarren akkamitti akka*

*dhaabbate. Dachii akkamitti akka diriirfame (hin ilaalanii)?]*  
*(Al-Gaashiyah: 17-20).*

قُلْ سِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ بَدَأَ الْخَلْقَ ۚ الْعُنْكَبُوتُ: ٢٠

*[Dachii keessa imalaa (deemaatii) uumamni akkamitti akka jalqabe ilaalaa jedhiin (yaa Muhammad)] (Al-Ankabuut: 20).*

Qur'aanni keeyyatoota kanaa fi kanneen biroo kan kana fakkaatan keessattis, sadarkaa addunyaa fi hawaatti wiirtuu uumamaa keessa nu kaayuu barbaada. Iddoo shaakalliif ta'u kan waa itti xiinxallinu, qorannoo fi qu'annoo itti gaggeessinu, iddoo kalaqaa fi waa uumuu itti baratan nu qubsiisuu fedha. Madaala qarooma keennaa akka hin dhabneef immoo gama afuuraa fi naamusa gaarii, qorannoo uumama qorachuu fi kunuunsuutiin akka walitti qabuu qabnu nu barsiisa. Waan hojjannu hunda keessatti madaala qarooma isaa eegnee, ulaagaa bu'uuraa kan dhalli namaa dachii kanarratti argameef: Rabbiin gabbaruu fi kennaa fi fudhatiinsa keessattis gara isaatti fuula deebi'u mirkaneessuu akka qabnu nu barsiisa.

Rabbitti amanuu keessaa wanti addaa kan baay'ee nama dinqisiisu, Rabbiin guddaan dandeettii waan hundaatuu qabu sadarkaa afuuraa, qabeenyaa, namaa fi uumamaa hunda keessatti dandeettii fi gahumsa waa kalaquuf qabu ibsee jira. Ilmi namaa kamiyyuu uumama Rabbi kana tuffachuu, xiqqeessuu ykn itti boonuun gonkumaa isarraa hin eegamu. Iimaana keessatti amaloonni akkanaa gonkumaa nama keessatti argamuu hin qaban. Itti gaafatamummaa dachii dhaaluu waliinis waan deemuu miti waan ta'eef, ilaalcha Islaamaa keessatti yaada fudhatama hin qabneedha.



Qur'aanni Rabbii guddaa keeyyatoota olitti tarreeffaman kana keessatti wantoota baay'ee barbaachisoo fi namni irraa duroomu hin dandeenne kan akka: nyaataa, uumama keenna ka jalqabaa, dachii fi samii, gaarreen, addunyaa bineensotaa fi biqiltootaa akka xiinxallinee hubannu nu ajajee jira. Ammas akkaataa sirna sosochii isaanii irratti qorannoo akka gaggeessinu nurra barbaada. Akkaataa uumama waan kanaas akka gadi qabnee xinxallinu nuuf ibsa.

Qur'aanni gara qarooma sadarkaalee afuuraa, naamusaa fi uumamaa hunda irratti dagaaguutti nu yaama. Sadarkaalee hunda keessatti kalaqa qaroomaa fiduuf akka tattaaffii godhuu qabnu keeyyatoota isaa dhedheeroo ta'an keessatti nutti hima. Garuu gumaachaa fi argannoolee qaroomaaf taassifnu hunda keessatti safuulee fi sonoota amantii kan Rabbiin biraa dhufaniif bitamuu akka qabnus nu akeekkachiisa.

Keeyyanni Qur'aanaa kan waa'ee uumamaa ykn qabeenyaa dubbatu hunduu dhuma isaa irratti hojiiwwan Rabbitti amanuu, Isa sodaatuu fi hojii hojjannu hunda Rabbiif hojjachuu waliin walitti hidha. Haalli kun bifa irra deddeebi'iinsa qabuun ibsamuun kunis ergaa mataa isaa qaba. Keeyyatoota Qur'aanaa hedduu keessatti, madaala sosochii waan hundaatuu osoo olii fi gaditti hin dabsine eeguu akka qabnu ifattiibsamee jira. Kunis qaroomni kamiyyuu osoo gara kallattii tokkotti qofa dabee kallattiwwan isa biraa hin dhiifne madaala eeggatee, afuuraa fi qabeenya wal-maddii oofee akka guddatuuf gargaara.

Adeemsi madaala gama hundaan jiru eeggachuu kun qaroomni yeroo hundaa gara fuul-duraatti akka deemu godha.

Akka qaroomni kun fuul-duratti deemuu malee gubbaa fi jalaanis kaayyoo isaa homtuu akka hin daangessine godha. Jalqabni ka'umsa isaa jireenya guyyaa guyyaaniitiif waan barbaachisan guutuudha. Saniin booda xiinxala fayyadamanii sirna sosochii uumama kanaa qorachuun iccitiwwan uumama isaa kana hubachuu. Kunis hojii baay'ee guddaa qaccee itti dhaabatan qabuu miti. Inumayyuu kana hunda bira kutuun gara shaakallii afuuraa cimsuutti deemuun, afuura/lubbuu tana fedhii isii kan waan dachii irra jiru bira kutee gara samiitti ol-guddatutti dhaqqabsiisuudha.

Qur'aanni kabajamaan bakkee heddutti hariiroon namaa fi fedhiwwan qaamaa jidduu jiru hariiroo baay'ee cimaa ta'uu nuuf ibsee jira. Fedhiin namni waan qaamni isaa barbaade san guutachuuf qabu akka qaamni dheebuu san bayachuuf isa dhiibu irratti kan hundaa'eedha. Qaama qofaa miti, lubbuu, fedhii fi dandeettiin sammuus fedhii san bayachuu irratti nama dhiibu.

ظَلَمَ الْاَشْيَاءَ الْحَيُّ الْمَوْثُوْرُ الْبُوْرُ الْفُرْقَانُ الشَّجَرَةُ السَّمْكُ الْقَصْحُ الْعَجَبُوْرُ الْبُوْرُ

لُتَمَانُ الشَّجَرَةُ الْاَجْرَانِي نَسَبًا نَظَرُ يَسِيْنُ الْاِخْوَفَا اَلْ عَمْرَان: ١٤

*[Ilma namaatti bareechifamee jira: jaalalli dubartii, ilmaanii, qabeenyi guddaan meetii fi ziqaya irraa ta'e, Faradoon gaggaariin, loonii fi ooyruun waa itti facaafatan itti bareechifamee jira] (Aala Imraan: 14).*

Garuu tarkaanfiin addaa kan amantii Islaamaa seerota namaan bocaman irraa adda isa godhu, kaayyoo gurguddaa fi safuulee babal'aa namaaf bocee kaayee jira. akka kaayyoon namaa fedhii qaamni namaa barbaadu qofa argatee taa'u hin hayyamu. Fedhii qaamaa qofa guuttatanii taa'uun gara dachiitti

gadi nama deebisa, biyyetti maxxansee nama hambisa, sadarkaalee gurguddoo warri Rabbitti amane argatan irraa gara duubaatti nama harkisa:

وَالَّذِينَ كَفَرُوا يَتَمَنَّوْنَ أَن يَأْكُلُوا مِن ثَمَرِهِمْ وَمَا يَأْكُلُونَ كَمَا تَأْكُلُ مِنَ الثَّمَرِ مِمَّا نُمِتُ فِيهَا وَاللَّهُ خَبِيرٌ ۝١٢

[Namoonni (tokkichummaa Rabbii) morman qanani’anii akka horiin waa nyaatutti nyaatu. Qubsumni isaanii ibidda ta’] (Muhammad: 12).

Dirreelee hojii fi kaayyolee irratti hojjatan heddummeessuu fi gosa gosa godhuu, akkasumas kaayyolee kana mul’ata guddaa, dimshaashawaa fi qindaayaa ta’een walitti hidhuun jireenya kanaaf gatii isaa isa dhugaa kennaaf. Akkasumas ilmi namaa itti gaafatamummaa dachii irratti bakka bu’aa ta’uu kana bifa madaala eeggateen osoo goggogee dachii irratti maxxanee hin hafnee fi osoo ololaan guutamee afuura qilleensaa keessas hin balaliine, akka inni dirqama kana bayatuuf isa gargaara.

ظَلَمَ الْاِبْنَاءَ الْاِحْتِطَابِ الْمُؤْمِنُونَ الْاَشْرَارَ الْفُرْقَانَ الشَّجَرَةَ الْمَشَاكِ الْعَصْفُورَ الْعَجَابُونَ الْرُؤْفَةَ  
 لِقَمَاتِ الشَّجَرَةِ الْاِحْتِطَابِ نَسَبًا فَظَلَمَ بَيْنَ الصَّاقَاتِ حَلَا الْبَيْتِ عِنْدَ فُضِّلَتِ الْبُجُورِ  
 الْخُرُوفِ الشَّجَرَانَ الْمَتَائِبَةَ الْاِحْتِطَابِ الْمُحْتَبِغِ الْمَخْرَجَاتِ فَمِنَ الدَّارَاتِ الْطُورِ الْبَحْرَةَ  
 الْفَيْسِكِ الْخُرُوفِ الْوَاقِعَةَ الْمَخْرَجَةَ الْحَمَلَةَ الْحَمْرَةَ الْمَشْتَمَةَ الصُّوْرَةَ الْحَمْرَةَ الْمَبَافُونَ الْعَجَابُونَ  
 الطَّلَاقِ الْبَحْرَةَ الْبُحْرَةَ الْمَلَائِكَةَ الْمُحْتَبِغِ نَوْحِ الْبَيْتِ الْمَشْرُوقِ الْمَشْرُوقِ  
 اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ قَالَ تَعَالَى ﴿﴾ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ  
 صدقة الله العظيم بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ آل عمران: ١٤ - ١٧

*[Ilma namaatti bareechifamee jira: jaalalli dubartii, ilmaanii, qabeenyi guddaan meetii fi ziqaya irraa ta'e, Faradoon gaggaariin, loonii fi ooyruun waa itti facaafatan (itti bareechifamee jira). kuni hunduu meeshaa ganda addunyaati. Rabbi isa bira irra bareeda waan itti deebi'aniitu jira (innis Jannata). Waan kana caalu irraa isinii odeessuu jedhiin (yaa Muhammad), warroota Rabbiin sodaataniif Jannata isii jala laggeen yaa'antu isaaniif jira. Isii keessa hundeeff jiraatu. Ammas dubartoota qulqullutu isaaniif jira. (Jaalala Rabbiitu isaaniif jira. Rabbiin (iccitii) gabroota isaa argaadha. Gabroonni kunniin akkana jedhu: Rabbii keenna nuti sitti amannee, cubbuuwwan teenna nuuf dhiisi, ibidda Jahannam irraa nu eegi. (Amaloonni isaanii) gabroota oobsa qaban, kan dhugaa dubbatan, kan guutumatti Rabbiin tole jedhan, kan qabeenya ufii irraa kennatan, kan obboroo ka'anii araarama Rabbii isaanii irraa barbaadaniidha] (Aala Imraan: 14).*

Baay'ina keeyyatoota Qur'aanaa kanneen bifa ifa galaa ta'een waa'ee qabeenyaa fi fedhii qaamaa dubbatan ilaaluun ijjannoon Qur'aanni fedhii kana guuttachuu irratti qabu maal akka ta'e hubachuu ni dandeenya. Haasoyni waa'ee uumamaa, hawaa, samii fi dachiin namaaf laaffifamuu, dhimmi hiree fi carraaqqiin wal-qabate, dhimmi fadhii fi hawwii qaamaa, yaamichi irra deddeebi'iinsaan iccitiwwan uumamaa qoradhaatii dirqama dachii irratti bakka bu'ummaa isiniif kenname bayadhaa jedhu, yaamichi humnaan cimaa waraana hidhadhaa diina keessan ufirraa qoladhaa jedhu, jireenya keessan kan guyyaa guyyaan qindeessaa yaanni jedhuu fi

yaadonni hafan kan biraas Qur'aanni meeshummaa (qabeenyaaf) bakkee akka kenne ibsa.

Garuu Qur'aanni jaalala qabeenyaaf ykn fedhii qaama keenyaa bayachuuf nu qabnu kana yeroo nuuf hayyamu, caljedhee banaa godhee hin hambifne. Yeroo hundayyuu fedhii keenna kana dhimmi afuuraa, safuu fi kaayyolee gurguddoo dhala namaatiif barbaachisan kan dachii irratti madaala ilma namaa eegan, kan akka ilmi namaa itti gaafatamummaa dachii kunuunsuu itti kennamte tana bayatu godhaniin walitti hidha.

Gama biraatiin immoo, amantiin Islaamaa namoonni Rabbitti amanan madaala kana akka eeggatanii fi sosochii isaanii hunda keessatti madaalawaa ta'uu akka qaban ibsa. Muuxannoon dhala namaa hedduun dabiinsaan ibsamti. Dabiinsi kun yookii gama qabeenya qofatti fuulleffachuun gama afuuraatiif bakkee dhabuu ykn immoo gama afuuraa (amantiitiin) cimnoon gama qabeenyaatiif bakkee dhabutu mul'ata. Kun immoo dhugaa dabsuu, dhara laaquu fi olola oofuudha malee, addunyaan kun kan gadi dhaabateen madaala gama hundaanuu jiru eeguun, isa tokko isa kaanirra osoo hin caalchifne walitti fiduun safuu afuuraa fi qabeenya wal-keessa seensisuun dhimma itti bayuuni.

Dabnanni qabeenya qofarratti fuulleffatuun gama afuuraa dhiisuu ykn dhimma afuuraa fi addunya gargar fooyuu kun, akkasumas dabnanni gama amantiitiin cimnii addunya keessa seenanii jijjiirama barbaachisu fiduu irraa uf qusachuu fi bu'aa bakka bu'iinsa dachii irratti namaaf kenname waliin deemu addunyaaf buusuu irraa duubatti jedhuu kun; bu'aan isaa

ilma namaa kana sadarkaa dhuunfaa fi lubbuu isaatti addaan cicciruudha.

Kun immoo hojii hawaasaa irratti dhiibbaa waan fiduuf, hawaasichis akka gargar ciccitu, akka addaan qoqqoodamu, akka gargar faffaca’u, akka kaayyoo malee yaa’u, miirri abdi kutannaa fi gargar fofottoqiinsaa akka keessatti uumamu taasisa. Kun immoo dhimma baay’ee yaadessaa hojiin qaroomaa akka dadhabu, akka bu’aan isaa xinnaataa dhufu, akka kufuu fi guutumatti akka dhabamu taasisuudha.

#### **4) Uumama, Addunyaa fi Hawaa waliin Wal-simatuu**

Yaanni kutaa dabre keessatti kaafnee turre sun, gara yaada biraa isa cimaa kanatti nu geessa. Amantiin Islaamaa hariiroo jidduu namaa fi addunyaa jiru yeroo ilaalu, sarara (karaa) haaraya nuuf sararee jira. Innis karaa wal-simatiinsaa fi wal-fudhatiinsa qabu, kan wal-guutiinsaa fi wal-tin’isa qabu, karaa jidduu ilma namaa fi uumamaatti wal-utubuu uumu.

Jalqabumarraayuu, humnoonni uumama keessa jiran tajaajila ilma namaatiif kan laaffifamanii fi akka inni gama qaroomaatiin guddatee addunyaa kana misoomsuuf waan ta’eef, hariiroon jidduu jaraa jiru hariiroo wal’aansoo, wal-jibbaa fi wal-irratti duuluu osoo hin taane, hariiroo wal-simannaa, wal-fudhatiinsaa, wal-utubuu fi wal-guutuuti. Innis hariiroo tajaajilaan ajajamaan mootii isaa danda’aa waliin qabu jidduu jiruudha. Mootiin tajaajilaa isaa hin xinneessu, hin duchisiisu, meeshaa waraanaa itti hin fudhatu, kan inni godhu ooftaa fi qarummaan akka inni hojii isarraa eeggamu hunda hojjatuuf jecha hariiroo jaalalaa fi tole jedhiinsaa keessatti uuma.

Ilma namaa fi addunyaa jidduu wal'aansotu jira yaanni jedhu guutumatti ilaalcha warra Dhihaati. Falaasama isaanii san yeroo jalqaba ilaalan dhugaa namatti fakkaatuu danda'a. Garuu keessa gadi bu'anii yoo qoratan bu'uurri walitti bu'iinsa addunyaa fi dhala namaa jidduu jira jedhanii isaan kaayan ifatti saaqama. Wal'aansoon sunis, wal'aansoo *Heeygel* addunyaa xiinxalaa keessatti bocee lafa kaayee, yakkoota ummanni Awurooppaa ummatoota biraa gabroonfachuuf raawwatan hunda seera qabeessummaa ittiin kenneefiidha. *Maarkisis* dirree wal-jijjiirraa qabeenyaa irratti duula gareen tokko garee isa biraa irratti gaggeessu hunda ittiin seer-qabeessa taasisseedha.

Kanaa olitti, ilaalchi warra Dhihaa kun wiirtuu wal'aansoo jidduu ilma namaa fi uumamaatti uumamu kana keessatti, ilma namaa bilisummaa fi fedhii isaa irraa saaqee, ilaalcha wal'aansoo kanaaf akka inni gadi jedhee bulu, akka ajaja isaatiin bayee galu, hojiiwwan silaa qabeenyaan wal-hin qabanne kan akka: amantii, ogummaa, gara laafinaa, naamusa gaarii, fedhii, mul'ataa fi kkf keessattis seera wal'aansoo kanaaf bitamee akka hafu taasisuudha.

Ilaalchi Islaamummaa karaa qajeelaa dabnana hin qabne, yaada dhugaa kan sammuum namaa fudhattu kan gaaga'amaa fi qaawwa takkas hin qabne lafa nuuf kaayee jira. Eega geengoo humni afuura fi qabeenyaa keessatti walitti bu'an kanakeessatti uumamne ta'e, hojiiwwanii fi shaakalliiwwan gaggeessinu hunda keessatti ka'umsi keenna kan madaala gama hundaanuu jiru eeggate, kan karaa sirrii irraa hin maqne ta'uu qaba.

Tattaaffiin keenna hundi madaala walitti bu'iinsi keessatti hin argamne, kan carraaqqiin ilma namaa hundi

tokkoomuuf, wal-guutuu fi wal-utubiinsa fiduuf taasifamu ta'uu qaba. Humnoonni uumama keessa jiran tajaajila keennaaf kan nuuf laaffifaman eega ta'e, hariiroon nuti isii waliin qabnu hariiroo diinummaa, wal-falmiinsaa fi wal-waraanuu ta'uu hin qabu. Hariiroon jidduu keennaa ilma namaa fi uumama jiddutti wal-hubatiinsaa fi wal-qayyabannaan gahaan akka argamuuf jecha qu'annoo fi qorannoon gahaan adeemsifamee sirnoonni sosochii fi iccitiin uumamni uf keessaa qabu maal akka ta'e hubachuudha.

Akka ilaalcha Islaamaatti, abuurraan uumama/hawaa qorachuuf taasifamu hubannaa, qorannaa fi beekkumsa argachuuf kan gaggeeffamu malee, akka warri Dhihaa yaadu sanitti 'duulaa' miti. Jiinyi diina itti duulamu osoo hin taane, tajaajilaa ajajamaa yeroo isa yaaman yaamicha awwaatee dhufuudha.

### **5) Addummaa Walabummaa**

Amantiin Islaamaa jalqabuma yeroo dhuferraa eegalee, sadarkaalee hundarrattuu hojiin isaa hojii bilisa baasiinsaati. Jalqaba kitaaba kanaa irratti yeroo waa'ee jijjiirama ilaalchaa guddaa amantiin kun fide irraa dubbanne, akkamitti dhala namaa dukkana, shakkii fi olola keessaa gara ifaatti akka baase arginee jirra. Jijjiirama beekkumsaa keessattis akkamitti ilma namaa sodaa, wallaalaa fi gowwummaa keessaa akka baases arginee jirra. Jijjiiramni adeemsaa keessattis nama Muslimaa dhama'iinsaa fi waan sammun namaa itti hin amanne caljedhanii fudhachuu keessaa baasee, seerota hojii fi sosochii hawaa fi seenaan akka isaatti jala deeman hordofutti ajajee jira.



Asitti immoo addummaa walabummaa kan qarooma Islaamaa halluu bareeda dibee dhukaa fi dhama isaatiin wal-simatu kana bal'inaan ilaalla. Akkasumas yaamicha cimaa fedhii namaa fi hawwii qaamaa fi lubbuu isaa walaboomsuun fedhii fi dhimmi inni barbaaduuf karaa saaquu yaada jedhus ni ilaalla. Yaanni kun immoo ilaalcha Islaamaa madaalawaa roga hundaanuu madaala eeggatee deemu kan asii olitti dubbanne saniin yaada wal-simatuudha.

Keeyyanni Qur'aanaa kan suuraa A'araaf keessatti argamu, bifa ifa galaa ta'een waa'ee bareechifatanii bayuu dubbata, ilmaan Adamis akka shaakallii kana gaggeessan ajaja. Kunis yeroo Masjida deeman hunda uffata bareeda uffachutti ajaja. Iddoon kun immoo iddoo namni fedhii fi hawwii bareeduma addunyaa hundarraa qulqullaayee qalbii takkaan fuul-dura Rabbii isaa itti dhaabatuudha:

يَبْقَىٰ آدَمُ خُدُوا زِينَتَكُمْ عِنْدَ كُلِّ مَسْجِدٍ ﴿٣١﴾ الأعراف: ٣١

[Yaa ilmaan Adam, (yeroo) gara Masjida hundaatuu deemtan (uffata) bareedaa fudhaa] (al-A'araaf: 31). Keeyyata kanatti aansee immoo yaamichi ifaan ifatti osoo hin qisaasessine nyaadhaa dhugaajedhu dhufe:

وَكُلُوا وَاشْرَبُوا وَلَا تُسْرِفُوا إِنَّهُ لَا يُحِبُّ الْمُسْرِفِينَ ﴿٣١﴾ الأعراف: ٣١

[Nyaadhaa dhugaa, hin qisaasessinaa. Inni (Rabbi) warroota waa qisaasessan hin jaalatu] (al-A'araaf: 31).

Keeyyanni itti aanus bifa baay'ee dinqisiifannaa fi mormiitiin akkana jechuun gaafii dhiyeesse:

قُلْ مَنْ حَرَّمَ زِينَةَ اللَّهِ الَّتِي أَخْرَجَ لِعِبَادِهِ، وَالطَّيِّبَاتِ مِنَ الرِّزْقِ قُلْ هِيَ لِلَّذِينَ آمَنُوا فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

حَالِصَةً يَوْمَ الْقِيَامَةِ ۗ كَذَلِكَ نُفَصِّلُ الْآيَاتِ لِقَوْمٍ يَعْلَمُونَ ﴿٣٢﴾ الأعراف: ٣٢

[Bareedina Rabbiin gabroota isaatiif baasee fi hiree babbareeda maaltu dhoorkaa (haraama) godhe jedhiin (yaa Muhammad). Jireenya addunyaa keessatti bareedumni kun kan nama isatti amanee fi namoota biraatiifis oolu yoo ta'u, guyyaa boodaatti immoo kan warra amanee qofa] (al-A'araaf: 32).

Amantii Islaamaa keessatti wanti didamaa fi dhoorgamaan hundeen isaa qaamas ta'ee afuuras haa ta'u, waan fokkisaadha. Dhoorkaan ykn tuffiin ykn xinneenni wanti tokko homa qaama wayii ta'eef qofa ykn fedhii qaamni sun hawwu qofa waan ta'eef haraama hin godhamne. Kanas keeyyatoota Qur'aanaa sadeen armaan gadii kanarraa hubachuu dandeenna:

قُلْ إِنَّمَا حَرَّمَ رَبِّي الْفَوَاحِشَ مَا ظَهَرَ مِنْهَا وَمَا بَطَنَ وَالْإِثْمَ وَالْبَغْيَ بِغَيْرِ الْحَقِّ وَأَنْ تُشْرِكُوا بِاللَّهِ مَا لَمْ يُنَزِّلْ بِهِ

سُلْطَانًا وَأَنْ تَقُولُوا عَلَى اللَّهِ مَا لَا نَعْلَمُونَ ﴿٣٣﴾ الأعراف: ٣٣

[Jedhiin (yaa Muhammad) dalagaalee fofokkuu keessaa wanti Rabbiin kiyya haraama godhe; waan mumul'atuu fi dhokataa ta'e, cubbuu dalaguu fi dharaan nama miidhuu, waan Rabbiin uf biraa hin buusiniin Isatti waa ida'uu fi waan hin beeyne Rabbiin irratti olola oofuu keessani] (Al-A'araaf: 33).

Keeyyatoonni Qur'aanaa hedduun hordoftoota amantii biraa kanneen dhugaa dabsanii wantoota babbareeda Rabbi ilma namaatiif hayyame dhoorkamaa godhan baay'ee mormu. Keeyyatoonni wantoota gaggaarii Rabbi itti fayyadamiinsa namaaf hayyame immoo osoo hin xinneessine osoo biras hin dabarsine seeraan akka itti fayyadamuu qabnu kan nu ajajan

hedduudha. Yoo ka itti hin fayyadamnu ta'e, Rabbi Jalqabumaa maaliif uumee, bu'aa wantoota sanii dachii hunda keessa waliin gayeeyyu ree?

كُلُّ الطَّعَامِ كَانَ حَلَالًا لِيَنِي إِسْرَائِيلَ إِلَّا مَا حَرَّمَ إِسْرَائِيلُ عَلَى نَفْسِهِ. ﴿١٣﴾ آل عمران: ٩٣

[Gosti nyaataa hundi ilmaan Israa'iliif hayyamamaa (halaala) ture. Kan Israa'iil dhoorkamaa (haraama) uf irratti godhe malee] (Aala Imraan: 93).

قُلْ هَلَمْ شُهَدَاءَ كُمُ الَّذِينَ يَشْهَدُونَ أَنَّ اللَّهَ حَرَّمَ هَذَا ﴿١٥٠﴾ الأنعام: ١٥٠

[Waan kana Rabbi dhoorkamaa (haraama) godhee jira ka jedhu raga dhiyeeffadhaa jedhiin (yaa Muhammad)] (Al-An'aam: 150).

قُلْ أَرَأَيْتُمْ مَا أَنْزَلَ اللَّهُ لَكُمْ مِنْ رِزْقٍ فَجَعَلْتُمْ مِنْهُ حَرَامًا وَحَلَالًا قُلْ إِنَّ اللَّهَ أَدَّبَ لَكُمْ ﴿٥٩﴾

يونس: ٥٩

[Jedhiin (yaa Muhammad) hiree Rabbi isiniif kenne kana irraa maaliif garii isaanii hayyamamaa (halaala) gootanii garii dhoorgamaa akka gootaniif naa odeessaa. (Akkas akka gootan) Rabbitu isin hayyamee jedhiin] (Yuunus: 59).

الكَهْفُ مَرْكَبُ طَائِفَةِ الْأَنْبِيَاءِ لِلْحَجِّ الْمُؤْتَمَرِينَ السُّورَةُ الْفُرْقَانِ الشَّجَرَةُ التَّمْرُ الْغَضْرُ

الْعَبْكَوَاتُ الرَّؤُوفُ لُتْمَانُ الشَّجَرَةِ الْأَجْرَانِي تَسْكِبًا نَظَرًا بَيْنَ الصَّافَاتِ مِنَ الرِّبْرِ نَظَرًا

فُضْلًا الشُّورَى التَّخْرُفُ الشُّجَرَاتُ الْمَنَابِيَةُ الْأَحْقَافُ مَجْمَعُ الْبَنَاتِ الْمَجْرَاتُ مِنَ اللَّاتِيَاتِ

الظُّنُرُ الأنعام: ١٤١

[Inni (Rabbi) ka ooyruu bareeda biqiltuun (badhaadhe) isiniif uume. (Biqiltuu) san keessaa gariin kan lafarraa ol fuudhamaa ta'e kan akka (waynii) fi gariin kan lafarraa ol hin fuudhamne

kan garuu mogolee isaa irratti dhaabatu kan akka: timiraa fi facaasaa dhandhamni isaa adda adda ta'e, zeeytunaa fi Rummaana wal-fakkaatuu fi kan wal-hin fakkaanne (kan isiniif uume). Yeroo inni daraare firii isaa nyaadhaa. Gaafa inni haamaa gaye immoo haqa isaa (zakaas) irraa baasaa. Hin qisaasessinaa, Inni (Rabbi) warroota waa qisaasessan hin jaalatu] (al-An'aam: 141).

سَيَقُولُ الَّذِينَ أَشْرَكُوا لَوْ شَاءَ اللَّهُ مَا أَشْرَكْنَا وَلَا آبَاءُنَا وَلَا حَرَمْنَا مِنْ شَيْءٍ ﴿١٤٨﴾ الأنعام: ١٤٨

[Warroonni Rabbitti waa dabalan akkana jedhuuf taa'u: osoo Rabbi fedhuu baatee silaa nuti fi abbootiin keennas Isatti waa hin dabalan, silaa Isaa gaditti homa takkaa haraama (dhoorgamaa) hin goonu] (Al-An'aam: 148).

وَقَالَ الَّذِينَ أَشْرَكُوا لَوْ شَاءَ اللَّهُ مَا عَبَدْنَا مِنْ دُونِهِ مِنْ شَيْءٍ نَحْنُ وَلَا آبَاؤُنَا وَلَا حَرَمْنَا مِنْ دُونِهِ

مِنْ شَيْءٍ ﴿٣٥﴾ النحل: ٣٥

[Warroonni Rabbitti waa dabalan akkana jedhan: osoo Rabbi fedhuu baatee silaa nuti fi abbootiin keennas Isaa gaditti waa hin gabbaru, silaa Isaa gaditti homa takkaa haraama (dhoorgamaa) hin goonu] (Annahl: 35).

Keeyyatoonni lamaan dhumaa kunniin dhoorgama ragaan hin deeggaramin kana Rabbitti waa dabaluun waliin wal-madditti dubbatan. Akkasumas namoota dharaan waan Rabbi isaan irra hin kaayin ufirratti haraama godhanii, kuni waan dirqamaan nurra kaayame carraa biraa hin qabnu jedhanis qeeqxi. Fedhii haguuguun ijjannoo namaa dharaan jijjiiruudha. Rabbitti waa dabaluun immoo dharaan waa jijjiiruu keessaa irra badaadha. Kanarraa ka'eeti, dharaan waa jijjiiruun haguma

fedhe guddatus xinnaatus Qur'aana keessatti dhoorgamaa wanti ta'eefi. Keeyyata biraa keessatti Rabbi akkana jedhe:

بَيْنَ الصَّافِيَاتِ صِفَى الْمُبِينِ عَفَا ذُنُوبَهُمْ فَضَلَّتْ الشُّبُهَاتُ الرَّحْمَانَ الرَّحِيمَ فَضَلَّتْ النَّسَاءُ: ١٦٠

[Sababaa miidhaa warri Yahuudaa raawwataniif jecha wantoota gaggaarii dur hayyamamaa (halaala) gooneef isaan irratti haraama (dhoorgamaa) goonee jirra] (Annisaa: 160).

Fedhiwwan garii nama keessatti gadi ukkaamsuun ykn bifa silaa barbaachisuun fedhii san bayachuu dhabuun akka namoonni gariin jedhan san waan amantii itti yaame osoo hin taane adabbiidha. Inumayyuu raajiin addaa kan nuti Qur'aana irraa barannu, halaalli fedhii nyaataa, dhugaatii, qaamaa, manaa fi uffataa bayachuu ilaalchisee dubbatame baay'ee bal'aa ta'uu isaati. Dhoorgaan (haraamni) immoo dhimma addaa kan dirreen isaa baay'ee dhiphifamee dhufeedha. Inumayyuu Qur'aanni raga tokko malee dirree haraamummaa kana babal'isuu ololaa fi tola Rabbi waakkachuudha jedhaan:

الْعَمَلَاتِ الْمُنَادِيَةِ الْأَعْمَلِ الْأَجْرَاءِ الْأَهْلِيَّةِ الْبَوِيَّةِ يُؤْتِنَنَّ الْجَلَلِ الْأَنْعَامِ: ١٤٠

[Waan Rabbi isaaniif hire dhoorgamaa (haraama) uf irratti godhanii dharaan olola Rabbiin irratti oofan] (Al-An'aam: 140).

وَلَا تَقُولُوا لِمَا تَصِفُ أَلْسِنَتُكُمْ الْكَذِبَ هَذَا حَلَلٌ وَهَذَا حَرَامٌ لِنَقْتَرُوا عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ إِنَّ الَّذِينَ

يَقْتَرُونَ عَلَى اللَّهِ الْكَذِبَ لَا يُفْلِحُونَ ﴿١١٦﴾ النحل: ١١٦

[Kijiba arrabni keessan dharaan ibsuun (waan Rabbi haraama godhe) kuni halaala hin jedhinaa, (waan Rabbi halaala godheen) kuni haraama jettanii Rabbiin irratti kijiba hin oofinaa] (Annahl: 116).

Rabbiin namoonni isatti amanan amala badaa akkanaa kanarraa akka uf qusatan imsee akeekkachiisee jira:

لِلْمَأْتِدَةِ الْأَنْعَامِ الْأَجْرُفِ الْأَنْعَامِ الْبُؤْسِ هُوَ يُؤْتِيكَ الرَّسَدَ إِبْرَاهِيمَ الْمُؤْتَبِرَ

المائدة: ٨٧

[Yaa warra (Rabbitti) amantan! Wantoota gaggaarii Rabbi halaala isiniif godhe haraama hin godhinaa] (al-Maa'idaa:87).

يَأْتِيهَا النَّبِيُّ لِرَحْمَتِ مَا أَحَلَّ اللَّهُ لَكَ تَبْنِي مَرْضَاتِ أَرْوَجِكَ وَاللَّهُ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١﴾ التحريم: ١

[Yaa Nabiycha hoo! Waan Rabbi halaala siif godhe maaliif haraama uf irratti goota] (Attahriim: 1).

Itti gaafatamummaan nabiyootaa inni bu'uuraa, dhimmoota hunda gara madaala isaan maluutti deebisuu fi dharaan waa fakkeessuu/jijjiiruu irraa dhoowwu akka ta'e Qur'aanni ilma namaatiif hima. Dirree fedhiwwan ufii bayachuu keessattis gaheen nabiyootaa waan namni fedhu isaa guutuuf karaa saaquun namni Mu'uminaa osoo wanni silaa argachuu qabu tokko gufuu isatti hin taane kaayyoo isaaniitti akka gayan godhuudha.

وَلِأَجْلِ لَكُمْ بَعْضَ الَّذِي حُرِّمَ عَلَيْكُمْ ﴿٥٠﴾ آل عمران: ٥٠

[Wantoota garii kan haraama isin irratti taasifaman isiniif hayyamuufi (halaala godhuufi)] (Aala Imraan: 50).

وَيَحِلُّ لَهُمُ الطَّيِّبَاتُ وَيُحْرِمُ عَلَيْهِمُ الْخَبِيثَاتُ ﴿١٥٧﴾ الأعراف: ١٥٧

[Wantoota gaggaarii isaaniif hayyamee, wantoota fokkisaa ta'an isaan irratti haraama taasisuufi] (Al-A'araaf: 157).

Yaamichi Qur'aanni bakkee heddutti ilmaan Aadamiif dhiyeesse:

يَتَّيِبُهَا لِلنَّاسِ كُلُّوْا مِمَّا فِي الْأَرْضِ حَلَالًا طَيِّبًا ﴿١٦٨﴾ البقرة: ١٦٨

*[Yaa ilma namaa! Waan dachii keessa jiru kan halaalaa fi waan gaarii ta'e nyaadhaa] (al-Baqarah: 168).*

Ergaan keeyyata kanaa waan nuti fuulleffannaa hin kenniniif nuuf ibsa. Innis: Rabbiin ol'aane, dachii kana bifa haala uumama ilmaan Aadam waliin deemuun nuuf laaffisee jira. Kunis akka nuti imala keenna kan addunyaa ijaaruu fi Rabbii tokkicha qofa gabbaruu itti fufnuufi.

Wantoota wal-faallessan keessaa inni tokko kan Qur'aanni jala sararee mormu, Rabbiin ilma namaa bifa adda ta'een bocee uumee, fedhii Rabbiitiin dachiin kun bifa fedhii bocamiinsa isaa guutuuf toluun isaaf laaffifamee, kana hunda booda amantiin gariin kan Rabbiin biraa buufame jedhamee olola oofamu fedhiwwan Rabbi namaaf uume kana gutachutti gufuu ta'uuf jecha karaa hunda cufanii argamuu isaaniiti.

Wal-faallessi kun kan dhufuu danda'een, garee abbootii amanti ufiin jedhan kan gaheen isaanii dhugaa jiru jijjiiruu, olola oofuu fi gufuu karaa irra kaayuun namoota Rabbitti amanan rakkisuun akka isaan osoo gara Rabbii hin fiigne dursa gara isaa fiigan godhuu warra barate irraayyi. Yeroo kana namatti fayyadamuun nama saamanii, Qur'aana Rabbiitiin sobanii qabeenya xinnoon waa saamuu eegalu. Amantiin Islaamaa namoota olola oofanii kijibaan nama ciratan kanniin karaa itti cufee jira waan ta'eef, shira akkanaa kana irraa haasayuun baay'ee hin barbaachisu. Wanti fedhii ilmi namaa nyaataaf qabu irratti jedhamu hunduu fedhiwwan biraa irrattis ni jedhama.

## 6) Gumaachi Qaroomaa Kaayyoo Isa Dhumaatii Miti

Amantiin Islaamaa akka Muslimoonni hojiin, gumaachaan, waa kalaquu fi itti gaafatamummaa baadhachuun qarooma ariifachiisan ajaja. Ceem'aa, hojii malee taa'uu, jijjiirama tokko malee ykn gumaacha wayii osoo hin argamsiifne jireenya addunyaa kanarraa godaanu hin hayyamu. Kunis garaagarummaa muuxannoo qarooma lamaan (kan amantii fi kan namaan bocamee) jidduu jiru ibsuu keessatti mallattoolee isa bu'uuraati.

Kunis jireenyi ilmi namaa (dhuunfaas ta'ee gareenis) addunyaa kanarratti jiraatu kan hundeeffuru ta'uu dhabuu isaa raggaasisa. Jireenyi ganda addunyaa jireenya yeroo muraasaa kan yoosuu bira qaxxaamuraniidha. Akkasumas gumaachi nuti isii keessatti argamsiisnus kan yeroo muraasa qofaaf turu. Battalumatti balaa tasaa kan akka sigigaatiinsa lafaa, diigamiinsaa, bu'aa bayii adda addaa, dhalatiinsaa fi du'aaf saaxilamuu danda'a.

Jireenya inni dhugaa jireenya guyyaa boodaati. Jireenyi guyyaa boodaa kunis jireenya dhuma hin qabne, kan yoomiyyuu itti fufaa ta'e, kan ilmi namaa hundeeffuru akka keessa jiraatu isaaf galmeeffameedha. Kanaafuu wanti nuti jireenya addunyaa humattuu tana keessatti dalagnee dabarfannu mataa isaatti kaayyoo osoo hin taane, tooftaa jireenya ganda addunyaa kana gabbara Rabbiitiif mijooftuu akka taatu haala ittiin mijeeffannuu fi hojii bakka bu'ummaa nutti kenname shaakaluuf qilleensa mijataa ittiin uumachuudha.

Haala Kanaan gumaachi qarooma Islaamaa tooftaa irraa gara kaayyoo guddaatti guddataa deema. Gamanumaan naamusa





*gara daalachaatti kan jijjiiramee kan gogee hafu argita. Ganda boodaatti (warra tokkummaa Rabbii mormeef) ibidda jajjabatu jira, (warra Rabbitti amanee) araaramaa fi jaalala Rabbiin biraa ta'etu jiraaf. Jireenyi addunyaa meeshaa dagiinsaati] (al-Hadiid: 20).*

الْأَفْطَاطُ الْمُطْفِئِينَ الْأَشْفَاطُ الْبُرُوجِ الطَّارِقِ الْأَعْلَى الْعَاشِيَةَ النَّجْوَى الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ  
 الضَّحَى الشَّرْحُ التَّبْنَ الْعِاقُ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ  
 الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ الْفَيْتِ  
 بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى :  
 ﴿بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ الْكُفَى : ٤٥ - ٤٦﴾

*[Fakkeenya addunyaa isaaniif kaayi (yaa Muhammad), (Isiin) akka bishaan samii irraa buufnee isaan biqiltuuwwan (adda addaa) dachii keessatti ittiin biqileeti. (Turtii gabaabduun booda) biqiltuun sun gogogee caccabee bubbeen olii fi gadiin isa deemti. Rabbiin waan hunda (hojjachuu) irratti danda'aadha. Qabeenyaa fi ilmaan bareedina jireenya addunyaati, mindaadhaan dalagaalee gaggaaritu Rabbii kee biratti caala, isitu caalaa] (al-Kahf: 45-46).*

Ergaan dhama kanaa hubatamuu kan danda'uun keeyyatoota armaan gadii kan namoota jireenya addunyaa Kanaan dagamanii, fedhii addunyaatiif bitamanii, nama miidhuu, jallinaa fi badiin lafa balleessuun beekaman balaaleffatu irraa hubatamuun ni danda'ama:

اللَّهُ الرَّحْمَنُ الرَّحِيمُ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمُ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ مِنَ الشَّيْطَانِ الرَّجِيمِ ﴿الْجَانِيَةُ : ٣٥﴾

*[(Balaan kunis kan isin hubeeff) waan isin mallattoolee (tokkichummaa Rabbii agarsiisan) tapha godhattanii jireenyi addunyaa isin dageeffi. Har'a ibidda keessaas hin bayan, (akka yakka dalagan irraa toobataniifis) gara jireenya addunyaatti hin deebifaman] (al-Jaasiyaa: 35).*

الْمُتَافِقُونَ الْعَجَابُونَ الطَّالِقُونَ الْجَائِرُونَ الْمَلِكُ الْقَاتِلُ الْمُزَلِّجُ الْمُجَلِّجُ نُوْحٌ الْخَيْرِ الْمُرْتَمِكُ<sup>٤</sup>

الأنعام: ١٣٠

*[Jireenyi addunyaa isaan dagee, akka kaafirtoota ta'an lubbuu isaanii irratti raga ufitti bayan] (Al-An'aam: 130).*

الْبَيْتِيُّ الْفَيْسِيُّ الرَّحْمِيُّ الْوَافِعِيُّ الْجَرِيدِيُّ الْحَمَّالِيُّ الْمَشْرِئِيُّ الْمُنْتَحِنِيُّ الْقَتْلِيُّ الْقَمَانُ: ٣٣

*[Jireenyi addunyaa kun isin hin dagin, Rabbiin irraa (sheyxaanni, jinni fi namni) nama dagu isin hin dagin] (Luqmaan: 33).*

بَلْ إِنَّ يَعِدُّ الظَّالِمُونَ بَعْضُهُمْ بَعْضًا إِلاَّ غُرُورًا ﴿٤٠﴾ فَاطِرٌ: ٤٠<sup>٤</sup>

*[Wanti roorrtoonni waadaa waliif seenan dagiinsa qofa] (Faaxir: 40).*

كُلُّ نَفْسٍ ذَائِقَةُ الْمَوْتِ وَإِنَّمَا تُوَفَّقُ أَجْرَكَ لَكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ فَمَنْ زُحْجَ عَنِ الْكَارِ وَأَدْخَلَ

الْجَنَّةَ فَقَدْ فَازَ وَمَا الْحَيَاةُ الدُّنْيَا إِلاَّ مَتَاعُ الْغُرُورِ ﴿١٨٥﴾ آل عمران: ١٨٥

*[Lubbuun hunduu du'a ni dhandhamti. Mindaa waan hojjattanii guyyaa qiyaamaa kennamtu. Namni (guyyaa qiyaamaa san) ibiddarraa fageeffamee Jannata siinsifame, dhugumatti milkaaye. Jireenyi addunyaa homayyuu miti, meeshaa nama dagiinsaati malee] (Aala Imraan: 185).*

*Muuxannoon dhala namaa haga tokko qofa ta'uu fi itti fufiinsa dhuma hin qabne qabaachuu dhabuun isii kan jireenya*

guyyaa boodaa dhuma hin qabne san waliin wal-maddii yeroo qabnu mul'atu qofa osoo hin taane, haala sochii seenaa dhala namaa irraayis ifatti mul'ata. Sosochiin kun yeroo hunda olka'iinsaa fi gadi bu'iinsa, duratti guddachuu fi duubatti deebi'iinsaan, fedhii Rabbiitiin dhalachuu fi guddinni amala isaa waan ta'eef, akka sirna sosochii hawaa/uumamaa waliin wal-simata:

الرَّبِّكَ يُعَذِّبُ مَنْ يَشَاءُ وَيَرْحَمُ مَنْ يَشَاءُ وَيُعَذِّبُ الْمُنَافِقِينَ  
 وَالْمُنَافِقِينَ يُطَافُونَ بَيْنَ الْعَذَابِ وَالرَّحْمَةِ وَالْجَنَّةِ وَالنَّارِ  
 وَالْمُنَافِقِينَ يُطَافُونَ بَيْنَ الْعَذَابِ وَالرَّحْمَةِ وَالْجَنَّةِ وَالنَّارِ  
 وَالْمُنَافِقِينَ يُطَافُونَ بَيْنَ الْعَذَابِ وَالرَّحْمَةِ وَالْجَنَّةِ وَالنَّارِ  
 الْمُنَافِقِينَ يُطَافُونَ بَيْنَ الْعَذَابِ وَالرَّحْمَةِ وَالْجَنَّةِ وَالنَّارِ

المطففين: ٢٤

[Fakkeenyi jireenyi addunyaa akka fakeenya bishaan (rooba) samii irraa buufnee, biqiltoota dachiitiin wal-fudhatee, wanti namnii fi loon nyaatu (isaan biqileeti). Eega dachiin magariisa taatee bareeduu eegaltee, abbootiin ooyruu sanii (facaafachuu fi haamachuu) ni dandeenna jedhee yaadee (onnateen) booda, ajajni keenna (ka ooyruu kana barbadeessuu) halkan ykn guyyaa itti dhufee (ooyruu san) akka waan haamanteetti akka waan isiin Kanaan dura hin turiniitti isii balleessine. Haala Kanaan namoota waa xiinxallaniif mallattoolee keenya addaan baafnaaf] (Yuunus: 24).  
 Rabbi Injifatamiinsa gaafa lola Uhud Muslimoota qaqqabe ilaalchisee akkana jedhe:

قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِكُمْ سُنَنٌ فَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ فَانظُرُوا كَيْفَ كَانَ عَاقِبَةُ الْمُكْذِبِينَ ﴿١٣٧﴾ هَذَا بَيَانٌ  
 لِلنَّاسِ وَهُدًى وَمَوْعِظَةٌ لِّلْمُتَّقِينَ ﴿١٣٨﴾ وَلَا تَهِنُوا وَلَا تَحْزَنُوا وَأَنْتُمُ الْأَعْلَوْنَ إِن كُنْتُمْ مُؤْمِنِينَ  
 ﴿١٣٩﴾ إِن يَمَسُّكُمْ فَرْحٌ فَقَدْ مَسَّ الْقَوْمَ فَرْحٌ وَّشَلَّةٌ. وَتِلْكَ الْآيَاتُ نَدَاوِلَهَا بَيْنَ النَّاسِ وَلِيَعْلَمَ  
 اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا وَيَتَّخِذَ مِنْكُمْ شُهَدَاءَ وَاللَّهُ لَا يُحِبُّ الظَّالِمِينَ ﴿١٤٠﴾ وَلِيُمَحِّصَ اللَّهُ الَّذِينَ آمَنُوا  
 وَيَمْحَقَ الْكٰفِرِينَ ﴿١٤١﴾ آل عمران: ١٣٧ - ١٤١

*[Sunnaan (injifatamiinsaa sun) ummatoota isin duraas qaqqabdee jirti. Dachii keessa deemaatii booddeen warra (Rabbii fi ergamaa isaa) kijibsiisee maal akka ta'e ilaalaa. (Qur'aanni) kuni ilma namaatiif kan waa ifa galchu, warroota Rabbiin sodaataniif qajeellumaa fi gorsa. Hin dadhabinaa hin nayinaa isintu irra oolaa (injifataa) yoo ka dhugaan amantan taate. Yoo madaan (gaafa Uhud) isin tuqeef ka rifattan taate, kuffartotas (gaafa lola Badrii) hubee jira. Guyyaa (injifannoo fi mooyatamuu) san jidduu namaatti ni deddeebifna, akka Rabbiin waan dur ufii beeku (eentu injifataa fi eentu injifatamaa) san ifatti baasuu fi nama isinirraa du'e wareegamaa (shahiida) akka taasisuuf. Rabbiin namoota nama miidhan hin jaalatu. (sababni injifatamiinsa lola Uhud sun) namoota dhugumaan amananii fi kan soban addaan fooyuu fi warroota (tokkichummaa Rabbii) morman galaafatuufi] (Aala Imraan: 137-141).*

## Guduunfaa Gara Teknolojii Islaamaatti

Adeemsa rakkoon nu qunnamuun, addeemsa sosochiin seenaa dhiphina keessa nu galchuun, adeemsa hooggantoonni biraa nu bira dabraa dhufaniin, adeemsa rakkoon gama hundaan nu marsee dukkana kessatti uf argaa dhufnuun; rakkinoota kana keessaa bayuuf amantiin Islaamaa akka furmaataatti furtuu lama nuuf kaayee jira:

Furtuun inni jalqabaa ‘uf jijjiiruu’ yoo ta’u, furтуun inni lammataa immoo ‘uf qopheessuu’ dha. Furtuulee amaan kanaan alatti guddinni argamu kamiyyuu hin jiraatu, gufuulee gubbatti tarreeffaman kana keessaa bayuu fi kaka’umsaan gara guddinaatti seenuunis hin argamu.

Furtuulee kanneen lameenuu keessatti, dhimmi sammuu Muslimaa irra deebi’anii qaruu/bocuu uf jijjiiruu fi uf qopheessuu mirkaneessuu keessatti iddoo bal’aa waan qabatee jiruuf akka seera bu’uuraatti fudhatama. Uf jijjiiruu ilaalchisee, Qur’aanni kabajamaan barbaachisummaa isaa akkanatti ibsa:

إِنَّ اللَّهَ لَا يُغَيِّرُ مَا بِقَوْمٍ حَتَّىٰ يُغَيِّرُوا مَا بِأَنْفُسِهِمْ ۗ وَإِذَا أَرَادَ اللَّهُ بِقَوْمٍ سُوءًا فَلَا مَرَدَ لَهُ ۗ وَمَا لَهُم مِّن دُونِهِ

من والٍ ﴿١١﴾ الرعد: ١١

[Rabbiin haala ummanni tokko keessa jiru irraa hin jijjiiru haga isaan waan lubbuu isaanii keessa jiru jijjiiranitti] (Arra'ad: 11). Ammas akkana jedhe:

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿﴾ نَسِيَهُ اللَّهُ  
الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الأنفال: ٥٣

[Wanti (Rabbi Ummata tola isaatti kafaran balaan isaan hubeeff) Rabbiin tola ummata tokko irratti oole irraa hin jijjiiru yoo isaan (gara badiitti) uf jijjiiran malee] (al\_Anfaal: 53).

Jijjiiramni kunis dirreelee hunda ilaala, kutaalee namaa hunda keessatti argamuu qaba. Jijjiirama sammuu, kan lubbuu, kan qaamaa, hariiroo fi ijaarsi keessaa kan mataa keennaa fi namoota biraa waliin qabnu hundi kallattii hundaan jijjiirama galmeessuun dirqama.

Amantiin Islaamaa seera ‘uf jijjiiruu’ mirkaneessuu jechuun, namni Rabbitti amane egaree isaa jijjiiruuf carraa qabaachuu isaa, jijjiirama argate bareechee qabatuu fi yoo tasa jalaa miliqe immoo dhaqqabee deeffachuuf carraa qabaachuu isaa argisiisa. Kanaafuu fedhiin namni uf jijjiiruuf qabu gara hojiitti jijjiiramuuf qophii taanaan, qaamni, lubbuu fi sammuu namaa jijjiirama kana fudhachuuf uf qopheessinaan, rakkina nu mudatu kamiyyuu fuul-dura dhaabbannee, kallattii rakkoo isaa san gara bu’aa keennaatti jijjiiruu dandeenna. Haala kanaan ilmi namaa dandeettii isaa deeffatee, rakkinoota isatti deemanitti gufuu ta’ee, waa kalaquu fi uumuu keessatti gumaacha guddaa galmeessuu danda’a.

Wanti tattaaffii uf jijjiiruuf goonu nu harkaa doomsu yoo jiraate, mul’ata qoqqoodamaa ykn ijjannoo gadi dhaabbataa ta’e

qabaachuu dhabuu keenna. Muslimoonni hedduun dhimma jijjiiramuu kana dogongoratti hubatanii, akka waan cimina afuuraa haaroomsuu ykn safuulee naamusaa fi amala gaggaarii kan amantiin Islaamaa itti nama yaame san cimsanii qabachuu qofaatti qayyabatnii jiru. Yoo furmaanni jiru sammuu Muslimaa irra deebinee qaruu qofaan argama jennes dogongoruma sanitti deebina.

Uf jijjiiruu jechuun, waan baay'ee bal'aa anniisaa ilma namaa kana hunda uf keessatti hammatuudha. Gama sammuu, afuuraa, naamusaan, gama amala gaariitiin, qaamaan kallattii hundaan jijjiiramnee argamuu jechuudha. Ilaalchi keenna ykn ijjannoon keenna kallaattii hundaan ta'uu dhiisee, kallattii jijjiiramaa kana kutaa kutatti addaan qoqqooduu eegalee jennaan, tattaaffiin nuti jijjiiramaaf goonu kun jalqabuma irratti hiddaan cita.

Yeroo uf qaruu qabna ykn sammuu jijjiiramuu qabna jennee cimsinee dubbannu kana, yeroo hundaa adeemsa kortoo duraaf duuba barbaachisummaa dhimmootaa hordofuun dirqama keenna. Dursa dhimma caalatti barbaachisu, booda ka barbaachisaa ta'e, booda kan haga wayii barbaachisu jedhaa duraaf duuba isaa eegaa itti fufuu qabna.

Adeemsi fuulleffannaa uf jijjiiruu kun garri caalu kallattiiwwan biraa irratti waan ta'eef, dhimmi sammuu ilma namaa irra deebinee qaruu kun immoo baay'ee barbaachisaa fi adeemsa jijjiirama/haaroomsa fiduu galmaan gayuuf seera isa bu'uuraa waan ta'eef, qorannoo keenna kana keessatti haga tokko bal'ifnee irraa dubbanna.



Ammas irra deebi’uudhaan, uf jijjiiruun bifa kallattii hunda qixxiseen, bifa gama tokko irratti fuulleffatee gama biraa gadi qabuun osoo hin taane bifa kutaalee jiran hunda uf keessatti hammateen, furtuulee lamaan gubbatti dubbanne keessaa isa tokko waan ta’eef, humna cimaa fi qalpii qulqulluun irratti hojjachuun dirqama ta’a.

Furtuun inni lammataa immoo, uf qopheessuudha. Haaroomsi/jijjiiramni akka sadarkaa dhuunfaatti jalqabarratti nama Muslimaa tokko ilaala. Kunis sadarkaa dhuunfaa irraa gara sadarkaa garee ykn hawaasa bal’aa hammatuutti deemuun inumayyuu dachii hunda wal-gayuu danda’a. Gama biraatiin immoo uf qopheessuun jalqaba irratti bu’aan isaa garee ykn hawaasa Muslimaa eeguuf ykn tiksuum yoo ta’u, gamasumaan namoota dhuunfaas marfamiinsaa fi dhiphamiinsaaf saaxilamuu irraa isaan eega. Qur’aanni kabajamaan yaada kana ifatti akkana jechuun nuuf hima:

الرَّحْمَةُ الرَّحْمَانِ الْبَتَّائِيَّةُ الْاِحْوَالُ مُحَمَّدُ الْبَيْتِخُ الْمُجْرَاتِ فَتِ الدَّارَاتِ الْظُلُومِ الْبَحْرِ

الْبَيْتِخُ الرَّحْمَانِ الْوَالِغِيَّةُ الْمَسْرُومِ الْاِحْوَالُ الْبَتَّائِيَّةُ الْمَسْرُومِ الْمَسْرُومِ الْمَسْرُومِ الْمَسْرُومِ الْمَسْرُومِ الْمَسْرُومِ

المسرات ^ الأنفال: ٦٠

[Haga dandeettaniin humnaa fi guluffii Faradootiin isaaniif uf qopheessaa, akka (humnaa fi guluffii saniin) diina Rabbii, diina keessanii fi diinota isaan duubaan jiran kan isin hin beekne kan Rabbi (diinummaa) isaanii beeku sodaachiftaniif] (Al-Anfaal: 60).

Uf qopheessuun silaa barbaadame sun kan mirkanaayuu danda’uun, akka amantiin Islaamaa ajajetti yoo anniisaan nama

Muslimaa guutumatti hojitti jijjiiramee, sammuun isaa irra deebi'amee qarame qofa. Yeroo san ilmi namaa saayinsii ammayyaatti dhimmi bayee humna jajjaba diina ittiin sodaachisu horatee, amantii isaatiifis dachii irratti haala mijeessee, gahee isarraa eeggamus bayachuu danda'a.

Saayinsiiwwan ammayyaa tooftaa badaa bu'aa hin qabne jennee irraa dheessuu fi isarraa fagaachuu hin qabnu. Saayinsii kanatti fayyadamnee amantii keenna ittiin tajaajiluu fi ittiin cimsachuu dandeenna. Saayinsiin ammayyaa kun ilma qarooma warra Dhihaa qofaa miti. Saniif jennee isa uffitti qabnee guddisuu irraa qolleffachuu hin qabnu. Sayyinsiin kun kuufamiinsa muuxannoolee dhala namaa fi qarooma dhala namaa kan yeroo gara garaattu walitti dhufee boca isaa kan ammaa kana kenneef. Qaroomni Islaamaa utubaalee isaa jajjaba hundeessuu, adeemsa isaa sisirreessuu fi bu'aalee isaa hedduu ummataa gayuu keessatti qooda leencaa qaba.

Kitaaba *'Ijannoo Qur'aanni saayinsii ilaalchisee qabu'* jedhu keessatti waa'ee kanaa bal'inaan dubbannee jirra waan ta'eef, asitti irra deebinee dubbachuuf haalli nuuf hin hayyamu. Garuu bifa baay'ee gabaabaa ta'een wanti keessi namaa itti tasgabbi argachuu qabu; Qur'aanni kabajamaan dameelee beekkumsaa (saayinsii) hunda kan uf keessatti hammatuudha. Dameelee kanniin gamaaggamee furmaata barbaachisu itti kennee, isaan kaawwaniif karaa ibseefi, imaammata isaatiif sagantaa baaseefi, argannoolee isaa muraasa: kaayyolee, adeemsa, falaasamaa fi dhugaalee jiran ifatti saaxileefi jira.

Sonoota jireenya Islaamaa kanneen irraa dubbataa turre keessaa irra caalaan isaa kan akka: bakka bu'ummaa, uumamni

namaaf laaffifamuu, madaala eeguu, raajii akkaataa uumamni itti uumamee fi qaamni waa uume jiraachuu jidduu hariiroon cimaan addaan bayuu hin dandeenne jiraachuu fi kkf, yoomiyyuu hojjitti jijjiiramuu, jajjabeessuu fi addunyaaf barsiifamuu kan danda’an; kaayyoo kana galmaan gayuuf saayinsii akka tooftaatti yoo itti fayyadamne qofa.

Qur’aanni kabajamaan, hojii beekkumsaa irratti adeemsa miirawaa fi shaakalamaa yeroo ammaa kana saayinsiin ammayyaa bu’uura godhatee socha’aa jiru irraa dubbatee jira.

Ammas Qur’aanni argannoolee saayinsii fi dhugaalee hedduu irraa dubbatee jira. Keessattuu dhugaalee fi argannoolee dameewwan astiroonomii, uumamaa, ji’oogiraafii, fayyaa fi lubbuutiin wal-qabatan irratti bal’inaan ibsa kennee jira. Odeeffannoon saayinsiin ammayyaa argamsiises, dhugama dur Qur’aanni dubbate san raggaasisuu fi ifa itti dabaluu dhufe. Kunis jecha Rabbi kana dhugomsuufi:

الْحَمْدُ لِلَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْمَنَّانِ الْكَرِيمِ الْحَمْدُ لِلَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْمَنَّانِ الْكَرِيمِ الْحَمْدُ لِلَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ الْمَنَّانِ الْكَرِيمِ

يونس: ٣٩

[Waan beekkumsa isaa hin kennamin (ariifatanii), osoo ibsi isaa isaanitti hin dhufin kijibsiisan] (Yuunus: 39).

Ammas keeyyata biraa keessatti Rabbiin guddaan akkana jedhe:

الطَّلَاقِ الْمُنْتَهِيَةِ الْمَالِكِ الْقَبْرِ الْمَقْلَعِ الْمَعْلُوقِ نُوحِ الْمُنْجِي الْمُنْجِي الْمُنْجِي الْمُنْجِي الْقِيَامَةِ الْأَشَدِّ

الْمُسْتَلَقِ الْمَسْبُوعِ الْمَارَاتِ عَيْسَى الْكَرِيمِ الْأَنْطَلِقِ الْمَطْفِقِينَ الْأَشَدِّ الْمُرُوجِ فَصَلت: ٥٣

[Mallattoolee (tokkichummaa) keenna argisiisan haga inni dhugaa ta’uun isaanii ifatti bayutti uumama hawaa kanaa fi



الرَّحْمَنُ الرَّاحِمُونَ الْجَنَّةِ الْجَنَّةِ الْمُتَّحِدِينَ الصُّلْحَ الْمُتَّحِدِينَ الْمُتَّحِدِينَ النَّجَّارِينَ

الطَّلَاقِ النَّجَّارِينَ الْمَلِكِ الْقَلْبِ الْمَعْلُومِ نَوْحِ الْمَخْنِ الْمَرْبِكِ الْمَرْبِكِ سَبَأ: ١٠ - ١٣

[Daawudiif tola nu biraa ta'e kennineefi jirra. Gaarrenii fi Allaattiwaniin isa waliin Rabbiin faarsaa jenneen, Hadiidas isaaf laaffifneefi jirra. **SAABIGAATI WA QADDIR FI SAARDI** waan gaggaarii dalagaaa. Ani waan isin dalagdan argaadha. Suleeymaaniifis bubbee laaffifneefii jirra. Deemsa ji'a tokkoo (walakkaa guyyaatti), deebisaa ji'a tokkoos (walakkaa guyyaatti) isaan deemti. Albuuda Koopparii akka bishaaniitti isaaf dhangala'aa goone. Jinnii irraayis ajaja Rabbiitiin nama isa waliin dalagu gooneef. Isaan keessaa nama ajaja keennarraa dabe (Suleeymaniin tole jechuu dide) ibidda gubaa isa dhandhamsiifna. Jinnoonni kunniin waan (suleeyman) barbaade kan akka: Masjidaa, boca adda addaa, Saanii guddaa akka bo'oo bal'aa bishaan keessatti kuufamuu fi washoolee guddina isaa irraa bakkaa hin shone fa'a isaaf dalagu. Yaa warra Daawuud! Galata Rabbiitiif dalagaa. Gabroota kiyya keessaa kan galateeffatu namoota muraasa] (Saba: 10-13).

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿بِسْمِ اللَّهِ

الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

الرَّحِيمِ قَالَ تَعَالَى: ﴿بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ صَدَقَ اللَّهُ الْعَظِيمِ أَعُوذُ بِاللَّهِ

ص: ١٧ - ٢٠

[Waan isaan siin jedhan irratti obsi (yaa Muhammad), gabricha keenna Daawudiin kan diina irratti jajjaba ta'ee fi kan gabbara Rabbii irratti obsaa ta'e yaadadhu. Inni kan gara

*Rabbii isaatti fuula deebi'u ta'ee jira. nuti akka gaarren galgalaa fi ganama isa waliin (Rabbiin) faarsan isaaf laaffifnee jirra. Allaattiiwwanis gareen isa waliin Rabbiin qulqulleessu, ajaja isaatiif bitamu. Mootummaa isaa isaaf jajjabeessinee, nabiyyummaas isaaf kenninee, dubbii fi murtii keessatti nama cimaa isa goonee jirra] (Saad: 17-20).*

Keeyyanni biraas irra deebi'uun waa'ee Suleeymaan akkanatti nuuf ibsu:

لَقَمَاتُ السَّجْدَةِ الْاَجْرَانِ نَسَبًا وَظَلَّ بَيْنَ الصَّافَاتِ وَنَحْوِ الرَّكْرِ نَحْطُ مُنْتَلَتِ الشُّبُورِ

الرَّحْوُ الرَّحْمَانِ الْبَتَانِيَّةِ الْاَحْوَالِ مَحْسُودِ الْبَتِيخِ الْمَخْرَاتِ فَتِ الدَّارَاتِ الْبَلُوِّ الْبَحْرِي

الْقَبْرِ الرَّحْمِ الْوَالِيَّةِ الْمَدَارِ الْمَخَالِةِ الْمَشْرِ الْمُنْتَحِدِ الصَّفِ الْمَجْمَعِ الْمَبَافُورِ الْعَمَانِ

الطَّلَاقِ الْبَحْرِيَّةِ الْمَلِكِ الْقَبْرِ الْمَطْلِ الْمَجْلَدِ نَوْحِ الْبِنِ الْمَرْبِكِ الْمُنْدَرِ ص: ٣٥ - ٣٩

*[Yaa Rabbi naaf araaramii, mootummaa na duubaan nama kamiifuu hin malle naa kenni. Ati arjaadha. Bubbee isaaf laaffifnee akka ajaja isaatiin gara inni fedhetti (akka ajajamtuuf) isaaf goone. Sheeyxaanota waa ijaaranii fi galaana jala taranis isaaf laaffifne. Isaan biraa (sheyxaanota jallatoo ta'an) immoo sibiilaan (harkaa fi luka isaanii) hiine. Kuni kennaa keenna (kan nuti siif kennine), hirreega tokkoon alatti abbaa feetee kenni abbaa feete dhoorgadhu] (Saad: 35-39).*

Waa'ee gabroota Rabbii lameen filatamoo ta'an Daawudii fi Suleeymaaniin (nageenyi isaan irratti haa jiraatuu), irraa haasofna. Rabbiin jara lameeniifuu humnoota uumamaa gurguddaa ta'an kan akka: gaarrenii, allaattiiwwanii, sibiilaa, bubbee fi boba'aawwanii isaaniif laaffisee jira. Akeekni bifa ifa

galaan Qur'aanni waa'ee hadiidaa fi boba'aa nuti reef jaarraa digdamaffaa keessa dhageenne kana yeroo nuuf himu baay'ee nu dinqisiisuu danda'a. Kunis hadiidaa fi boba'aan kun qarooma ammayyaatii fi gosa qaroomaa kamiyyuu kan ijaarsa, guddinaa fi teknolojiin badhaadhuu barbaadeef hagam takka akka barbaachisaa turan ibsa.

Wanti nu dinqisiisuu danda'u inni biraa immoo, Rabbiin guddaan nabi Daawudiin hadiid qofa kenneefii hin dhiifne. Akkamitti hadiida san laaffisee akka itti fayyadamuu danda'us barsiiseenii jira. meeshaan dheedhiin kun yoo ka hin laafne ta'e, faaydaa warshaaleef argamsiisu kamiyyuu hin qabaatu ture.

Nuti kan haasayaa jirru, waa'ee nama Rabbitti amanee, waa'ee nabiiyii waan Rabbi isa barsiise ummataan gayuu, kan tola Rabbi isatti ooleef isa galateeffatee jennaan Rabbiin guddaan danda'aan humna guddaa kana isaaf kennee, anniisaa uumamaa guddaa kana hunda isaaf saaqee akka inni addunyaa kana ijaaree, kunuunsee, misoomsee, teknolojiin dagaagsee, bareechee, akka itti gaafatamummaa dachii dhaaluu waliin deemutti haala jireenya namaa fooyyessee, bifa tolli (qananiin) guddaan kun hariiroo jidduu ilma namaa fi Rabbii jiru hin balleessineen itti fayyadamuu irraa haasayutti jirra.

Suuraa hadiid keessatti Rabbiin guddaan akkana jedhe:

لَقَدْ أَرْسَلْنَا رُسُلَنَا بِالْبَيِّنَاتِ وَأَنْزَلْنَا مَعَهُمُ الْكِتَابَ وَالْمِيزَانَ لِيَقُومَ النَّاسُ بِالْقِسْطِ وَأَنْزَلْنَا

الْحَدِيدَ فِيهِ بَأْسٌ شَدِيدٌ وَمَنْفَعَةٌ لِلنَّاسِ وَلِيَعْلَمَ اللَّهُ مَن يَنْصُرُهُ وَرُسُلَهُ بِالْغَيْبِ إِنَّ اللَّهَ قَوِيٌّ عَزِيزٌ ﴿٢٥﴾

الحديد: ٢٥

[Ergamtoota keenna ragaalee ifa galaa ta'an waliin erginee jirra. Isaan waliin kitaabaa fi madaala akka namni

*haqaan ykn wal-qixxummaan waliin jiraatuuf buufnee jirra. Hadiida humna cimaa/jajjabaa fi faaydaa guddaa ilma namaatiif qabnus buufneefi jirra. Kunis Rabbiin nama isaa fi ergamtoota isaatiif tumsu ifatti baasuufi. Rabbiin jajjabaa fi danda'aadha] (Hadiid: 25).*

Suuraan Qur'aanaa maqaa hadiidaatiin yaamamuu caalaa Muslimni hariiroon inni dachii waliin qabu guddaa ta'uu wanti ibsu ni jiraa? Keeyyanni kun hadiida kana tola guddaa Rabbi gabroota isaatiif samii irraa buuse jechuun ibse. Waa'ee isaa gama lamaan ibsee: gama tokkoon '*sibiila baay'ee jajjaba*' jedheen. Kunis waan hadiidni kun meeshaalee waraanaa oomishuu keessatti itti fayyadamamuu fi gama biraatiin immoo '*bu'aa namaaf qaba*' jedheen; kunis bu'aa meeshaan dheedhiin kun warshaa keessa seenee hojiiwwan ijaarsaa fi nageenyaatiif waan ooluufi.

Ibsa keeyyata kanaa caalaa barbaachisummaan hadiidaa yeroo gara yerootti, dameewwan nageenyaa fi waraanaa keessattis guddaa ta'uu isaa wanti raggaasisu ni jiraa? Jaarraa keenna kan ammaa kana keessatti gama nageenyaa fi waraanaatiinis cimina ykn jajjabina biyyoota addunyaa agarsiisuu keessatti tooftaalee adda durummaan biyya san ibsan keessaa hadiidni isa tokko. Biyyoonni ammayyaa kanneen meeshaa dheedhii sibiilaa kana qaban; waan sibiilli kun gama meeshaa waraanaa oomishuutiin baay'ee isii cimsuuf, akkasumas akka biyyi sun biyyoota warshaaleen guddatan kan hadiidni warshaalee san keessatti akka lafe duguruutti ilaalamu keessatti waan isii lakkoofsisuuf, biyyi akkasii sun diinota isii



hunda sodaachisuu fi ufirraa qolachuu keessatti baay'ee cimtuu taati.

Ibsoonni Qur'aanaa hunduu akka qaama tokkootti wal-guutu malee gargar baafamanii kan ilaalamanii miti. Dameelee Qur'aanni ergaa irratti dabarse hunda osoo iddoo tokkotti walitti funaanee wal-maddii qabne, inni tokko isa kaan tumsuu isaa hubanna. Dhimma waa'ee diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, seeraa, waa'ee lubbuu, hariiroo addunyaan waliin qabdu, waa'ee amantii, waa'ee naamusaa, akkaataa waliin jireenyaa fi kkf hunda irraa keeyyatoota dubbatan yoo ilaalle; ergaan isaanii kan dhumaa kan wal-deeggaruu fi wal-tumsu ta'uu isaa hubanna.

Amma yeroo waa'ee hadiidaa kana dubbannu, suuraa guutuu maqaa sibiila kanaatiin moggaafamte argine. Akkasumas keeyyata suuraa Saba kan olitti dubbanne sanis ni yaadanna. Keeyyanni sunis tola Rabbi nabi Daawudiin irratti oole nuuf himti. Sunis sibiila (hadiida) jedhamu kana isaaf laaffisuun!! Bifuma kanaan ammas seenaa Zul Qarneeyni nama jedhamuu, kan garee cunqurfamtootaatti lallabee, duultota irraa isin tiksaa sibiila kana naaf fidaa jedheenis ni yaadanna:

ءَاتُونِي زُبَرَ الْحَدِيدِ حَتَّىٰ إِذَا سَاوَىٰ بَيْنَ الصَّدَفَيْنِ قَالَ انْفُخُوا حَتَّىٰ إِذَا جَعَلَهُ نَارًا قَالَ ءَاتُونِي أُفْرِغَ عَلَيْهِ قَطْرًا

﴿٩٦﴾ فَمَا اسطَعُوا أَن يَظْهَرُوهُ وَمَا اسْتَطَعُوا لَهُ نَقْبًا ﴿٩٧﴾ الكهف: ٩٦ - ٩٧

[Kutaa sibiila hadiidaa irraa ta'e naaf fidaa (jedheen Zul Qarneeyni). Sibiila kana qarqara afaan boolla/gaarren lamaanii irra kaayanii wal-qixxeessanii jennaan, (Zul Qarneeyni) ibidda itti afuufaa jedheen. Sibiilli hadiidaa kun hundi ibidda ta'ee jennaan, albuuda Kopparii jedhamu naa fidaa irratti baqsaa jedheen. Yeroo san irraa eegalee (Ya'ajuuji

*fi Ma'ajuu] boolla san keessaa ol bayuu hin dandeenne, jalaanis qotanii kuffisuu hin dandeenne] (al\_Kahf: 96-97).*

Keeyyanni biraas, dhimmuma uf tiksuu kana sirritti ibsuudhaaf, gareewwan Islaamaatiif yaamicha akkana jedhu dhiyeessee jira:

الْحَرُونَ الذُّجَانُ الْمَائِيَّةُ الْخَوَاطِئُ مَحْسُودٌ الْبَنَاتُ الْمُحَرَّرَاتُ فَتِ الدَّارَاتِ الطُّورِ الْبَحْرِ  
الْقَبْرِ الرَّحْمِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ  
الْمُرْتَلَاتِ الْأَنْفَالِ: ٦٠

*[Haga dandeettaniin humnaa fi guluffii Faradootiin isaaniif uf qopheessaa, akka (humnaa fi guluffii saniin) diina Rabbii, diina keessanii fi diinota isaan duubaan jiran kan isin hin beekne kan Rabbi (diinummaa) isaanii beeku sodaachiftaniif] (Al-Anfaal: 60).*

Namni Muslimaa fi gareen Muslimtoota hadiida kana, meeshaa dheedhii keeyyatoota Qur'aanaa heddu keessatti dubbatamee suuraan guutuun maqaa isaatiin moggaafame kana akka meeshaa bu'uuraa humna namaa deebisuu fi diinota addunyaa ammaa kan namni humna hin qabne keessatti cunqurfamee gabroonfatamu keessa jiran ittiin sodaachisuuf itti fayyadamanii jennaan; ciminaa fi gahumsa isaanii ni deeffatu. Jajjabinni gama sibiila kanaatiin argamu kun yeroo hundaa sadarkaa guddina teknolojiitiin hidhata guddaa qaba.

Wanti nurratti dirqama ta'u kan nuti irratti fuulleffachuu qabnu, walitti dhufiinsaa fi wal-keessa seeniinsa cimaa keeyyata waa'ee sibiila hadiidaa kana dubbatuu keessa jiruudha. Innis: hariiroo jidduu ergamtoota erguu, isaaniif kitaaba buusuu, wal-

qixxummaan jidduu namaatti akka babal'atuuf madaala dhaabuu fi hadiida jajjaba ta'e kana samii irraa namaa buusuu jidduu jiru sirritti hubachuu qabna. Kuni hunduu kan ta'eef, Rabbi nama Isaa fi ergamtoota Isaatiif tumsu addaan baasuufi, Rabbiin jajjaba, danda'aadha.

Kan kana hunda nu barsiisu, aqiidaa teenna tan ilma namaa akka inni dachii keessa waan jiru qoratee akka irraa fayyadamu godhuu beeytu, tan akka inni albuuda isii keessa jiru hunda baasee dachii ittiin kunuunsu ajajjuudha. Nama Muslimaa tokko kan isaaf tumsuu fi isa tiksuu harka isaa ka akkaataa hadiida qoratee itti argatuu fi tikafamuu, guddinaa fi ittiin tumsa argachuuf akkamitti akka itti fayyadamu beeku qofa.

Namni Muslimaa bakkee isaan malu kan yeroo hundaa qabsoo si'aa'aa keessa isa jiraachisu kana dhiisee, tattaaffii godhuu dhiisee, dheessuu fi cal-jedhee gargaarsuma Rabbii qofa eeggachutti yoo deebi'e, gocha isaa kanaan ajaja aqiidaas faallessee jira. Muslimoonni osoo waggoota hedduuf Masjida keessattis uf hidhanii achii gadi bayuu baatanii booyanii Rabbii ufii kadhataa oolaniillee, haala yaamicha Qur'aanaa kan bu'uuraalee humnaa fi jajjabinaa kanatti fayyadamaa jedhee sagalee guddaan namatti lallabu kana dhagayuu dhabaniin injifatamuun isaanii waan shakkii tokkos hin qabne.

Yaamichi hawaasa Muslimaa kan teknolojiin deeggarame hundeessuu fi gadaa teknolojii Islaamaa eegaluu jedhu kun waan haaraya osoo hin taane, homa Qur'aanni keenna dursa nuuf himee ture irra deebinee cimsuu fi yaamicha sammuu Muslimootaa irra deebinee qaruu qabna jedhu san, akka namni Muslimaa jijjiiramoota gurguddoo addunyaa keessatti jiran

hubachuu irratti cimaa ta'uuf, akka inni jireenya Islaamaa fooyyessuu fi tiksuu danda'uuf, akkasumas qoqqoodamiinsaa fi diinummaa hambisuufi.

Teknolojiin Islaamaa kan Rabbitti amanuun hidhata qabu kun akka sadarkaa hawaasa Islaamaatti qofa osoo hin taane, cufuma guutuu dhala namaatiif dhimmi baay'ee barbaachisaadha. Wanti kana jenneefis, teknolojiin Islaamaa kun akkamitti akka sosocho'u, safuu amantii fi namummaa fi qajeelluma Rabbii guddaa irraa dhufe akkamitti akka seeraan akka itti dhimmi bayu, dhala namaa dhugumaan cubbuu teknolojii warra roorristootaa, diddootaa, warra gosummatti amananii fi uffitummaan guutameetiin miidhaman akkamitti akka tajaajilu waan beekuufi.

Sammuun nama Muslimaa inni haaroyni qarame kun anniisaadhan haguuggiin irraa saaqamee fi seerota saayinsii aniisaa namaa gara sosochii, hojii fi waa kalaquutti jijjiiran faana bu'uun irraa fayyadamuu qaba. Turtii yeroo irraa fayyadamee imala guddinaatti dhaqqabuu fi dorgomaa ta'uuf jecha kutannoon hojjachuu qaba. Amantiin Islaamaas namni dhugumaan Rabbitti amane tokko akka yeroo isaa saamatuu fi akka dorgomaa injifataa ta'u waan ajajuufi.

Jaalannus jibbinus, nuti gara marattuu injifatamuu aqiidaa keennaatiif, dadhabina siyaasa keennaatiif, duubatti hafiinsa qaroomaatiif itti gaafatamtoota. Yaaliiwwanii fi tattaaffiiwwan ummatootaa fi hawaasonni biraa taassisantu kuufaatii fi injifatamuu kanaan nu gaye jechuun ilaalcha fudhatama hin qabne. Hojii mataa keennaa malee homtuu nu hin

baasu. Iddoo keenna ka durii sanittis itti gaafatamummaa keenna guututti baachuun alatti homtuu itti nu hin deebisu.

Qur'aanni kabajamaan iddoowwan hedduutti, ummanni Muslimaa fi kan Muslima hin ta'inis itti gaafatamummaa waan ufii dalagee Rabbii fi seenaa fuuldurattis akka baadhatu irra deddeebi'ee nuuf hima. Amantiin Islaamaa akkuma sadarkaa dhuunfaatti namni tokko dalagaa isaa irraa gaafatamuu ibsu, ummatoota fi hawaasnis itti gaafatamummaa waan dalaganii ni baadhatu:

الْمَجْرُومِ الْخَرُوفِ الدُّجَانِ الْبَائِيَةِ الْاِخْوَالَ مَحْسَبِ الْبَيْتِ الْمَخْرَجِ فَتِ الدَّارَاتِ الْبَلَدِ  
 الْبَيْتِ الْقَبْرِ الْخَرُوفِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ الْوَالِدِ  
 الْعَبَائِ الْفَلَاقِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ الْبَيْتِ  
 الْقِيَامَةِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ الْاِسْتِ  
 الْفَلَاقِ الْبَقَرَةِ: ٢٨٦

[Rabbi Lubbuu tokko dandeettii isiitii ol waa itti hin baachisu ykn dirqama wayii irra hin kaayu. Wannii (gaariin) dalagde isimaa fi (badaan) dalagdes isima miidha. Rabbii keenna yoo daganne ykn yoo dogongorre nu hin qabin. Rabbii keenna dalagaawwan ulfaato akka warra nu duraa irratti baachiftee nutti hin baachisin. Rabbii keenna waan nuti baachuu hin dandeenne nutti hin baachisin] (al-Bqarah: 286).

تِلْكَ أُمَّةٌ قَدْ خَلَتْ لَهَا مَا كَسَبَتْ وَلكُمْ مَا كَسَبْتُمْ وَلَا تُنْشَئُونَ عَمَّا كَانُوا يَعْمَلُونَ ﴿١٤١﴾  
 البقرة: ١٤١

[sun ummata (isin dura) dabre. Isaaniif waan dalagatantu jiraaf, isiniifis waan isin dalagattantu isiniif jira. waan (ummanni isin duraa) dalagaa turan irraa hin gaafatamtan] (al-Baqarah: 141).

Kanaan duras Muslimoonni dirree waraana Uhud irratti gaafa injifataman, sababaan injifatamiinsi hin eeggamneef saaxilamaniif maal akka ta'e wal-gaafatanii jennaan, Rabbiin akkana jechuun isaaniif deebii deebise:

أَوْلَمَّا أَصَبْتُمْ مَوْصِيْبَةً قَدْ أَصَبْتُمْ مِثْلَهَا قُلْتُمْ أِنَّا هَذَا قُلْ هُوَ مِنْ عِنْدِ أَنْفُسِكُمْ إِنَّ اللَّهَ عَلَى كُلِّ

شَيْءٍ قَدِيرٌ ﴿١٦٥﴾ آل عمران: ١٦٥

[(Gaafa lola Uhud) balaan akka gaafa (lola Badrii isin Mushrikootarraan geettanii) isin hubee jennaan, akkamitti injifatamne jettanii gaafattan. Jedhiin (yaa Muhammad) balaan kun isinuma biraayyi (sababa ajaja ergamaa Rabbii diddanii boojuu walitti qabatuuf fiigdaniif)] (Aala Imraan: 165).

Gama marattuu furtoon furmaataa harka keenna jira. yoo dirreewwan qorannoo fi shaakallii (laboratory) mataa keennaa uumannee sammuu keennaan hojiin hin argamsiisin, yoo meeshaa waraana mataa keennaa oomishnee harka keennaan itti fayyadamuu hin danda'in, yoo sammuu keenna sirritti qarree akka amantiin Islaamaa isii irraa barbaadutti hin hojjachiisin, addunyaa kana keessatti kaartaa fi iddoon kamiyyuu nuuf hin jiraatu. Haala amma cal-jennee teennu kanaan osoo waggaa kumas Rabbuma qofa faarsaa isuma qofa gabbaraas turree raajiin addaa nuti fiduu dandeenu tokkos hin jiru.

Morki dhugaa kan ganamaaf galgala fuul-dura keenna dhaabatee jiru isa kana. Akkaataan deebii morka kanaas gama

Qur'aana Rabbiitii fi Hadiisa ergamaa Isaatiin (*nagayaa fi tolli Rabbii isaan irratti haa jiraatuu*) kana fakkaata. Deebiin isa kana.

# Kitaabni Kun

Rakkinoota sammuu Muslimaa irra gayan kan akka inni galma silaa barbaadu bira hin geenne ittisan addaan baasee qorata. Eega Qur'aanni fi barnoonni ergamaa Rabbii irraa inni argate addunyaa hunda ibsee dukkana keessaa baase booda dhukkuba maaliitu akka isa hubee ifaa dur namaaf ta'u san akka irraa fudhate qorata.

Osoo gahee wantoonni biraa taphatanis hin xiqqeessine, sammun nama Muslimaa irra deebiin bocamuu akka qabdu ibsa. Ilmi namaa kun waan tokkoomaa jibrii wal-xaxaa wayiitiin wal-keessa seensifamee hidhame waan ta'ee, isa addaan kukkutuun, hiikuu fi gar-gar baasuun, ykn kutaa isaa garii fudhatuun isa hafe dhiisuun waan hin danda'amneedha. Kanaafuu jijjiiramni gar gar addaan qooduu ykn ejjannoon walakkaa kutaa isaa irratti xiyyeeffachuun isa biraa haa dhiifnu jechuu kanarratti hin hojjatu.

Kitaabichi hubannoo Muslimoonni baay'een waa'ee jijjiiramaa irratti qaban sirreessuuf yaalii taasisa. Ilaalcha hanquu jijjiirama jechuun sonoota afuuraa haaroomsuu qofa ykn naamusaa fi amallan gaggaarii amantaan Islaamaa itti nama yaame irra gadi dhaabachuu qofa jedhu sirreessutti nama yaama.

Kitaabichi sammuu ummata Islaamaa irra deebiin bocuu, addunyaa xiinxala isaa ijaaruu fi boca duudhaa isaa suphuutti yaama. Kunis dhimma sammuu Muslimaa kan yeroo dheeraaf hubannoo ummataa keessaa hafee beektotaa fi xiinxaltoonni itti nama yaamuun yoomiyyuu caalaa ammatti barbaachisaa ta'ee argame irratti kitaabichi gumaacha guddaa kennuu agarsisa